`

# Ittisaa fi Too’annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu: Seeraa fi Qabatama Naannoo Oromiyaa

**Qorattootni:** **Umar Fiixoo**

**Waaqgaarii Dullumee**

**Gulaaltotni:** **1. Obboo Sulxaan Abdoo**

**2. Obboo Siisaay Tasfaayee**

**3. Obboo Geetaachoo Kabbadaa**

***Waxabajjii, 2015***

***ILQSO, Adaamaa***

## Gabaajeewwan

| | |
|---|---|
| A/A | Abbaa Alangaa |
| A/S | Abbaa Seeraa |
| A.L.A | Akka Lakkoofsa Awurooppaa |
| A.L.I | Akka Lakkoofsa Itoophiyaa |
| BAAWO | Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa |
| Dh. Ijib | Dhaddacha Ijibbaataa |
| IOM | International Organization of Migration |
| ILQSO | Inistitiiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa |
| ILO | International Lobour Organization |
| Kwt. | Keeyyata, Keewwata |
| KPO | komishinii poolisii Oromiyaa |
| Lak. | Lakkoofsa |
| Lak.Galm. | Lakkoofsa Galmee |
| MM | Mana Murtii |
| MMO | Mana Murtii Ol'aanaa |
| MMWF | Mana murtii waliigala Federaalaa |
| MMWO | Mana Murtii Waliigala Oromiyaa |
| UNICEF | United Nation International Children's Emergence Fund |
| Ykn | Yookiin |
| Lak. Galm. | Lakkoofsa Galmee |
| UN | United Nations |
| UNODC | United Nations Office on Drugs and Crime |

**Jechoota Ijoo**: *Namootaan Daldaluu, Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu, Tumsa Gamtaa, Mana Marii, Ittisaa fi Too'annoo*

***Baafata***

*Baafata* ........ II

GUMEE QORANNOO ........ 1

1.1. Seen-Duubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Hima Rakkoo Qorannichaa ........ 4

1.3. Gaaffilee Qorannichaa ........ 7

1.4. Sakatta'iinsa Hoog-barruu ........ 7

1.5. Kaayyoo Qorannichaa ........ 9

1.5.1. Kaayyoo Gooroo ........ 9

1.5.2. Kaayyoo Gooree ........ 9

1.6. Mala Qorannichaa ........ 10

1.7. Faayidaa Qorannichaa ........ 12

1.8. Daangaa Qorannichaa ........ 13

1.9. Hanqina Qorannichaa ........ 13

1.10 Caaseffama Qorannichaa ........ 13

BOQONNAA LAMA ........ 14

NAMOOTAAN DALDALUU FI NAMOOTA KARAA SEERAAN ALAATIIN DAANGAA CEESISUU: HAALA WALIIGALAA ........ 14

2.1. Maalummaa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu ........ 14

2.2. Garaagarummaa fi Walfakkeenya Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu ........ 19

2.3. Ka'umsa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Dangaa Ceesisuu ........ 21

2.4. Miidhaa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu ........ 23

2.5. Uwwisa Seeraa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu ........ 25

BOQONNAA SADII ........ 29

XIINXALA DAATAA ........ 29

3.1. Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan ala Daangaa Ceesisuu Irratti Xiinxala Seeraa ........ 29

3.2. Hojiiwwan Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuuf Hojjetamaa Jiran ........ 38

3.2.1. Sadarkaa Federaalaa ........ 38

3.2.2. Sadarkaa Naannoo Oromiyaa ........ 41

3.3. Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namaan Daladaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuun Walqabatee Hanqinoota Jiran ........ 44

3.3.1. Hanqina Hubannoo ........ 45

3.3.2. Hanqina Qindoominaa ........ 52

3.3.3. Manni Maree fi Tumsi Gamtaa Naannoo Seeraan Hundaayuu Dhabuu ........ 55

3.3.4. Hanqina Qulqullina Qorannoo Yakkaa ........ 57

3.3.5. Caasaan Ittisaa fi To'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan ala Daangaa Ceesisuu irratti Hojjatu Qaamolee Haqaa Keessatti Hundaayuu Dhabuu ........ 61

3.3.6. Hanqina Too’annoo Balbala Bahiinsaa Daangaa Biyyaa (Lack of Border Control) ................ 61

3.3.7. Rakkoo Jireenyaa fi Hojii Dhabdummaa Furuu Dhabuu ......................................................... 62

3.3.8. Miidhamtoota Deebisanii Dhaabuu Dadhabuu ......................................................................... 63

BOQONNAA AFUR ........................................................................................................................... 65

GUNDUFAA FI YAADA FURMAATAA ............................................................................................ 65

4.1. Guduunfaa ................................................................................................................................ 65

4.2. Yaadota Furmaataa .................................................................................................................. 68

Maddoota Wabii ................................................................................................................................ 73

Maxxantuu ......................................................................................................................................... 80

# BOQONNAA TOKKO

# GUMEE QORANNOO

## 1.1. Seen-Duubee Qorannichaa

Godaansi fi sochiin namootaa taatee yeroo dheeraa fi guutummaa addunyaa keessatti raawwatamuu fi hambisuun kan hin danda'amnee dha. Dhiyeenya garuu dhimmichi haalaan dabalaa fi haala akkasumas kallattii jijjiirrataa dhufuun imaammatni cimaan dhimmicha irratti kan barbaachisu ta'aa dhufeera.[1] Akka gabaasa dhaabbata dhimma godaansa idil-addunyaa bara 2020 tti baay'inni namoota godaananii miliyoona 281 yoo ta'u; kun immoo dhibbentaa ummata addunyaa kanaa keessaa 3.60% ta'a.[2] Bara 2020 A.L.Atti godaansi kan bara 2019 irraa dhibbentaa (3.5%) 'n dabale. Baruma kana keessa galiin akka addunyaatti namoota irraa argame kan bara 2019tiin yoo walbira qabame dhibbentaa 2.4%n hir'ina kan agarsiise ta'us, akka addunyaatti galiin namoota godaanan irraa (remittance) argame doolaara biliyoona 702.[3] Kanarraa sosochiin ummataa fi godaansi karaa seeraatiin daangaa ceesisuun jiraachuun barbaachisaa ta'uu namatti agarsiisa.

Gochi namootaan daldaluu (trafficking in persons) fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu (smuggling of migrants) yakkoota idil-addunyaa irratti babal'achaa dhufanii fi xiyyeeffannoollee argataa dhufanii dha. Sadarkaan isaa wal haa caalu malee biyyoonni addunyaa gochoota kana irraa bilisa ta'an hin jiran jechuun ni danda'ama. Namootaan daldaluun gabrummaa hammayyaa akka ta'etti dubbatama. Akka waliigalaatti adeemsa namootni dhuunfaa haala faayidaa irra oolu keessatti kaa'aman yookiin bu'aa diinagdee irraa argachuuf itti tursiifaman akka ta'etti hubatama.[4]

Akka idil-addunyaatti hiikni namootaan daldaluu waliigaltee irra kan gahame bara 2000 keessa. Kunis pirootokoolii daldala namootaa, keessattuu kan dubartootaa fi daa'imman ittisuu,

---

[1] Mc Auliffe, M. and A. Triandafyllidou (eds.), 2021.*World Migration Report 2022*, International Organization for Migration (IOM), Geneva.
[2] World Migration Report, 2020
[3] olitti yaadannoo lak.1
[4] United Nations New York and Geneva, 2014. Human Rights and Human Trafficking Fact Sheet No.36

dhaabsisuu fi adabuuf konveenshinii dhaabbata mootummoota gamtoomanii yakka gurmaa'e keessatti tumameera.[5]

Namootaan daldaluu jechuun humna, ykn gocha dirqisiisuutti fayyadamuun hojii humnaa ykn saalquunnamtii dabalataa raawwachuun seeraan ala namoota qacaruu, geejjibsiisuu ykn keessummeessuu dha.[6] Daldalli namaa fi godaansi seeraan alaa biyyoota addunyaa kanaa hunda keessatti kan raawwatamu ta'ee; kanneen heddumminaan gocha kanaaf saaxilamoo ta'anii fi miidhaman garuu kanneen biyyoota hin guddatin keessa jiraatanii dha.[7] Namootni godaansa seeraan alaatiif itti xiyyeeffataman baay'inaan kanneen mallattoolee saaxilamummaa, dadhabinaa fi fayyaalummaa/gowwoonfamuu danda'anii dha.Kunis, daldaltootni miidhamtoota haala namootaan daldaluu sossobuuf itti fayyadamu. Kanaafis, fakkaata akka gabaasa Waajjirri Qorichaa fi Yakkaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (United Nations Office on Drugs and Crime (UNODC)tti, qaamolee idil-addunyaa ijoo dhimma namootaan daldaluu ilaalan keessa isa tokkootti, namoota 10 keessaa shan dubartoota, sadii ijoollee dhiiraa fi dubaraa, lama ammoo namoota dhiiraa akka ta'an agarsiisa.[8]

Akka dhaabbileen mirga namoomaa jedhanitti waggaatti namootni miliyoona 40 ta'an sababa namootaan daldaluu fi godaansa seeraan alaatiin rakkatu.[9] Daldaltootni namoota miidhaman kana gocha seeraan alaa humnaa fi meeshaalee sodaachisoo biroo fayyadamuun kaayyoo dabalataaf fayyadamuudhaan namoota bobbaasuun, geejjibsiisuu fi keessummeessuun faayidaa dhuunfaaf itti fayyadamu. Namootaan daldaluun bifa hedduu qabaachuu danda'a. Haalota baay'ee keessatti miidhamtootni gosoota faayidaa fi miidhaan adda addaa kan isaan mudatu ta'ee, kunis faayidaa saalaa, hojii humnaa, ykn gabrummaa mana keessaa kan dabalatu ta'ee isaan kana qofattis kan daanga'u miti.

---

[5] Protocol to Prevent, Suppress and Punish Trafficking in Persons Especially Women and Children, supplementing the United Nations Convention against Transnational Organized Crime Adopted and opened for signature, Ratification and accession by General Assembly Resolution 55/25 of 15 November 2000. ["Anti-Trafficking Protocol"], Art.3

[6] olitti yaadannoo lak. 4

[7] akkuma olii

[8] Human Trafficking Statistics and Facts, https://www.developmentaid.org/news-stream/post/130906/human-trafficking-statistics-and-factsaccessed on 11/24/2022.

[9] akkuma olii

Akka dhaabbatni hojjetaa idil-addunyaa (ILO) tilmaametti waggaa waggaan namootni miliyoona 40 ta'an hojii humnaa ykn gaa'ela dirqii keessa jiran miidhamtoota namootaan daldaluu akka ta'anii dha.[10]

Gara Itoophiyaatti yoo deebinu, waggoota shanan dabran (bara 2017 irraa kaasee hanga bara 2022tti) keessatti namootni lakkoofsaan gara 839,000 ta'an gara biyya alaatti akka godaanan ragaan ni agarsiisa.[11] Kanneen keessaa dhibbentaa torbaatamii saddeet (78%) kan ta'an umriin isaanii waggaa 15-29 gidduutti argamu. Kanneen keessaa 31% kan ta'an gara biyya Sa'uud Arabiyaatti kan godaanan yoo ta'u; biyyootni akka Afrikaa Kibbaa, Immireetii Gamtaa Arabootaa (United Arab Emirates), Ameerikaa fi Yaman iddoo gahumsa namootaa isaan beekamoodha.[12] Godaansi gara biyyoota Arabaatti taasifamu heddumminaan karaa seeraan alaatiin waan ta'eef, godaantotni rakkoo fi balaa gara garaatiif saaxilamu. Fakkeenyaaf, bara 2013 Sadaasa irraa hanga bara 2014 Bitootessa A.L.I tti tilmaamaan Itoophiyaanota 168,000 mootummaan Sa'uud Arabiyaa biyya ishee irraa baasuun gara biyyaatti akka deebi'an taasiftee jirti. Kanneen keessaa harki 3/4ffaan *namoota karaa seeraan alaatiin bahanii* dha.[13] Godaantotni Itoophiyaa karaa al-idilaawaatiin deeman salphumatti namoota namootaan daldaluu irratti bobbaa'anii fi karaa seeraan alaa namoota daangaa ceesisaniif saaxilamuun balaa qaamaa fi balaa saalqunnamtii fedhii alaa, akkasumas saamicha sadarkaa hundatti raawwatamu, [yeroo filannoo, qacarrii, imala irratti, bakka gahanitti, iddoo hojii fi yeroo deebii] irratti isaan quunnama.[14]

Namootaan daldaluun Itoophiyaa keessatti irra caalaa namoota gowwoomsuu, dirqisiisuun geejjibsiisuun, achiis faayidaa adda addaatiif akka oolan gochuu dha.[15] Akka biyyaatti rakkoo kana ittisuuf tarkaanfiiwwan pirootokoolota idil-addunyaa mallatteessuu, heera irratti tumuu, labsiilee garaagaraa tumuu, dhaabbilee idil-addunyaa godaansa irratti hojjetan waliin hojjechuun,

---

[10] Stephen J. Winkler Policy Research Working Paper 9623 (2021), Human Trafficking: Definitions, Data, and Determinants.
[11] More than 800,000 Ethiopians Migrated abroad over the Past Five Years, https://ethiopia.iom.int/news/over-800000-ethiopians-migrated-abroad-past-5-years-labour-migration-survey-finds.
[12] akkuma olii
[13] Gabaasa dhaabbata Godaansa Idil-Addunyaa 2017a, Jeneevaa.
[14] Bulchiisa Bobbii hojii seera qabeessa jajjabeessuu, Bu'aa Sagantaa, (Finfinnee, Waajjira ILO Biyyoolessa Itoophiyaa, Jibuutii, Somaliiyaa, Sudaan fi Sudaan kibbaa fi Bakka bu'aa Addaa Gamtaa Afriikaa (AU) fi 'ECA'2017.
[15] Wakgari G. Causes and Consequences of Human Trafficking in Ethiopia: The Case Of Women in the Middle East. International journal of gender and Women's Studies. 2014, 2(2), 233–46.

biyya keessatti qaamota addaa adda ijaaruun (mana maree biyyooleessa dhimma ittisaa fi too'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fi tumsa gamtaa) dhaabuun dhimmicha ittisuuf yaalii taasifamaa kan jiru ta'us, rakkinnichi bal'inaan kan mul'atuu dha.

Kana malees, sadarkaa Naannoo Oromiyaattis, Wixinee Dambii Hundeeffama Mana Maree fi Tumsa Gamta, Ittisaa fi Too'annoo Yakka Namootaan Daldaluu fi Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu qophaayee mirkanaayuuf adeemsa eeggataa kan jiruu dha. Wixineen dambii kun bara 2014 keessa qophaayee bara 2015 kana keessa immoo fooyya'ee mana maree bulchiinsa naannichaatiif kan ergame ta'us hanga ammaatti kan hin mirkanoofne waan ta'eef haala barbaadamuun hojiitti galuun kan hin danda'amne akka ta'e ragaaleen jiran kan agarsiisanii dha. Kun immoo qorattootni dhimma kana gadi fageenyaan akka ilaalan kan taasisuu fi dhimmicha akkamiin ittisuu fi to'achuun danda'ama kan jedhu irratti qorachuun yaada furmaataa akeekuun barbaachisaa ta'uu namatti agarsiisa.

### 1.2. Hima Rakkoo Qorannichaa

Namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun dubbii ijoo addunyaa yeroo ammaati. Amala isaatiin dhimmichi dhokataa ta'uu irraa kan ka'e hangi namoota gochaa kanaan miidhamanii sirriitti beekkamuu kan hin dandeenye ta'us; rakkoowwan iddoo gahumsaa irratti miidhaa irra gahaa jiru irraa ka'uun biyya Sa'uud Arabiyaa qofa keessatti lammiileen Itoophiyaa 750,000 ta'an rakkoo kanaaf saaxilamanii kan jiran ta'uun beekameera.[16] Dhaabbatni Godaansaa Idil-Addunyaa (IOM) bara 2017 irraa eegaluun hanga bara 2021tti namoota gara Itoophiyaatti deebiyan galmeessaa kan ture yoo ta'u, namootni 425,000 akka deebiyan odeeffannoon jiru ni agarsiisa.[17] Bara 2017 hanga bara 2022 Sa'uud Arabiyaa irraa godaantotni deebi'an immoo lakkoofsi isaanii 519, 000 akka ta'an qorannoon dhaabbata kanaa ni agarsiisa. [18]

---

[16] Af-gaaffii Aaddee Faantaayee Taaddasaa, Daayirektera Daayirektoreetii Babal'ina Bobba'iinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaa; obboo Geetachoo Guddisaa, Dursaa Garee Bobbahinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaaa waliin gaafa 13/03/2015 gaggeeffame

[17] Return of Ethiopian Migrants from the Kingdom Of Saudi Arabia Annual Overview 2021.IOM Regional Office for the East and Horn of Africa.

[18] Return of Ethiopian Migrants from the Kingdom of Saudi Arabia, Annual Overview 2022 , IOM Regional Office for the East and Horn of Africa at https://eastandhornofafrica.iom.int/sites/g/files/tmzbdl701/files/documents/IOM_RDH_KSA_Annual_Overview_2022.pdf

Gama biraatiin, barreeffama gabaabaa Ministeerri Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa bara 2013 ALI tti leenjii hubannoo dhimma daa'immaniin daldaluun (Child Trafficking) walqabatee qopheesse irratti naannoolee godaansi keessatti heddummatu Naannoo Oromiyaa akka ta'e ibsameera. Akka barreeffamni hubannoo kennuuf qophaa'e kun agarsiisutti, daa'immaniin daldaluun Naannoo Oromiyaa keessatti dhibbeentaa 66 (66%) yoo ta'u, kan Naannoo Amaaraa dhibbentaa 21 (21%) dha.[19] Bal'ina lafaatiinis ta'e baay'ina ummataan Naannoon Oromiyaa naannolee biroo kan caalu ta'us, daa'immaniin daldaluun akkasitti naannoole biroo dhibbentaa guddaa ta'e kanaan caaluun akka rakkootti kan fudhatamuu dha.

Akka gabaasni IOM jalqaba ji'a ammaajjii 12 bara 2023 maxxanfame tokko agarsiisutti jalqaba ji'a ammajjii bara 2021 hanga dhuma bara 2022tti qofa lammiileen Itoopphiyaa biyya Sa'uud Arabiyaa irra gara biyya Itoophiyaatti deebifaman waliigalaan godaantota 77, 159 yoo ta'an kanneen keessaa 44% Naannoo Amhaaraa 31% Naannoo Oromiyaatti, 18% Naannoo Tigraayitti deebifamuuf kan fedhan turan.[20]

Gama biraan, waggoottan kurnan darban dhimma namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti hubannoon kennamaa kan ture ta'us, akka barbaadametti jijjiiramni dhufuu akka hin dandeenye ogeessotni Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa irraa dubbifne ibsaniiru.[21] Namni rakkoowwan namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti muudatan osoo arguu mootummaan yeroo biyya alaatii deebisu karaa biraatiin ammoo biyyaa bahuuf kan deemu akka ta'e ragaaleen ni agarsiisu. Kun immoo rakkoo waan ta'eef akkamitti dhimmi kun ittifamuu fi too'atamuu danda'a kan jedhu irratti qorachuun yaada furmaataa dhiyyeessuun murteessaa dha.

Akka idil-addunyaatti konveenshiniiwwanii fi pirootokoolonni dhimmoota kanneen irratti bahanii jiru.[22] Gama biraan, akka biyyaatti ammoo Heera Mootummaa [23] irraa kaasee seerootni

---

[19] ሙሉአለምታደሰሀዳር 2013; ህፃናትንከህገ-ወጥዝውውር ለመታደግ ይቻል ዘንድ ወይይት ለማድረግ የሚረዳ መነሻ ጹሁፍ.
[20] Migration along the Eastern Corridor, IOM Regional Office for the East and Horn of Africa, Report 33 As of 30 November 2022 )( Publication 2023
[21] olitti yaadannoo lak.16
[22] Protocol to Prevent, Suppress and Punish Trafficking in Persons, Especially Women and Children, supplementing the United Nations Convention against Transnational Organized Crime, Protocol against the Smuggling of Migrants by Land, Sea and Air, supplementing the United Nations Convention against Transnational Organized Crime;The ILO Abolition of Forced Labour Convention (Convention No. 105 of 1957) fa'a akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

adda addaa kallattiin dhimmicha ilaallatan bahanii jiru. Namootaan daldaluu fi seeraan ala namoota daangaa ceesisuun lubbuu fi nageenya lammiilee miidhaa guddaaf saaxilaa jiraachuu irraa ka'uun gama seeraan gochicha ittisuu fi too'chuuf akka biyyaatti seerotni tumamaa turaniiru. Yeroo ammaatti labsiin dhimmicha bitu labsii lak.1178/2020 yoo ta'u, labsii kana keessatti gurmaa'insaaleen adda addaa dhimmicha to'achuuf gargaaru jedhaman teechifamaniiru.

Fakkeenyaaf, labsicha lak. kwt.33 irratti manni maree biyyoolessaa dhimmicha irratti hojjetu hundeeffameera. Manni marichaa itti aanaa muummicha ministeeraan kan hoogganamu ta'ee, ministeerota adda addaa akka miseensaatti hammatee jira.[24] Labsichi akka naannoottis manni maree walfakkaatu kan pirezidaantii mootummaa naannootiif itti waamamu hundaa'uu akka danda'u tumeera. Labsichi mana maree walfakkaatu akka naannootti hundeessuu dirqii gochuu baatus kan hayyame waan ta'eef caasaan akkasii jiraachuun dhimmichaaf xiyyeeffannoo kennuuf gaarii dha. Gama biraan, labsichi tumsa gamtaa dhimmicha irratti hojjetu akka federaalaatti kan Ministeera Haqaatiin hoogganamu hundeessee jira.

Bifuma walfakkaatuun akka naannoottis labsicha sirnaan hojiirra oolchuuf kan gargaaru waan ta'eef, tumsi gamtaa walfakkaatu hundeeffamuu akka qabu tumeera.[25] Haa ta'u malee, hanga ammaatti dambiin dhimma kana hojiirra oolchuuf akka Naannoo Oromiyaatti mana maree fi qaama tumsa gamtaa kana hundeessuuf bahe sadarkaa wixineerra jira malee bahee hojiirra hin oolle. Kana ta'uun ammoo dhimmicha haala barbaadameen gareen hundaa'ee qindoominaan hojjechuu irratti rakkoo ta'eera.

Akka labsii lak.1178/2020 tti, dhimmi yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun bu'uuraan aangoon isaa kan federaalaati. Kana jechuun naannoon yeroo bakka bu'insi kennameef irratti hojjeta jechuu dha. Bakka bu'insi dhimmicharratti kennamus bajataan

---

[23] Heera Mootummaa Federaalawaa Diimookiraatawa Riippaabiliikii Itoophiyaa Labsii Lak. 1/1995 kwt.18(2) irratti akka taa'etti namni kamiyyuu, garbummaadhaan yookiin dirqamaan akka tajaajilu too'atamuu akka hin dandeenye tumameera. Itti dabaluudhaan namootaan daldaluun kaayyoo kamiifuu yoo ta'e dhoorkaa akka ta'e ibsameera.

[24] Tumaan labsii lak. 1178/2020 kwt.33(3) akka armaan gadii jedha; *"The National Council shall be chaired by the Deputy Prime Minister and shall composes the Federal Attorney General, the Ministry of Foreign Affairs, the Ministry of Peace, the Ministry of Labor and Social Affairs, the Refugees and Returnees Affairs Agency, the Ministry of Women's, Children's and Youth Affairs, the Commission of Job Creation, the Ministry of Health, the Federal Police Commission, the National Bank, the Central Statistics Agency, the National Intelligence and Security Services, Regional Governments, the Civil Societies Agency, Religious Institutions, and other concerned bodies to be nominated by the Deputy Prime Minister."*

[25] Proclamation No.1178/2020, Prevention and Suppression of Trafficking In Persons and Smuggling of Persons, Article 35(5).

deeggaramuu irratti hanqinni akka jiru af-gaaffiin qorannoo duraa Abbootii Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa waliin taasifame ni agarsiisa.[26] Gama biraatiin, yakkoota dhimma kanaan walqabatanii raawwataman qorachuu, himachuun fi murtii kennuu irratti hubannoon labsicha irratti jirullee hanqina kan qabu ta'uun ka'eera. Kana malees, xiyyeeffannoon gama mootummaan jiru hanqina akka qabu ogeessotni ni ibsu.[27] Kun ammoo labsicha sirnaan hojiirra oolchuufi yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ittisuu fi to'achuu irratti rakkoo uumaa jira. Rakkoowwan kanneen gadi fageenyaan qorachuun miidhawwan sababa yakkichaan lammiilee irra gahaa jiru ittisuun murteessaa waan ta'eef qorannoo kana gaggeessuun barbaachiseera.

### 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Qorannichi gaaffilee qorannoo armaan gadii deebisuu irratti kan xiyyeeffatee dha.

1. Ittisaa fi too'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun wal qabatee rakkoolee fi hanqinoonni jiran maali?
2. Ittisaa fi too'annoo yakkoota kanneenii irratti seerrii fi hojimaatni jiru maal fakkaata?

### 1.4. Sakatta'iinsa Hoog-barruu

Qorannoon kallattiidhaan mata duree kana irratti gaggeeffame jiraachuu baatus, walfakkeenya kan qaban qorannoowwan adda addaa gaggeeffamanii jiru. Fakkeenyaaf, Ababaw Minayee fi Waagaanesh A. Zallaqee mata duree "***Attitude, Risk Perception and Readiness of Ethiopian Potential Migrants and Returnees towards Unsafe Migration"*** jedhurrattti gaggeessaniiru. Qorannichi namoota gara fuula duraatti godaanuuf carraa ol'aanaa qabanii fi kanneen namootaan daldaluun karaa seeraan ala daangaa ceesifamanii deebiyan irratti kan gaggeeffamee dha. Qorattootni daataa qorannichaaf barbaachisu hirmaattota lakkoofsaan 1,726 ta'an irraa kan funaanan yoo ta'u, kanneen keessaa 991 biyyoota gidduu galeessaatti fi Afrikaa Kibbaatti godaananii deebi'an yoo ta'u, 735 immoo kanneen godaanuuf fedhii fi qophii qabanii dha. Daataan kun kan walitti qabame godinoota jaha irraa yoo ta'u, [Godinni lama naannoo sabaa fi

---

[26] Af-gaaffii Obboo Xilaahun Darajjee, Daayirekera Daayirektoreetii fi Siisaay Tasfaayee Qindeessaa Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa waliin gaafa 13/3/2015 taasifame.

[27] Af-gaafii Caaltuu Hasan, I/Gaafatamtuu Waajjira Boordii Dhiifamaa fi Mirga Namoomaa fi Tumsa Gamtaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Mahaammand Ziyaad, Abbaa Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa; Aaddee Faantaayee Taaddasaa, Daayirektera Daayirektoreetii Baballina Bobbahinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa; Geetachoo Guddisaa, Dursaa Garee Bobbahinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaaa waliin gaafa 13/3/2015 gaggeeffame.

sab-lammootaa fi uummatoota Kibbaa, godina lama Naanno Oromiyaa, godina tokko tokko naannoolee Amaaraa fi Tigiraay dha.]

Qorannichi ilaalchi isaan godaansa karaa seeraan alaatiif qaban maal akka fakkaatu xiinxale. Aragannoon qorannichaa irra caalaan hirmaattota qorannichaa Itoophiyaa keessatti carraan jireenya ofii fooyyeffachuuf jiru xiqqaa waan ta'eef, karaa kamiinuu ta'u gara biyyoota Baha Giddugalaa (Middle East) ykn Afrikaa Kibbaatti godaanuun gaarii akka ta'e agarsiisa. Kanneen takkaa godaananii deebi'anii fi kanneen godaanuu fedhan keessaa warri takkaa hin godaaniin godaansa karaa seeraan alaa akka filatan kan agarsiisuu dha.[28]

Barruun qorannoo eebbaa barumsa digirii lammaffaatiif Yunivarsitii Siivil Sarvisii Itoophiyaatti Girum Enkossa [29] tiin mata duree ***"Examining Causes and Consequences of Irregular Cross-Border Migration from Ethiopia: The Case of Jimma."*** jedhurratti gaggeeffame qorannoo dhimma godaansa seeraan alaatiin walqabatee yeroo dhiyootti gaggeeffame keessaa isa tokkoo dha. Qorannichi sababoota godaansa seeraan alaatiin gara biyya alaatti taasifamu akka Godina Jimmaatti namoota godaananii sababa adda addaatiin deebiyan 10 fi namoota 4[30] sekteraalee mootummaa dhimma godaansa seeraan alaa irratti rogummaa qaban waliin taasisuuni dha. Argannoon qorannichaas namootni jiruuf jireenya isaanii fooyyeffachuuf [economic impact], iddoo jiranitti carraa hojii dhabuu, hojii gaarii biyya alaatti nan argadha jechuun yaaduu, bu'aan qonna irraa argamu xiqqaa ta'uu, akkasumas rakkoo nageenyaa fi tasgabbii dhabuu siyaasaa fa'a ta'uu kan agarsiisuu dha.

Qorannoon biraa dhimma kanaan walqabatee jiru qorannoo eebba barnoota digirii 3ffaa isaaniitiif Dr. Lammaa Magarsaatiin mata duree "***Women Trafficking in Ethiopia and its Mitigation: The Case of Arsi Zone, Oromiya"***[31] jedhu irratti gaggeeffamee dha. Qorannichi dubartootaan daldaluun fi haala itti gochicha xiqqeessuun danda'amu irratti kan xiyyeeffatee dha. Qorannoon kun daangaan isaa dubartootaan daldaluu qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u,

---

[28] Abebaw Minaye and Waganesh A. Zeleke (2017), Attitude, Risk Perception and Readiness of Ethiopian Potential Migrants and Returnees towards Unsafe Migration.AHMR, Vol.3 No1, January-April 2017.

[29] Girum Enkoosaa (2020), Examining Causes and Consequences of Irregular Cross-Border Migration from Ethiopia: The Case of Jimma.

[30] Ogeessota 4, Ministeera Haqaa Federaalaa, Biiroo Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Dhaabbata Godaansaa Idil-Addunyaatti waajjira qunnamtii Itoophiyaa irraati.

[31] Lamma Magarsaa Wako (2020), Women Trafficking in Ethiopia and its Mitigation: The Case of Arsi Zone, Oromiya.

waa'ee namoota seeraan ala daangaa ceesisuu akka kaayyoo qorannichaatti qabatee kan ka'e miti. Karaa biraatiin, daangaan qorannichaas yoo ilaalle Godina Arsii qofa irratti kan gaggeeffamee dha.

Akka waliigalaatti qorannoowwan kunniin hog-barruu dhimmichaan walqabatan keessatti gumaacha isaanii kan dabalan ta'anis qorannoo ammaatiin garaagarummaa kan qabanii dha. Qorannoon ammaa rakkoowwan gama seeraan jiran (keessattuu labsii lakk.1178/2020) fi hojimaatni ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneeniin akka waliigalaatti (haala addaan immoo hojimaata qaamolee haqaa) maal akka fakkaatu kan sakatta'u ta'uun isaa qorannoowwan kanaan dura gaggeeffaman irraa adda isa taasisa.

## 1.5. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyolee gooroo fi gooree armaan gadii qaba.

### 1.5.1. Kaayyoo Gooroo

Yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu akkamiin ittisuu fi too'achuun danda'ama kan jedhu adda baasuun yaada furmaataa akeekuu dha.

### 1.5.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooroo kana galmaan gahuuf kaayyoleen gooree armaan gadii qabamaniiru.

- ✓ Ittisnii fi too'annoon yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun maal akka fakkaatu gadi fageenyaan xiinxaluu.
- ✓ Qorannoo (crime investigation) yakkoota kanaan walqabatee jiru maal akka fakkaatu xiinxaluu,
- ✓ Hubannoon gochoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti qaamota garagaraa bira jiru maal akka fakkaatu sakatta'uu,
- ✓ Yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ittisuuf xiyyeeffannoon kenname maal akka fakkaatu xiinxaluu.
- ✓ Hammattoon seeraa dhimmicha ittisuu fi too'achuuf jiru maal akka fakkaatu sakatta'uu,
- ✓ Ittisa gochoota yakkaa kanneeniif hojiin qindoomina qaamolee adda addaa gidduu jiru maal akka fakkaatu xiinxaluu.

- ✓ Seera jiru hojiirra oolchuun walqabatee hanqinootni jiran maal akka ta'an adda baasuun furmaata akeekuu dha.
- ✓ Akkuma waliigalaatti hojimaataa fi hanqinoota ittisaa fi too'annoo yakkoota kanneenii xiinxaluun yaada furmaataa akeekuu dha.

### 1.6. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa (qualitative) fayyadama. Malli qorannoo akkamtaa gaaffilee qorannoo fi rakkoo qorannichaaf ka'umsa ta'an gad-fageenyaan hubachuun furmaata akeekuuf kan dandeessisan waan ta'eef dhimma itti baane. Fakkeenyaaf, ittisaa fi to'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun walqabatee maaltu rakkoo akka ta'e adda baasuuf qaamota dhimmicha irratti hojjetan irraa gadi fageenyaan af-gaaffiin qulqulleeffachuu fi galmeewwan rogummaa qaban xiinxaluu barbaachisa.

Gama biraatiin, rakkoowwan seeraan walqabatanii fi raawwiin seeraa maal akka fakkaatu ilaaluufis dhimmoota sirnaan xiinxaluu gaafata. Kana gochuuf ammoo malli sirriin mala akkamtaa (qualitative method) kan jennuu dha. Fakkeenyaaf, Heera Mootummaa irraa eegalee seeraa fi qabatamaan jiru rakkoo maalii akka qabu adda baasuun furuuf xiinxala heeraa fi seeraa gad-fageenya qabu barbaada. Malli qorannoo rakkoo kana furuuf sirriin sakatta'a seeraa (doctrinal legal research methodology) yoo ta'u; malichi kan akkamtaa ta'uun beekama. Dabalataan rakkoowwan xiyyeeffannoo gama mootummaatiin jiru xiinxaluu fi hubannoon gama kanaan miidhamtoota yakkichaa biras ta'e kan bulchiinsa irratti hojjetan bira jiru gad-fageenyaan xiinxaluuf malli akkamtaa mala isa sirriidha. Kanaafuu, dhimmoota manneen murtii irraa argaman (galmeelee dabalatee), gabaasota manneen hojii mootummaa garaagaraa fi odeeffannowwaan af-gaaffii gadii gadifageenyaan ilaalamaniiru.

Iddoowwan daataan irraa walitti qabamu ilaalchisee, manneen hojii sadarkaa Federaalaa fi Naannootti (Biirootti) jiran kanneen akka Ministeera Haqaa, Ministeera Dhimma Dubartootaa fi Hawaasummaa, Ministeera Haajaa Alaa, Waajjira Itt/aanaa Muummicha (Mana Maree Biyyoolessaa dhimma Godaansaa), Dhaabbata Idil-addunyaa dhimma godaansaa (IOM), irraa ogeessota dhimmicha irratti hojjetan lama lama waliin af-gaafiin gaggeeffamuuf karoorfamee kan ture ta'us, kanneen akka Dhaabbata Idil-Addunyaa Dhimma Godaansaa (IOM) fi Mana Maree Godaansa Biyyoolessaa argachuu hin dandeenye.

Sadarkaa Biirootti manneen hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa , Komishinii Poolisii Oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Oromiyaa, Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Carraa Hojii fi Ogummaa Oromiyaa irraa daataan af-gaafiin walitti qabamuuf karoorfamee haaluma saniin raawwatamee garuu Biiroo Caarra Hojii Uumuu fi Waajjira Prizidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa (It/aanaa pirezidaantii ykn ogeessa ) argachuun hin danda'amne.

Sadarkaa Godinaattis godinoota 7 (Godina Harargee Bahaa, Baalee, Arsii Lixaa, Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Shawaa Lixaa, Shawaa Kibba Lixaa, Jimmaa) keessatti waajjiraalee kallattii fi al kallattiin dhimma namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti hojjetan shan, (Manneen Murtii Ol'aanoo, Waajjiraalee Abbaa Alangaa Godinaa , Waajjiraalee Poolisii Godinaa, Waajjiraalee Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Godinaa, Waajjiraalee Dhimma Hojjetaa fi Hawaasumma Godinaa ) irraa daataan af-gaaffiin walitti kan qabamee dha. Karaa biraatiin, immoo daataan barreeffamaa kanneen akka galmeelee murtii argatanii galmeen 40 fi gabaasni biiroo Abbaa alangaa waliigalaa Oromiyaa fi Biiroo Hojjetaa fi Hawaasumaa Oromiyaa ilallameera. Kana malees, mariin garee irratti xiyyeeffate Abbootii Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa nama afur waliin taasifameera

Akka waliigalaatti, godinoonni daataan irraa funaamuuf filataman godinoota yakkichi keessatti ni heddummata jedhamanii yaadamanii dha. Manneen hojii daataan irraa walitti qabames kanneen gaheen hojii isaanii kallattiinis ta'ee al-kallaattin dhimma harkaa qabnuun walitti hidhata qabanii dha. kanaafuu, malli iddattoo kaayyeffataa (purposive sampling method) qorannoo kana keessatti hojirra oolee jira.

Iddoowwan olitti tarreeffaman irraa daataan meeshaalee funaansa daataa (tools of data collections) kanneen akka: af-gaaffii, sakatta'iinsa gabaasota adda addaa fi galmeeleen mana murtii 40 walitti qabamanii kan xiinxalaman yoo ta'u; manneen hojii irraa ogeessota 98 waliin af-gaaffiin gaggeeffameera.

### 1.7. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun ittisaa fi to'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti hanqinoota jiran adda baasuun yakkichi akkamiin ittifamuu akka danda'a irratti xiinxala gaggeessuun yaada furmaataa akeekeera. Hammattoon seeraa dhimmicha ittisuuf jiran maal akka fakkaatuu fi hanqinaalee seerota jiran hojiirra oolchuun walqabatanii jiran adda baasuun furmaata kan akeekee dha. Kun immoo lammiilee yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesifamuu irraa akka ittifamaniif kan gumaachu waan ta'eef faayidaa guddaa qaba. Yakki namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu yoo hafe ykn xiqqaate ammoo miidhaan lammiilees ta'e mootummaa irra gahu kan xiqqaatu ykn hafu waan ta'eef faayidaa ol'aanaa qaba.

Gama biraan, tarkaanfii yakkoota dhimma kanaan walqabatanii raawwataman ittisuu keessatti gaheen qaamolee adda addaa maal akka ta'ee fi ittisa isaa keessatti maal hojjechuu akka qaban qorannichi kan xiinxale waan ta'eef, qorannoo kana irraa akka waliigalaatti fayyadamaan mootummaa fi ummata. Mootummaan akka qaama mirga lammiileef eegumsa taasisuuf dirqama qabuutti tarkaanfii yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun walqabatanii jiran irratti tarkaanfii fudhachuufis ta'e iddoo irratti xiyyeeffachuu qabu ni hubata waan ta'eef fayyadamaa qorannoo kanaati. Ummatni keessattuu kanneen godaansa seeraan alaaf saaxilamoo ta'an bifa waliigalaatiin hubannoo dhimmicha irratti argachuun ittisa gochootaaf gumaachuun miidhaa hawaasaa hambsisuu keessatti ni gumaachu waan ta'eef fayyadamoo dha.

Kana malees, kallattiin qaamonni qorannoo kana irraa fayyadamoo ta'uu danda'an, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa, Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii Oromiyaa fi Komishiniin Poolisii Oromiyaa hojii isaan hojjetan waliin kallattiin kan wal-ilaallatu waan ta'eef fayyadamtoota qorannoo kanaati. ILQSOn gama isaatiin leenjii dhimmichaan walqabatu kennuuf galtee godhachuun seekteraalee dhimmicha irratti hojjetan leenjisuun dhimmicharratti hubannoo seeraa duraan qaban akka cimsatan hojjechuuf isa gargaara waan ta'eef fayyadamaa biraati. Dhuma irratti namoota dhimmicha irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti ni gargaara waan ta'eef isaanis fayyadamoo ni ta'u.

### 1.8. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun iddoowwan filataman keessatti ittisaa fi too'annoon namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun maal akka fakkaatu kan ilaaluu dha. Haa ta'u malee qorannoon kun yakkoota namootaan daldaluu fi namoota karaa seeraan alaan daangaa ceesisuun walitti hidhata qaban yakkoota karaa seeraan alaatiin namoota biyya alaatti erguu kan dabalatuu miti.

### 1.9. Hanqina Qorannichaa

Akka waliigalaatti hanqinoonni qorannoo kana keessatti ka'uu danda'an haalota yeroo daataan walitti qabamu qorattoota muudatan yoo ta'u, kunis manneen hojii mootummaa muraasni argamuu dhabuu fi daataa kennuuf fedhii dhabuu, baay'inni miidhamtoota yakkoota kanaa sirritti beekkamuu dhabuu fa'a kan dabalatuu dha. Haa ta'u malee, qorattootni muuxannoo fi hubannoo kana dura daataa funaanuuf qaban fayyadamuun obsaan daataa qorannoo kanaaf barbaachisu hanga danda'amaa ta'een funaanuu danda'aniiru.

### 1.10 Caaseffama Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa afuritti qoqqoodamee jira. Boqonnaa tokkoffaan ka'umsaa fi adeemsi qorannichaa kan keessatti ibsame yoo ta'u kunis gumee qorannichaa jedhamuun beekama. Boqonnaa lammaffaan haala waliigala namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fi uwwisa seeraa sadarkaa idil-addunyaa fi sadarkaa biyyaa akkasumas naannootti jiran kutaa keessatti ibsamanii dha. Boqonnaan Sadaffaa xiinxalli daataa qorannichaa kutaa itti gaggeeffamee dha. Kutaa kana keessatti ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneeniin walqabatee hanqinootni jiran kan seeraas ta'e kan hojimaataa kutaa keessatti xiinxalamanii dha. Boqonnaan Afraffaan kutaa guduunfaa fi yaadni furmaataa itti kennamee dha.

## BOQONNAA LAMA

## NAMOOTAAN DALDALUU FI NAMOOTA KARAA SEERAAN ALAATIIN DAANGAA CEESISUU: HAALA WALIIGALAA

Namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun yaaddoo addunyaa kanaa yoo ta'u, biyyootni baay'een iddoo ka'umsaa, daddabarsaa fi gahumsa namootaa ta'uun miidhamaa jiru.Yakkamtootni bu'aa barbaadan namoota seeraan ala daddabarsuun daangaa qaxxaamursiisuu biyyoota gidduutti taasisu. Gochichi karaa lafa jalaan (dhoksaan) kan raawwatamu ta'uu irraa kan ka'e hanga yakkichaa adda baasuun rakkisaadha.[32] Gochi namootaan daldaluu fi seeraan ala nama daangaa ceesisuu namoota gochicha raawwataniif galii guddaa kan argamsiisu yoo ta'u; namoota daldalamanii fi seeraan ala daangaa ceesifaman akkasumas biyya irratti miidhaa cimaa kan akka lubbuun darbuu, qaamaa, xiinsammuu, dinagdee fi hawaasummaa,Humni Godaantotaa Seeraan ala qisaasamuu, Mulqamuu Bilisummaa Saal-qunnamtii, gaa'ela dirqii, Dhibeewwan, loogii fi gochoota shororkeessummaa adda addaatiif saaxilamuu ni danda'u.

### 2.1. Maalummaa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu

Hiikkaan namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu hedduun jiraatus hiikni yeroo amma addunyaa irratti fudhatama qabuu fi irratti waliigalame, hiikkaa walduraa duubaan Pirootokoolota dhaabbata mootummoota gamtoomaniitiin dhimmoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti kennamee dha.[33] Pirotokoolonni kunniin biyyoota hedduun kan raggaasifaman bara 2000 (A.L.A) Magaalaa Paaleermoo, biyya Xaaliyaanii keessatti dha.

Namootaan daldaluu fi namoota seeraan alaa daangaa ceesisuun yeroo hedduu akka tokko ta'anitti waljala dabarfamanii kan dhimmi itti bahamu haa ta'u malee, yakkootni kunneen yakkoota garaagaraa of danda'an akka ta'an hubachuun barbaachisaa dha. Yakkoota kanneen sirriitti adda baasanii beekuun imaammata dhimmicha irratti biyyi takko hordoftu hojiirra oolchuuf kan gargaaru qofa osoo hin taane, eegumsa miidhamtoota yakkoota kanneeniif taasifamuu adda baasuuf faayidaa qaba.

[32] Smuggling of Migrants, The Harsh Search for A Better Life www.unodc.org/toc accessed on 12/9/2022.
[33] olitti yaadannoo lak.5

Mata duree itti aanu jalatti garaa garummaa fi walfakkeenya yakkoota kanneenii kan ilaallu waan ta'eef, mata-duree kana jalatti maalummaa ykn hiika isaanii irratti xiyyeeffanna. Maalummaa namootaan daldaluu (trafficking in persons) fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu (smuggling of migrants) adda baasanii beekuun garaa garummaa isaanii beekuuf qofa osoo hin taane, adeemsa qorannaa fi himannaa yakkoota kanaa sirriitti adda baasanii beekuufis kan fayyaduu dha. Namootaan daldaluu fi namoota seeraan alaa daangaa ceesisuu ilaalchisee hiika adda addaatu jira. Hiikkawwaan adda addaa jiran keessaa kan Pirootokoolii Dhaabbata Motummota Gamtoomaniin dhimma namootaan daldaluu irratti kenname biyyoota idil-addunyaa hedduu biratti fudhatama kan qabu waan ta'eef, ilaaluun barbaachisaa dha. Pirotokooliichi keewwata 3 jalatti namootaan daldaluu kaayyoo pirootokoolichaatiif akka armaan gadii kanaan kaa'a:

"*Trafficking in persons" shall mean the recruitment, transportation, transfer, harbouring or receipt of persons, by means of the threat or use of force or other forms of coercion, of abduction, of fraud, of deception, of the abuse of power or of a position of vulnerability or of the giving or receiving of payments or benefits to achieve the consent of a person having control over another person, for the purpose of exploitation. Exploitation shall include, at a minimum, the exploitation of the prostitution of others or other forms of sexual exploitation, forced labour or services, slavery or practices similar to slavery, servitude or the removal of organs;"*[34]

Hiikkoo armaan olii kana irraa akka hubachuun danda'amutti gochi namoota barbaadan filachuu, keessummeessuu, iddoodhaa gara iddootti sochoosuu, ofitti fudhachuu fi tursiisuudhaan tooftaawwwan akka humna fayyadamuu, sodaachisuu, dirqisiisuu, gowwoomsuu, kennaa adda addaa kennuun sossobuun, aangoo ofii ykn saaxilamummaa miidhamtoota too'annoo isaanii jala jiran fayyadamuun miidhamtoota kaayyoo garmalee itti fayyadamuuf oolchuun yakka namootaan daldaluuti jechuun ni danda'am.

Akkaataa hiikkoo olitti kennameetiin hiikni yakka namootaan daldaluu qabiyyee (element) sadii of keessaa kan qabuu dha. Isaanis:-

[34] olitti yaadannoo lak.5. kwt.3(a)

**Gochoota Raawwataman (The Acts, What is done**)

Gochi namootaan daldaluu ni jira jechuuf jalqaba irratti gochi (Actus reus) jiraachuu qaba. Jiraachuun ulaagaa gochaa immoo kan ittiin ibsamu raawwataan gochichaa hawaasa keessaa namoota barbaadan filachuu (recruitement), keessummeessuu (harboring), iddoodhaa gara iddootti sochoosuu (moving), ofitti fudhachuu (obtaining) fi tursiisuu (maintaining a person) yoo jiraate dha.

**Tooftaawwan/Maloota/ Gochoonni Sun Itti Raawwataman (The Means, How It is done)**

Gochi namootaan daldaluu jiraachuuf akka keewwata armaan olii kanatti maloota armaan gadii keessaa tokko jiraachuu qaba. Kunis, tooftaawwan akka sodaachisuu, humna fayyadamuu, butuu, dirqisiisuu, gowwoomsuu, aangoo ofii ykn saaxilamummaa miidhamtoota too'annoo isaanii jala jiran fayyadamuun gochicha raawwachuu dha.

**Kaayyoo Gochoonni Sun Raawwatamaniif (The Purpose, Why It is done**)

Yaadni sammuu (mens rea requirement) nama gochoota namootaan daldaluu raawwatuu fi tooftaalee namootaan daldaluutti fayyadamuu kun kaayyoo garmalee miidhamaatti fayyadamuu (for exploitive purpose) kan qabu akka ta'e haala gahaa ta'een mirkanaa'uu qaba.
Keewwatichi kun jecha garmalee namatti fayyadamuu (exploitation) jedhu hiika kennuufi baatus gosoota garmalee namatti fayyaduu muraasa tarreessee jira. Kunis:

- Gochaalee saalqunnamtii nama biroo irra garmaleen fayyadamuu fi gochoota isaan walfakkaatan (The exploitation of the prostitution of others or other forms of sexual exploitation)
- Hojii ykn tajaajila dirqamaa (Forced labour or services )
- Gabrummaa fi gochoota gabrummaa namaa fakkaatan (Slavery or practices similar to slavery)
- Haala namni tokko miliquu ykn ofirraa ittisuu hin dandeenne keessa galchuun hojjachiisuu ykn tajaajila akka kennu taasisuu (Servitude)
- Qaama namaa baasuun itti fayyadamuu fi gurguratuu (The removal of organs)

Keewwata pirootokoolichaa 3(b) jalatti akka tumametti qabxiin murteessaan ilaalamuu qabu waa'ee fedhii kennuu miidhamtoota yakka namootaan daldaluuti. Keewwatni kun waa'ee fedhii (consent) akka armaan gadii kanaan tumeera.

> "*The consent of a victim of trafficking in persons to the intended exploitation set forth in sub paragraph (a) of this article shall be irrelevant where any of the means set forth in subparagraph (a) have been used"*[35]

Akkuma tumaa keewwatichaa irraa hubatamutti yakka namootaan daldaluu keessatti tooftaaleen gochoonni yakka namootaan daldaluu yoo guutan ykn yoo jiraatan miidhamaan tokko fedhii kenne jechuun hin danda'amu. Hima biraan, jalqabuma irraayyuu gochi tokko namootaan daldaluu jedhamuudhaaf tooftaaleen hojiirra oolan hunduu faallaa fedhii miidhamtichaati waan ta'aniif fedhiin(consent) ni jira jechuun kan danda'amuu miti. Sababni isaas namni tokko humna kootti garmalee namni biroo itti haa fayyadamu, ykn ani nan gabroomfama, hojii fi tajaajila humna koo olii ni kenna jedhee fedhii ni kenna jedhamee hin tilmaamamu. Kan ilaallamuu qabu, tooftaaleen (meanses) akka humna fayyadamuu, sodaachisuu, dirqisiisuu, gowwoomsuu hojiirra ooluu isaanii qofa dha.Kun akkuma jirutti ta'ee, keewwata 3(c) jalatti haalli addaa tumamee jira. Kunis, miidhamtoonni yakka namootaan daldaluu daa'imman umriin isaanii waggaa 18 gadii yoo ta'an, tooftaan olitti jedhaman jiraachuun ulaagaa ta'uu kan hin qabne ta'uu isaati. Pirootookoolichi haala armaan gadiin dhimmicha tuma.

*"The recruitment, transportation, transfer, harbouring or receipt of a child for the purpose of exploitation shall be considered "trafficking in persons" even if this does not involve any of the means set forth in subparagraph (a) of this article"*[36]

Kana jechuun, tooftaalee yakki namootaan daldaluu ittiin raawwatamu kanneen keewwata 3(a) jalatti tarreeffaman guutamuu isaanii mirkanneessuun dirqamaa miti jechuudha. Hima biraan gochoonni yakka namootaan daldaluu kanneen akka daa'imman filachuu (recruitement), geejjibsiisuu (transportation), transfer (daddabarsuu), ofitti fudhachuu (harbouring or receipt) fi kaayyoon garmalee itti fayyadamuu (exploitation purpose) jiraachuu isaanii yoo mirkaneeffanne yakkichi tooftaalee ittiin jarreen kana filate akka ulaagaa dabalataatti kan ilaalamu miti. Kaayyoo

---

[35] olitti yaadannoo lak.5, kwt.3(b),
[36] olitti yaadannoo lak.5, kwt.3(c)

pirootokoolii kanaatiif daa'ima jechuun nama kamiiyyu kan umriin isaa waggaa kudha saddeet hin guunne akka ta'e ifatti tumameera.[37]

Gama biraan, akkuma jalqaba irratti ibsamuuf yaalametti namoota seeraan ala daangaa ceesisuu (smuggling of Persons) dhaaf hiika biyyoonni addunyaa irratti waliigalan pirootokoolii dhaabbata mootummoota gamtoomanii kan namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti kennamee dha. Pirootookoolichis haala armaan gadiin hiika kenne.

> *"Smuggling of migrants, the procurement, in order to obtain, directly or indirectly, a financial or other material benefit, of the illegal entry of a person into a State Party of which the person is not a national or a permanent resident"* [38] jechuun hiikeera.

Kana jechuun, kallattiin ykn al-kallattiin faayidaa maallaqaa ykn faayidaa qabatamaa biroo argachuuf jecha adeemsa namni tokko karaa seeraan alaatiin biyya biroo kan lammummaa irraa hin qabne ykn keessa jiraachuuf hayyama hin qabne akka seenu taasisuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Hiika namoota seeraan ala daangaa ceesisuu kana keessatti haalota akka ulaagaatti guutamuu qaban iddoo sadiitti qooduun ilaaluun ni danda'ama.[39]

1ffaa, namoonni daangaa cehan ykn ceesifaman karaa seeraan alaatiin daangaa biyya biroo kan seenan (illegal entry). Kana jechuun ulaagaa seera biyya itti gahiinsa (destination) sana gaafatu osoo hin kabajin daangaa biyya sanii qaxxaamuranii seenuu jechuu dha.

2ffaa, namoonni godaansifaman daangaa biyya lammummaa ykn hayyama dhaabbiin jiraachuu (residence) irraa hin qabneetti kan cehan(seenanii) dha.

3ffaa, namni gochicha irratti hirmaatu faayidaa argachuuf yaadee gochicha kan raawwate ta'uu ykn faayidaa argachuuf kan waliigale ta'uu dha. Faayidaan argamu kunis faayidaa gosa hedduu kan maallaqaa(financial) fi meeshaa qabatamaa (material) ta'uu danda'a. Kana malees, faayidaan kun kallattiin ykn al-kallattiin kan argamu ta'uu akka danda'u, hiika pirootokoolichaan kenname kana irraa hubachuun ni danda'ama.

---

[37] Olitti yaadannoo lak.5, kwt, 3(d)
[38] Protocol against the Smuggling of Migrants by Land, Sea and Air, supplementing the United Nations Convention against Transnational Organized Crime (2000) ["Anti-Smuggling Protocol"], Art.3(a).
[39] United Nations Office on Drugs and Crime, Toolkit to Combat Smuggling of Migrants, Tool 1 Understanding the Smuggling of Migrants, July 2010, P.27, https://www.unodc.org/documents/human-trafficking/SOM_Toolkit_E-book_english_Combined.pdf

**2.2. Garaagarummaa fi Walfakkeenya Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu**

Gochoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu kan wal fakkeessu keessaa tokko lamaan isaaniyyuu yakka ta'uudha. Yakkoonni kun yakkoota seerota yakka idil-addunyaa (international criminal law) jalatti beekkamtii argatanii dha**.** Gama biraan, gochoonni namoota seeraan ala daangaa ceesisuu kun erga raawwatamanii xumuramanii booda haalli itti namootaan daldaluutti jijjiiraman waan jiruuf yeroo kana adda baasuuf kan nama rakkisutu jira. Kana jechuun, erga biyya alaa seenanii booda ulaagaaleen daldala namaa godaansifamaa san irra kan dhaqqabu yoo ta'e, yakkichi guutummaatti gara yakka namootaan daldaluutti jijjiirama. Kana jechuun namootaan daldalaan (trafficker)'n sun jalqabuma irraayyuu daangaa ceesisaa seer-maleessa (smuggler) fakkaatee ykn isaan waliigalee miidhamtichatti kan siqe waan ta'eef sammuu isaa keessa kan jiru seeraan ala namatti fayyadamuu (expoitation) akka ta'e gocha isaa irraa hubachuun ni danda'ama.[40] Yeroo haalli akkasii uummamu, namni seeraan ala daangaa ceesifame gara miidhamaa yakka namootaan daldaluutti waan jijjiiramuuf yakkoota kana addaan baasuun rakkisuu danda'a.

Sababa yakkoota kanneen adda baasuun ulfaatuuf miidhamtoonni yakka namootaan daldaluu yeroon itti akka namoota seeraan ala daangaa biyya biroo seenanii (illegal migrants) tti yeroon fudhataman ni mul'ata.[41] Yeroo kana, miidhamtoonni yeroo lammataatiif miidhaan irra gahuu danda'a. Gama tokkoon miidhamtoonni yakki namootaan daldaluu irratti raawwate akka miidhamtootaatti ilaallamuun hafee akka yakkamtootaatti waan ilaallamaniif adabamuu ykn biyya irraa dhufanitti darbatamuu danda'u. Gama biraatiin immoo yakkamtoonni yakka namootaan daldaluu kun akka miliqan karaa kan banuu dha.[42] Kana malees sababoonni yakkoota lamaaniif ka'umsa ta'an (push factors) kanneen akka hiyyummaa, hojii dhabdummaa, walitti bu'iinsa, fi kkf walfakkaatu ykn tokkuma.

Haa ta'u malee, walfakkeenya isaanii caalaa garaa garummaan isaanii kan baay'atu waan ta'eef, xiyyeeffannoon ilaalanii adda baasuun barbaachisaa dha. Yakka namootaan daldaluu keessatti

[40] akkuma olii fuula 38.
[41] Studies of Changing Societies: Comparative And Interdisciplinary Focus Vol. 1'(1) 2012, SCS Journal, 'Human Trafficking and Human Smuggling: Similar Nature and Different Concepts' P. 41
[42] akkuma olii

yeroo hundaa miidhamaan (victim)’ nama dhuunfaati.[43] Yakki kun erga miidhamaan daangaa biyya birootti (karaa seeraan alaan ykn karaa seera qabeessaan) cehee ykn osoo daangaa biyya birootti hin qaxxaamuriin (biyyuma tokko keessatti) miidhamaa irratti raawwatamuu danda’a.

Yakki namoota daangaa ceesisuu immoo, yeroo hundaa yakka biyya irratti ykn nageenyummaa hawaasaa biyya tokkoo (crime against public order) irratti raawwatamuu dha. Yakki kun kan raawwatamu yeroo hundaa daangaa biyya tokkoo seeraan ala namoota ceesisuudhaan ykn karaa seeraan alaatiin biyya san keessa tursiisuudhaan kan raawwatamuu (transnational crime/border-crossing crime) dha. Yakka namootaan daldaluu keessatti namoonni dallaaltotaan filataman miidhamtoota (victims) yoo ta’an; yakka namoota seeraan ala daangaa ceesisuu keessatti immoo namoonni akkasii maamiltoota (customers) jedhamu.[44] Kana malees, namootaan daldaluu keessatti namoonni filataman kunniin saala, umrii, bareedina (appearance), amala fi kkf daldaaltota namaatiif wantoota murteessoo dha.[45] Wantoonni kunniin kan irratti hundaa’an kaayyoo daldaltoonni namaa namoota barbaadaniif irratti hundaayuun kan murtaahanii dha. Yakka namootaan daldaluu keessatti daldaltoonni miidhamtoota yeroo dheeraaf garmaleen irraa fayyadamuu waan barbaadaniif dhimmoota armaan oliitiif xiyyeeffannoo ol’aanaa kennu.

Kun kan ta’eef immoo, namoonni filataman kun yeroo dheeraaf tajaajila kennu ykn immoo deebifamanii gurguramuu waan danda’aniifidha. Fakkeenyaaf, ijoolleen dubaraa kanneen umriin isaanii xiqqoo fi kan bareeddu gatiin isaan ittiin gurguraman kan isaan hafanii kan caaluu dha. Walitti dhufeenyi daldaltootaa fi miidhamtoota yeroo dheeraaf kan turu ykn faayidaa yeroo hedduu irratti kan hundaayuu dha.Yakka namoota seeraan alaa daangaa ceesisuu keessatti garuu maalummaan (amalli) maamiltootaa (namoota filatamanii) akka ulaagaatti hin fudhataman. Kunis walitti dhufeenyi maamiltootaa fi daldaltootaa faayidaa yeroo tokko qofaa, kan hanga daangaa biyya alaatti cehaniitti qofa ta’ee sanaa achi addaan cita waan ta’eefidha. Yakka namootaan daldaluu keessatti biyya ambaa seenuun karaa seera qabeessa ta’een ykn karaa seeraan alaatiin ta’uu danda’a. Yakkoota namoota seeraan ala daangaa ceesisuu keessatti garuu

---

[43] olitti yaadannoo lak.39, fuula 39

[44] As irratti wanti ifa ta’uu qabu, Porotokooliin Yakka Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu (Anti- Smuggleing Protokol) kwt.5 jalatti akka tumetti, yakka namoota seeraan ala daangaa ceesisuu keessatti, namootni seeraan ala daangaa ceesifaman (smuggled persons) sababa daangaa ceesifamaniif qofa yakkaan itti gaafatamaa ta’uu akka hin qabne tumameera. Haa ta’u malee, pirotokooliin kun kwt. 6(4) jalatti ceesifamtoonni (smuggled) akkaata seera yakkaa biyya isaaniitiin gocha yakkaa biroo keessatti kan hirmaatan yoo ta’an, gaafatamuu jalaa akka hin bane tumameera.

[45] olitti yaadannoo lak.41 fuula 43

daangaan biyya ambaa kan seenamu yeroo hundaa karaa seeraan alaatiin (seera biyya qubatanii san kan faallessuu) dha.

Walitti dhufeenya namoota filatamanii (recruited) fi filatanii (recruiters) yakka namootaan daldaluu keessatti akka meeshaatti itti fayyadamuu ykn garmalee itti fayyadamuu irratti kan hundaaye yoo ta'u, yakka namoota seeraan ala daangaa ceesisuu keessatti immoo walitti dhufeenya daldalaa (commercial relationship) ta'etuu jira. Sababni isaa miidhamaan yakka namootaan daldaluu akka meeshaatti waan gurguramuuf aangoo tokkollee kan hin qabne yoo ta'u, maamilli yakka namoota daangaa ceesisuu haala itti daangaa ceeyuu fi kaffaltii (gatii) ittiin ceesifamu irratti aangoo waliigaltee uumuu kan qabuu dha. Yakka namootaan daldaluu keessatti miidhamtoonni akka meeshaa idaadhaaf qabamuutti (debt bondage) kan ilaallaman ta'uun waan baratamee dha.[46] Yakkoota namootaan daldaluu keessatti miidhamtoota irratti humna fayyadamuun akka barbaadan kan godhan yoo ta'u, yakka namoota daangaa ceesisuu keessatti garuu dabree dabree malee yeroo hedduu humna hin fayyadaman.

Miidhamtoota yakka namootaan daldaluu yaala qaamaa fi xiinsammuu, hayyama jiraachuu fi kkf kennamuufi danda'a.Maamiltoota yakka namootaan daldaluutiif immoo deeggarsi akkasii godhamuufi caalaa tarkaanfiin yakkaan himatamuu fi gara biyya irraa dhufanitti darbatamuu (deport godhamuun) kan isaan irratti fudhatamuu dha. Wantoota yakkoota kanneen walxaxaa taasisan keessaa tokko yakki namootaan daldaluu kun calqaba irratti yakkoota namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fakkaatanii kan calqabanii dha. Sababni isaa calqaba irratti namoonni fedhii isaaniitiin qarshii kaffaluun daangaa ceeyuun erga daangaa ceeyanii ykn osoo karaa irra jiran gochoonni akka dirqisiifamuu, sodaachifamuu, aangoo waa murteeffachuu irraa mulqamuu, garmalee itti fayyadamuu (exploitation) fi k.k.f irraa kan dhaqqabuu dha waan ta'eefi dha.[47]

### 2.3. Ka'umsa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Dangaa Ceesisuu

Yeroo amma yakkoonni namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu yakkoota akka idil-addunyaatti beekkamanii fi fala waaraa barbaadan akka ta'an kan beekamuu dha. Ka'umsi yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu gocha godaansaa waliin walitti kan hidhatuu dha.

[46] olitti yaadannoo lak.41, fuula 43
[47] olitti yaadannoo lak.41, fuula 42

Godaansi (migration) akka waliigalaatti iddoowwan gurguddoo afuritti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, godaansa hojjataa (lobor migration), godaansa dirqamaa (forced migration), namootaan daldaluudhaan (human trafficking), godaansa jijjiirama qilleensaa (environmental migration) fa'a dha. Ragaaleen tokko tokko akka agarsiisanitti baayyina namoota kanneenii akka addunyaatti ragaaleen yeroo garaagaraa kan agarsiisanii dha. Namoota idil- addunyaa keessaa namoonni hojiif godaanan (lobor migration) hanga milliyoona 164 ( qorannoo bara 2017), kanneen dirqamanii godaanan (forced migration) hanga miliyoona 70.8 (qorannoo bara 2018), namootaan daldaluudhaan kan godaanan hanga miliyoona 25 (qorannoo bara 2016 ), jijjiirama qilleensaatiin (environmental migration) kan godaanan miliyoona 17.2 (qorannoo bara 2018 gaggeeffame) akka ta'e kan agarsiisuu dha.[48]

Sababoonni godaansa hordofsiisuu danda'an immoo ulaagaalee garaagaraa irratti hundaayuun bakka heddutti qoodamanii ilaaluun kan danda'amuu dha. Sababoonni namoonni godaananiif akka waliigalaatti rakkoo diinagdee, rakkoo hawaasummaa, rakkoo siyaasaa fi rakkoo jijjiirama qilleensaa (environmental) ta'uu mala.[49]

Karaa biraatin immoo sababoonni kunniin sababoota dhiiboo (pushing factors) fi sababoota harkisoo (pulling factors) jedhamanii iddoo lamatti qooduun ni danda'ama. Sababoota dhiiboo kanneen jedhaman sababoota namaaf mijatoo hin taane kanneen akka hojii dhabdummaa, hoongee, badiinsa oomishaa, lolaa (flood), hiyyummaa, lola (war), hanqina barnootaa (fooyyaa'aa) fi k.k.f yoo ta'an, sababoota harkisoo (pull factors) kanneen jedhaman immoo sababoota mijataa biyyoota guddatanii fi galii giddu-galeessaa argatan keessatti argamanii kanneen namoota ofitti harkisuu danda'an kanneen akka carraan hojii jiraachuu, jireenya fooyya'aa, barnoota fooyyee qabuu fi kkf dha.[50] Sababoota kanneen haala armaan gadii kanaan kaayuun kan danda'amuu dha.

---

[48] Population Education: A program of Population Connection: https://populationeducation.org/ why-do-people-migrate-the-4-most-common -types-of-migration/ accessed at December 14. 2022

[49] Migration: Types and Reasons: http://uki.vdu.lt/wpcontent/uploads/sinergija/EN/geografija/geografija3/Tekstas%20 Migration,%20%20%C4% AFvadinis%20pratimas.pdf, Accessed at December 14,2022

[50] Akkuma olii

| **Sababoota Dhiiboo (Pushing Factors)** | **Sababoota Harkisoo (Pulling Factors)** |
|---|---|
| 1.Hiyyummaa | Durummaa/Qabeenya Hedduu |
| 2. Waldhabdee/Lola/ | Tasgabbii /Nageenyummaa Gaarii/ |
| 3. Jireenya Gadi Aana | Jireenya Fooyyee |
| 4. Hojii Dhabdummaa | Carraa Hojii Gaarii |
| 5. Hoongee | Nyaata Gahaa (Qilleensa Hawataa) |
| 6. Badiinsa Oomishaa | Lafa Gabbataa |

Sababoota Godaansa biyya keenyaa ilaalchisee sakatta'iinsa (survey) ji'a sadaasaa bara 2022 keessa gaggeeffameen, sababoonni godaansaa maal akka ta'an naannolee naannolee dhaan adda baafamanii jiru. Haaluma kanaan akka Naannoo Oromiyyaatti sababoonni godaansaa gurguddoon rakkoo diinagdee 78%, jijjiirama haala qilleensaa fi naannoo 8%, walitti bu'iinsa fi rakkoo nageenyaa 5%, barnootaa fi leenjii garaagaraa 4% fi sababoonni biroos kan jiran ta'uu agarsiisa.[51] Itti dabalees qorannoon akka Naannoo Tigraayitti 59% rakkoo diinagdee, 38% lola TPLF fi Mootummaa Federaalaa ta'uu kan agarsiisuu dha. kana malees sababoonni diinagdee Naannoo Amhaaraa keessatti hanga dhibbentaa 87% fi Naannoo saboota, sablammootaa fi ummattoota Kibbaa keessatti dhibbentaa 96% akka ta'u kan agarsiisuu dha. Kanaafuu, qorannoon kun akka agarsiisuttu rakkoon diinagde naannoolee hunda keessatti sababoota gurguddaan ta'uu kan agarsiisuu dha.

## 2.4. Miidhaa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu

Namootaan daldaluun dhiittaa mirgoota namoomaa hamaa akka addunyaatti geessisaa tureera. Akka gabaasa waajjirri Qorichaa fi Yakkaa Dhaabbata Biyyoota Gamtoomanii (United Nations Office on Drug and Crime [UNODC]) tti sabni kamuu miidhaa kanarraa bilisa akka hin taane dha.[52] Itoophiyaanis kanaan ala miti. Qorannoowwan aanga'oota akka ministeera dhimma alaa

[51] Migration Along the Eastern Corridor, IOM Regional Office for the East and Horn of Africa, Report 33 As of 30 November 2022 )( Publication 2023)

[52] United Nations Office on Drugs and Crime, Global Report on Trafficking in Persons (2016). United Nations Publication, Sales No. E.16.IV.6. Available online at: https://www.unodc.org/documents/data-andanalysis/glotip/2016_Global_Report_on_Trafficking_in_Persons.pdf Accessed on Sept 10, 2016.

Amerikaa fi dhaabbata idil-addunyaa dhimma godaansa namootaa (IOM) tiin gaggeeffame akka agarsiisuutti rakkoon kun Itoophiyaa keessatti sodaachisaa akka ta'ee dha. Ministeerrii dhimma alaa Amerikaa gabaasa bara 2016 akka dhiyessetti namootaan daldaluun biyya keessattii fi alatti kan babal'ate ta'uu dha.[53]

Miidhamtootni daldala namaanii, gabrummaa mana keessaa, hojii industrii, daldala daandii irrattii, hojii qonnaa, tajaajila mana nyaataa, hojii warshaa fi/ykn saalquunnamtiidhaaf dirqisiifamu.[54] Daddabarsitootni namoota baay'ee kan jireenya fooyya'aa barbaaduuf yeroo karaa seera qabeessaan godaanuuf carraa dhabuun balaa itti dhufu fudhachuuf fedhii qabanitti fayyadamu. Godaantotni karaa seeraan alaa yeroo baay'ee miidhaaf saaxilamoo dha.Nageenyi isaanii, lubbuu dhabuu illee dabalatee balaaf saaxilama. Namootni kunniin daddabarsitootaan akka meeshaatti waan ilaalamaniif haala namni hin geejjibsiifamaneen yeroo konteenaraan geejjibsiifaman keessatti ukkanfamuu, gammoojjii keessatti baduu ykn galaana keessatti liqimfamuuf carraan qaban guddaa dha. Yakki haala kanaan daddabarsitootaan raawwatamu dhoksaan waan ta'eef, adda baasuun rakkisaa dha. Kanas ta'ee, qorannoowwan akka agarsiisanitti daddabarsitootni daandiwwan gurguddoo Afrikaa Bahaa, Kaabaa fi Dhihaa fayyadamuun gara biyyoota adda addaatti erguun yakkamtootni kunniin waggaatti gara doolaara biliyoona 6.75 argatu.[55]

Namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun dhiibbawwan adda addaa miidhamtoota yakkichaa irraan gaha. Yakkichi qaama irratti, xiinsammuu fi hawaasummaa irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Miidhamtootni yakka namootaan daldaluu fi seeraan ala daangaa ceesisuu gara fayyummaa isaanii duraaniitti deebiyuuf yeroo hedduu akka itti fudhatu qorattootni ni ibsu.[56] Miidhamtootni yakka namootaan daldaluu yoo xiqqaate miidhawwan fayyaa qaamaa irratti gahan armaan gadii keessaa tokko ni mudata.[57] Hir'ina ulfaatinaa fayyaalessaa hin taane, sammuu dhabuu, dhukkuba hamaa, of wallaaluu, dhukkuboota daddarboon qabamuu, ulfa

---

[53] US Department of State,Trafficking in Persons Report.Meeting the Global Challenge: Effective Strategies to Prevent Human Trafficking. (2016), pp. 167-169.

[54]Faulkner et al. / International Perspectives in Victimology 7 (2), 46-55, Moving Past Victimization and Trauma Toward Restoration: Mother Survivors of Sex Trafficking Share Their Inspiration.

[55] olitti yaadannoo lak.32

[56] A Resource Paper by Erin Williamson, MSW, ICF International (2009) and Reviewed by Catherine Chen, ICF International, Fairfax, VA, and Anti-Human Trafficking Consultants Heather Moore And Florrie Burke. Lindsay Waldrop, ICF International Updated The Content In June 2012.

[57] M. Orhant, 2002, "Article 1: Trafficking in Persons" in eds. E. Murphy and A. Hendrix-Jenkins, Reproductive Health and Rights: Reaching the Hardly Reached, 1–12.

baasuun miidhamuu, ulfa hin barbaachifne fi kan kana fakkaatan hedduuf akka saaxilaaman barreeffamootni ni agarsiisu.[58]

Yakkoota namootaan daldaluu fi namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuun miidhaawwan akka saalqunnamtii hin malleef saaxilamuu, diinagdeen miidhamuu, humni isaanii gara malee qisaasamuu dabalatee miidhaan qaamaa fi lubbuu dhabuun miidhawwan isaan gurguddoodha. Namootni kunniin adeemsa godaansa seeraan alaa keessattii fi iddoo gahumsaattillee miidhaan cimaan isaanirratti ni dhaqqaba. Yeroo seeraan ala godaanan namootni haala mijeessan haala namaaf himalleen isaan geejjibsiisuu fi qabiinsa gahaa hin taane waan isaanif taasisaniif kallattii adda addaan miidhaan irra ni gaha. Kana malees, namaan daldaltootni namoota sossobuun erga fuudhaanii karaa geessisanii qarshii/maallaqa akka isaanif ergisiisan dirqamsiisuuf akka qabdiitti (hostage) jarreen kana fayyadamu. Haala san keessatti reebichi, gudeeddii fi miidhaa qaamaa hedduu miidhamtoota yakkichaa irraan geessisu. Yeroo biyya biraa gahanis humna isaatiif kaffaltiin gahaan akka hin kaffalamne; miidhaawwan saalqunnamtii, hojii hojjetaniif kaffaltiin dhowwatamuu akka irra gahu qorannoowwan ni agarsiisu.[59] Akka waliigalaatti miidhaawwan gama diinagdee, hawaasummaa, xiinsammuu, bilisummaa saalquunnamtii, loogii adda addaa fi kan qaamaa hanga lubbuu dhabuutti namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesifaman irratti gahaa kan jiru ta’uu isaa barruuleen ni agarsiisu.

## 2.5. Uwwisa Seeraa Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu

Yakki namaan daldalauu fi seeraan ala daangaa ceesisuu rakkoo addunyaawaa waan ta’eef falli isaas tumsa hawaasa addunyaa waan barbaaduuf yeroo jalqabaatiif waliigalteen dhimma

58 M.P. Alexander, N.D. Kellogg, and P. Thompson, 2005, “Community and Mental Health Support of Juvenile Victims of Prostitution” in eds. S.W. Cooper et al., Medical, Legal and Social Science Aspects of Child Sexual Exploitation: Vol. 1, St. Louis, MO: G. W. Medical Publishing, Inc., 397–421; Family Violence Prevention Fund, 2005, Turning Pain into Power: Trafficking Survivors’ Perspectives on Early Intervention Strategies, San Francisco, CA: Author; International Organization for Migration, 2006, Breaking the Cycle of Vulnerability: Responding to the Heath Needs of Trafficked Women in East and Southern Africa, Pretoria, South Africa: Author; J. G. Raymond et al., 2002, A Comparative Study of Women Trafficked in the Migration Process: Patterns, Profiles, and Health Consequences of Sexual Exploitation in Five Countries (Indonesia, the Philippines, Thailand, Venezuela, and the United States), New York: Coalition Against Trafficking Women International; see note 11 above, C. Zimmerman, 2003; C. Zimmerman et al., 2006, Stolen Smiles: A Summary Report on the Physical and Psychological Health Consequences of Women and Adolescents Trafficked in Europe, London: London School of Hygiene and Tropical Medicine.

59 United Nations Office On Drugs And Crime (2021), Toolkit to Combat Smuggling of Migrants. Smuggling of migrants, the harsh search for a better life www.unodc.org/toc accessed on 12/9/2022.

namootaan daldaluu ittisuuf jedhamee kan bahe bara 1905 dha.[60] Waliigalticha biyyootni Awurooppaa kudha sadii (13) kan mallatteessan yoo ta'u, raawwiin isaa garuu hangas mara akka hin taane ibsama. Waliigaltichi namootaan daldaluu garboota adii tahan ittisuuf kan bahee dha.

Labsii Mirgoota Namooma Waliigalaa keessattis gochoonni namootaan daldaluun jalatti hammatamuu danda'an kanneen akka garbummaa ykn dirqamaaan tajaajila akka kennu taasisuun akkasumas daldalli gabrummaa dhoorkaa akka ta'e tumameera. Kunis haala armaan gadii kanaan ibsameera: "*Namni kamiyyuu gabrummaan ykn dirqamaan nama tajaajiluuf hin qabamu; daldalli gabrummaa bifuma kamiiyyuu dhowwamaa dha*." [61]

Ergasii waliigalteewwan adda addaa dhimma ittisa namootaan daldaluu fi seeraan ala namoota daangaa ceesisuu irratti yeroo adda addaa bahaa tureera. Kaayyoon waliigalteewwan kanaas yakkoota kana ittisuu fi too'achuu, qorachuu, yakkamtoota seeratti dhiheessuu fi miidhamtoota immoo deebisanii dhaabuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Itoophiyaanis konveenshinoota dhimma kanaan walqabatan mallatteessuun raggaasisuun akkuma jirutti ta'ee, dabalataan seera akka biyyaattis baastee hojiirra oolchitee jirti. Fakkeenyaaf, Itoophiyaan Muddee bara 2000tti Konveenshinii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii yakkoota gurmaayuun daangaa ceeyanii mallatteessituun ji'a Waxabajjii bara 2007tti waliigaltee sana raggaasiftee jirti.[62] Ji'a Caamsaa bara 2012 keessa ammoo Itoophiyaan Pirootokoolii Namoota karaa Lafa, Galaanaa fi Qilleensaan Daangaa Ceesisuu seenuun akkasumas Pirootokoolii Namootaan Daldaluu, Keessattuu Dubartootaa fi Daa'immanii Ittisuu, Dhaabsisuu fi Adabuuf Bahe mallattessiteetti.[63] Biyyi keenna Itoophiyaan pirootokoolii namoota karaa lafa, galaanaa fi qilleensaan daangaa ceesisuu ittisuuf bahe fi pirootokoolii yakka namootaan daldaluu, keessattuu dubartootaa fi daa'immanii ittisuu, dhaabsisuu fi adabuuf bahe ofitti fudhachuun kan raggasiftee walduraa duuban Labsii Lak.736/2012 fi Labsii Lak.737/2012

---

[60] International Agreement for the Suppression of the White Slave Traffic, 18 May 1904, Entered Into Force 18 July 1905.
[61] Labsii Mirgoota Namooma Waliigalaa (Universal Declaration of Human Right) (1948), kwt.4
[62] United Nations Convention against Transnational Organized Crime. Available at: https://treaties.un.org/pages/ViewDetails.aspx?src=TREATY&mtdsg_no=XVIII -12&chapter=18&clang=_en
[63] olitti yaadannoo lak.5

tumuudhaan ture.[64] Konveenshinootaa fi protokoolata akka idil-addunyaatti jiran kanneen mallatteessuu fi raggaasisuutti dabalataan Itoophiyaan Heera Mootummaa irraa jalqabee seerota kallattiin dhimma yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu yeroo adda addaatti tumaa turteetti. Heerri mootummaa Rippaabiliika Dimokraatawa Federaalawa Itoophiyaa kwt.18 (2) irratti ifatti haala kamiinuu namootaan daldaluun dhorkaa akka ta'e tumeera. Tumaan keewwatichaan kan afaan Ingilizii haala itti aanuun teechifameera. '*No one shall be held in slavery or servitude. Trafficking in human beings for whatever purpose is prohibited.*'[65] Heera kana irraa akka qajeeltootti namootaan daldaluun akka dhorkame hubanna. Addattis konveenshinootni dhimmichaan walqabatee jiru biyyootni mallatteessan seera addaa dhimmicha bulchu biyyootni akka baafatan kan jedhu waan ta'eef, labsiileen adda addaa bahaa turaniiru. Fakkeenyaaf, seera yakkaa Mootummaa Rippaabiliika Dimokraatawa Federaalawaa Itoophiyaa bara 2004 raggaasifame keessatti keewwata 597 keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti maloota adda addaa fayyadamuun namootaan daldaluu daa'immanii fi kan dubartootaan daldaluu yakkoomsuun akkaataa armaan gadiitti tumeera:

> *1). Namni kamiyyuu dubartii yookiin ijoollee gaa`ela hin geenye hojii dirqamaa akka hojjettu /hojjetu/ taasisuuf yaaduun humnaan, doorsisuun, dabaan, gowwomsuun, ugguruun /ukkaamsuun/ yookiin nama dubartittii yookiin ijoollee irratti itti gaafatamummaa qabuuf maallaqa yookiin faayidaa biroo kennuun miidhamtittii (miidhamticha) kan file, harkatti kan galfate, kan dhokse, iddoorraa iddootti kan daddabarse, biyyaa kan baase, yookiin biyyatti kan galche yoo ta'e; hidhaa cimaa waggaa shanii hanga waggaa digdamaa gahuu fi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hin caalleen ni adabama.*
>
> *2). Namni kamiyyuu miidhamaa keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsame daangaa Itoophiyaa keessatti yookiin biyya alaatti bu'uura kaayyoo keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen itti yaadee karaa lafaa, galaanaa, yookiin qilleensaan kan erge, kan*

[64] Proclamation No.736/2012, Protocol Against the Smuggling of Migrants by Land, Sea and Air Ratification Proclamation, and Proclamation No.737/2012, Protocol to Prevent, Suppress and Punish Trafficking in Persons Especially Women and Children Ratification Proclamation

[65] The Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, Proclamation No. 1/1995 ,Art. 18(2).

*geejjibe, daddabarsicha kan hoggane yookiin kan gargaare yoo ta'e; adabbii armaan olitti keewwata xiqqaa (1) jalatti ibsameen ni adabama.*[66]

Haa ta'u malee, yeroo ammaatti labsiin dhimma namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu karaa fooyyee qabuun hammatee fi hojiirra jiru labsii lak.1178/2020 dha.[67] Labsiin kun labsii duraan ture labsii lak. 909/2015 kan haqe yoo ta'u; seensa keessatti maaliif labsii duraanii bakka buusuun ykn haquun akka barbaachise ibsameera. Haaluma kanaan labsiin duraanii iftoomina kan hin qabne, seera biroo waliin kan wal hin simne waan ta'eef, fooyyessuun barbaachisaa ta'uu ibsuun sanaaf deebii gahaa kennuuf akka ta'e seensa labsichaa keewwata lammaffaa irratti ibsamee jira. Hanqinaalee labsii haaraa kana keessa jiruu haala hojiirra oolmaa isaan walqabatee xiinxalli bal'aan boqonnaa sadaffaa keessatti kan taasifamu waan ta'eef, ammatti labsiin kallattiin dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi seeraan ala namoota daangaa ceesisuu gabaabinaan ibsinee darbine.

Kana malees, labsiin rakkoowwan namootaan daldaluu kana ittisuuf ni gargaara jedhamee bahe Labsii Lak.923/2016 dha. Labsiin kun mootummaan namoota hojii hojjechuu danda'aniif carraa hojii guddisuuf haala biyya keessaa mijataa ta'e uumuuf waadaan akka mootummaatti galamee fi dirqamni akka mootummaatti jiru akkuma jirutti ta'ee, lammiilee Itoophiyaa hojii biyya alaa fudhachuuf fedhii qaban mirgi isaanii akka hin sarbamne eegumsa isaan barbaachisa waan ta'eef, akkasumas karaa seera qabeessaan mootummaa biyya biraa waliin waliigaluun hojii seera qabeessa ta'e irratti lammiileen akka hirmaatan gochuun yakka namootaan daldaluu ittisuu keessatti gahee ol'aanaa qaba waan ta'eef, labsicha baasuun kan barbaachisee dha. Mootummaan qofaa isaatiin lammiileef carraa hojii biyya alaa uumee hin danda'u waan ta'eef, tajaajila jijjiirraa hojii biyya alaa keessatti gaheen damee dhuunfaa maal ta'uu akka qabu tumuunis barbaachisaa waan ta'eef labsiin kun akka tumame seensa labsichaa irraa hubachuun ni danda'ama.[68] Labsiin Lak.923/2016 kunis hanqinoota muraasa waan qabuuf labsii lak.1246/2013 dhaan kan fooyya'ee dha. Seerota kunneen hanqinni isaanii maal akka fakkaatu boqonnaa itti aanu keessatti bifa gadi fageenya qabuu kan ilaallu waan ta'eef, ammatti tumaalee labsichaa adda addaa ibsuun barbaachisaa ta'ee hin mul'atu.

[66] Proclamation No.414/2004, The Criminal Code of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, Article 243.
[67] olitti yaadannoo lak. 25
[68] Proclamation No. 923/2016, The Ethiopian Overseas Employment Proclamation

## BOQONNAA SADII

## XIINXALA DAATAA

Boqonnaa kana jalatti daatawwan karaa addaa addaatiin walitti qabamantu xiinxalamame. Keessattuu yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ittisuuf hojiiwwan hojjetamaa jiran maal akka fakkaatan, haala barbaadameen dhimmicha ittisuu fi to'achuuf wantoota rakkoo ta'an, seerotni dhimmicha bulchuuf bahan akkamiin hojiirra oolaa akka jiranii fi hanqinoota akkamii akka qabantu xiyyeeffannoon ilaalame. Xiinxalli qorannichaas akkaatuma gaaffilee qorannoo deebisuuf qabatee ka'e deebisuun mata dureewwan haala armaan gadiitti teechisee jira.

### 3.1. Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan ala Daangaa Ceesisuu Irratti Xiinxala Seeraa

Akka addunyaatti yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ittisuuf sochiin taasifamuu kan jalqabe bara 1905 ALA irraa eegalee akka ta'e hog-barruuwwan dhimmicha irratti barreeffaman ni agarsiisu. Akka addaatti ammoo dhaabbata mootummoota gamtoomaniin bara 2000 ALAtti pirotookoolonni ittisaa fi to'annoo yakkoota kanaa baheera. Kaayyoon pirootokoolichaa keewwata lammaffaa jalatti tumameera.Akka tumaa keewwatichaatti kaayyoowwan (a) Dubartootaa fi daa'immaniif xiyyeeffannoo addaa kennuun yakka namaan daldaaluu irraa ittisuu; (b) mirgoota namoomaa miidhamtootaa kabajuun miidhamtootaaf deeggarsaa fi gargaarsa taasisuu; (c) kaayyowwan (a) fi (b) jalatti ibsaman galmaan gahuuf biyyoota miseensa pirootookoolichaa gidduutti tumsa jabeessuu akka ta'e tumameera.[69]

[69] Pirotokooliin Paalermoo (Anti-Trafficking Protocol) keewwata 2 jalatti kaayyoo protokoolichaa yoo ibsu haala armaan gadii kanaan ibseera "The purposes of this Protocol are*:* *(a)* To prevent and combat trafficking in persons, paying particular attention to women and children; (b) To protect and assist the victims of such trafficking, with full respect for their human rights; and (c) To promote cooperation among States Parties in order to meet those objectives."

Pirotookoolii kana keewwata 5 jalatti ammoo biyyootni miseensaa biyya isaaniitti seera dhimmicha yakkoomsu tumuu akka qaban teechisee jira.[70]

Biyyi Itoophiyaas gochicha tumaa seeraa yakkaa idilee keessatti bifa gabaabbina qabuun hogganaa kan turte yoo ta'u, yeroo ammaa labsii dhimmicha bulchu addatti baastee jirti. Labsiin jalqabaa addatti dhimmicha bulchuuf bahe labsii lak.909/2015[71] yoo ta'u; labsichi hanqina iftoominaa, seerota biroo waliin walsimuu dhabuu fi rakkoowwan namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu haala gaariin kan furmaata kennu waan hin taaneef[72] labsiin yeroo ammaa dhimmicha bulchu labsiin lak.1178/2020 baasuun akka barbaachise boqonnaa lammaffaa jalatti ibsamee jira. Boqonnaa kana jalatti immoo kan xiinxalame labsiin kun hanqina maalii akka qabu, ittisaa fi too'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti rakkoon qabatamaan ka'u maal akka ta'ee dha. Kunis odeeffannoo af-gaaffii irraa akkasumas hojimaata galmee irraa wantoota argame irratti kan bu'uuraffatee dha.

Labsiin kun kutaawwan gurguddoo torbaa fi keewwattoota 47 qaba. Kutaan duraa dhimmootni waliigalaa kan akka maqeessa labsichaa fi hiikkaan jechootaa keessatti ibsamanii dha. Kutaan kun keewwattoota 1fi 2 qofa of keessatti qabata. Tumaalee kutaa kanaa keessaa akka hanqinaatti yeroo daataan qorannoo walitti qabamu kan ka'e sadarkaa Naannoo Oromiyaatti qaama hojicha hojjechuuf aangeffameen walqabatee rakkoon kan jiru ta'uu isaati. Ogeessotni seeraa (Abbootii Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa) af-gaaffiin waliin taasifame dhimmi bakka bu'insaa hanqina akka qabu kaasaniiru.[73]Akka ogeessota kanaatti hojiin qorannoo yakkoota namaan daldaaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu bu'uuraan kan mootummaa federaalaa akka ta'ee fi naannooleen bakka bu'insaan kan hojjetan ta'uu kaasuun bakka bu'insi kan kenname labsiin amma hojiirra jiru bahuun dura waan ta'eef, labsii kanaan hojjechuu irratti

---

[70] Fakkeenyaaf keewwatni 5 (1 fi 2) akka itti aanutti biyyootni gocha namaan daldaaluu kana yakkoomsanii seera biyyaa isaanii keessatti tumuu akka qaban ibsa.Article 5 Criminalization.1.Each State Party shall adopt such legislative and other measures as may be necessary to establish as criminal offences the conduct set forth in article 3 of this Protocol, when committed intentionally.
2. Each State Party shall also adopt such legislative and other measures as may be necessary to establish as criminal offences.

[71] Proclamation No. 909/2015, Prevention and Suppression of Trafficking in persons and smuggling of migrants.

[72] See the preamble of Proclamation No.1178/2020, a proclamation to provide Prevention and Suppression of Trafficking in Persons and Smuggling of Persons.

[73] olitti yaadamnno lak.26

bakka bu'insi ifatti kennamuu dhabuun rakkoo akka ta'ee dha. Kanis dhimmichi xiyyeeffannoon akka hin hojjetamne taasiseera kan jedhu ka'eera.[74]

Gama biraan, tumaan labsichaa keewwatni 2(12) 'Poolisii' jechuun poolisii federalaa yookiin poolisii naannoo dhimmcha akka hojjetuuf aangoon bakka bu'iinsaa kennameef akka ta'e tuma. Tumaan afaan ingiliizii isaa haala itti aanuun taa'eera. *"Police means Federal Police or Regional State Police to whom the power of Federal Police is delegated with respect to this Proclamation."* Haala jiru kanaan tumaan kun yoo ilaalamu dhimmoota yakka labsicha keessatti tumaman qorachuun dura naannoleen(poolisiin naannolee) addatti aangoo bakka bu'ummaa argachuun waan barbaachisu fakkaata. Yoo akkas ta'e ammoo addatti dhimma kanaaf aangoon qorannoo poolisii naannootiif dhimma kana irratti qorachuuf aangeffamtee jirta kan jedhu akkasumas qaama himata dhiyeessu Biiroo Abbaa Alangaatiif addatti aangoo kennuun barbaachisaa akka ta'etti hubatama. Qabatamaan kun ta'ee hin jiru waan ta'eef hojii ittisaa fi to'annoo yakkichaa irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu isaati. Kanaan walqabatee aangoo seeraa hiikuu(aangoo abbaa seerummaa) sadarkaa calqabaa yakkoota labsii kana keessatti tarreeffamanii immoo mana murtii federaalaa sadarkaa duraa (federal first Instance court) dhaaf kan kenname yoo ta'u,[75] kun immoo bakka bu'ummaa dhaan (by delegation ) manneen murtii ol'aanoo naannolee kan qaban akka ta'e qajeeltoo heeraa irraa kan hubatamuu dha.[76]

Kutaan lammaffaa keewwata 3 irraa jalqabee kan jiru yoo ta'u; dhimmootni akka namootaan daldaluu, namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fi seeraan ala hojiidhaaf jecha biyyaa baasuun yakkoota akkamii akka ta'an, akkasumas yakkoota kanniin gabaasuu dhabuun yakkaan kan adabsiisu ta'uu dabalatee dhimmootni hedduun kutaa keessatti ibsamee dha. Akka qabiyyeetti dhimmootni kutaa kana jalatti tumaman istaandardii pirotookooliin akka addunyaatti dhimmichaan walqabatee jiruu fi biyyi keenyas miseensa itti ta'uun mirkaneessiteen kan walsimuu dha. Osoo Labsii Taaksii Eksaayizii Labsii Lak. 1229/2020 keessatti hin fooyya'iin akka hanqina labsichaatti ilaalamaa kan ture keessaa tokko gochoota akka fo'annaa fi filannoo, daddabarsaa akkasumas tursiisa namootaa akka kutaa yakkaa godhee tumuu dhabuu labsichaati.

[74] olitti yaadannoo lak.26
[75] olitti yaadannoo lak.25, kwt. 42(1)
[76] olitti yaadannoo lak. 65, kwt. 80(4)

Haa ta’u malee, labsiin taaksii eksaayizii isaan kana haala armaan gadiitiin waan fooyyesseef rakkoon gama sanaan jiru furameera.

***Corrigendum 11/2013***

*Prevention and Suppression of Trafficking in Persons and Smuggling of Persons Proclamation No.1178/2020 on Article 3(2) reads as follows any person who recruit, transport, harbor, hide or receipt another person to deliver at the place of destination or outside territory of Ethiopia, by means of threat or use of force or ather means of coercion,or of abduction, of fraud of deception, of abuse of power, or of position of vulnerability or by the giving or receiving payment of benefits to achieve the consent of a person having control over the person for the purpose of exploitation provided under sub-article (1) of the article shall be punishable with rigorous imprisonment from seven years to twelve years and with fine from twenty thousand to one hundred thousand birr.* [77]

Ibsi olitti teechifame kun gara Afaan Oromootti yoo hiikamu “Namni kamiyyuu doorsisaan yookiin humnaan, yookiin mala dirqisiisuu birootiin, yookiin butuun, gowwoomsuun, aangootti seeraan ala fayyadamuun, yookiin saaxilamummaa nama sanaa fayyadamuun yookiin kaffaltii faayidaa kennuun yookiin fudhachuun hayyama nama san irratti aangoo to’annoo qabuu argachuun bakka gahumsaa yookiin Itoophiyaan alatti geessuuf kan bobbaase, geejjibsiise, dhokse yookiin fudhatee kaayyoo labsichaa keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame kan raawwate yoo ta’e hidhaa cimaa waggaa 7 hanga waggaa 12 fi adabbii maallaqaa qarshii 20,000 hanga 100,000 kan adabamu ta’a kan jedhuu dha.

Kana irraa kan hubatamu qeeqni labsii kana irratti gama istaandardii pirotookoolii paalermoo hin guutu jedhamee irratti ka’u kan furame ta’uu isaati. Akka waliigaalatti gama qabiyyee labsichaatiin hanqinni jira jedhamu hangas mara akka hin jirre daataan af-gaaffiiwwan iddoo adda addaatti gaggeeffaman irraa argames ni agarsiisa.[78] Ta’us, ogeessotni af-gaaffin waliin gaggeeffame dhimmoota hanqina labsichaati jedhan haala armaan gadiin kaasaniiru.

[77] Proclamation No. 1229/2020, Excise Tax Amendment Proclamation Corrigendum 11/2013, Federal Negarit Gazette No. 6 December 2nd, 2020.

[78] Af-gaaffii Mihiret Balaay Dursituu Garee Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu Ministeera Haqaa waliin gaafa 14/6/2015 gaggeeffame; Taammiree Shubbee Qindeessaa KTAS Mana

Labsii lak.1178/2020 keessatti gochootni yakka namootaan daldaluu jedhamanii tumaman biyya keessatti yoo raawwatamanii fi gara daangaa biyyaa ceesisuun yoo raawwataman haaluma tokkoon ilaalamee adabbiin isaa tokko ta'uun sirrii miti kan jedhan ni jiru.[79] Warri dhimmi yakka namootaan daldaluu biyya keessatti raawwatuu fi kan biyya alaa akka tokkotti ilaalamuu hin qabu jechuun, labsichi gama kanaan hanqina qaba jedhan miidhaan isaan geessisan adda addaa ta'uu akka sababaatti kaasu. Gama biraan, ammoo haalli qabatama biyya keenyaas maatiin daa'ima walirraa fuudhatee daa'imas gargaaraa humna daa'imman sana bifa miidhuu hin dandeenyeen haalli itti fayyadaman bal'inaan jira kan jedhu irraa ka'u. Kanuma irraa ka'uunis manneen murtii murtiilee haala wal hin fakkaanneen murteessaa akka jiran kaasu.[80]

Qabatamni biyya keenyaa, keessattuu Naannoo Oromiyaa, fakkeenyaaf kan akka Godinoota Arsii fi Baaleetti hawaasni ijoollee firaa of bira kaa'ee barsiisaa hojii ijoolleen hojjetu hojjechiifatu. Yeroo waldhabbiin maatii lamaan gidduutti uumametti yakka kanaan wal himachuun bal'inaan mu'lata.Waan ta'eefuu, labsichi dhimmoota akka kanaa yaada keessa osoo hin galchin akkuma isa gara biyya alaatti erguun ykn namootaan daldaluu biyyaan alaa ija tokkoon ilaaluun hanqina labsichaati kan jedhu yaada namootni hedduun kaasanii dha.[81]

Kanumaan walqabatee labsichi haala addaan ilaaluu dhabuu irraa ka'uun namootni gaafa waldhabbiin uumame labsichaan himatamaa waan jiraniif yeroo ammaa namootni nama karaa irraa fuudhee guddisuullee sodaachaa akka jiran ka'eera. Gama biraan, sodaa yoo wal dhabbiin xiqqoo jiraate yakka namootaan daldaluun himataman namni wal gargaaruullee baqachaa fi didaa jiru waan ta'eef labsichi osoo qabatama naannoo fi biyya aadaa jiru yaada keessa galchee

---

Murtii Ol'aanaa Godiana Harargee Bahaa fi Razmii Bakrii A/s Dhaddacha Yakaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa walin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame. Asnaddin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/A fi bakka bu'aa dhimma namootaan daldaluufi seeraan ala nama daangaa ceesisuu waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[79]Af-gaaffii Darajjee Fayyee fi Tolaa Hirkoo Abbootii Seeraa MMWO Garee Dhimma Yakkaa waliin gaafa 14/6/2015 gaggeeffame; Abduraazaaq Abdulqaadir, Qinddeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa Baalee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Magarsaa Kumsaa A/A Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame.

[80] Af-gaaffii Asladdin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajira A/A Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/A fi bakka bu'aa dhimma namootaan daldaluufi seeraan ala namoota daangaa ceesisuu waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[81]Af-gaaffii Darajjee Fayyee fi Tolaa Hirkoo A/S MMWO Garee Dhimma Yakkaa waliin gaafa 14/6/2015 gaggeeffame.Abduraazaaq Abdulqaadir, Qinddeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa Baalee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Magarsaa Kumsaa A/A Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame.Taammiree Shubbee Qindeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa fi Ramzii Bakrii A/s dhaddacha yakaa mana murtii ol'aanaa godina Harargee Bahaa walin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

gaariidhaan yaada namoota yakki namootaan daldaluu kan biyya keessaa fi gara alaatti erguun raawwatamu adabbii walfakkaatu qabaachuu hin qabu jedhanii dha.[82]

Gama biraan, yakki namootaan daldaluu bakka itti raawwate irratti hundaa'uun adabbiin adda bahuun sirrii miti jechuun labsichi adda baasuu dhabuun hanqina ta'uu hin danda'u yaadni jedhus ka'eera.[83] Rakkoon gama kanaan jiru namootni ittiin wal miidhuuf waan isaan raawwatan yoo ta'u, inni kun adeemsa qorannoon dhimma adda bahuu qabu akka ta'e ka'eera. Qabatama jiruunis gochoota godaansa seeraan alaatiin walfakkaatan duguuganii gara yakkichaatti harkisuun labsii kanaan himachuun jiraachuu dha.[84] Nutis akka qorattootaatti gochoota yakka namootaan daldaluu ta'an iddoo isaan itti raawwataman [biyya keessatti yookiin alatti ceesisuun] jedhamee adabbiin adda baheen labsiin tumamuun barbaachisaa miti yaada jedhu qabna. Rakkoon kun kan mul'atu qorannoo sirnaan gaggeessuu dhabuu irraa kan madduu dha. Yeroo qorannootti gochootni raawwatamanii fi haalli raawwii isaanii ulaagaawwan yakka namootaan daldaluuti jedhee labsichi teechise yaada keessa galchuun qorachuu dhabuutu jira.[85] Akkas ta'uun isaa ammoo dhimmootuma ulaagaa gochichaa hin guutne yakkichaan akka himatamaniif karaa kan banu waan ta'eef qorannoo yakkoota kanneenii irratti xiyyeeffachuun rakkoo namni labsii kanaan walmiidhuuf deemu hambisuu yookiin salphisuun ni danda'ama. Kanaafuu, Kaayyoon namatti garmalee fayyadamuu sun maaliif akka ta'e wayta qorannaan yakkoota kanneenii gaggeeffamu sirnaan ilaalamuu dhabuudha malee hanqina labsichaati jedhanii fudhachuun nama rakkisa.

Akka hanqina labsichaatti kan ka'e inni biraan, labsichi nama ofii fedhee karaa seeraan alaan kaffalee gara biyya alaatti bahu osoo hin adabiin hafuu isaati. Namni sossobbaa malee gara biyya alaatti na baasi jedhee ofiin dallaalaa barbaadee karaa seeraan alaa kan bahu yoo ta'e, nama namoota akkasiif haala mijeesse (dallaala) qofa adabuun yakkicha ittisuu fi to'achuun kan

[82] Af-gaaffii Darajjee Fayyee fi Tolaa Hirkoo A/seeraa MMWO garee dhimma yakkaa waliin gaafa 14/6/2015 gaggeeffame. Gazzuu Baqqalaa A/S Mana murtii Ol'aanaa Godinaa Shawaa Kibba Lixaa walliin gaafa 25/05/2015 gaggeeffame.

[83] Af-gaaffii Mihiret Balaay Dursituu Garee Yakkoota Namootaan Daldaluu Fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu Ministeera Haqaa waliin gaafa 14/6/2015 gaggeeffame.

[84] Af-gaaffii Gazzuu Baqqalaa A/S Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa Shawaa Kibba Lixaa walliin gaafa 25/05/2015 gaggeeffame.

[85] Af-gaaffii Xilaahun Darajjee, Daayirekera Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa, Siisaay Tasfaayee Qindeessaa Daayirektoreetii Dhimmoota Yakkaa Adda Addaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa, Girmaa Taaddaasaa fi Naahom Waaqumaa Abbootii Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa waliin gaafa 20/7/2015 gaggeeffame.

hin danda'amne ta'uu isaati. Kunis namni ala bahuu yaalu sun yoon carroome nan baha yoon carroomuu baadhes itti hin gaafatamu jechuun ittisa yakkichaa irratti rakkoo uumuun godaansa immoo kan hammeessu ta'uu akka danda'u ka'eera.[86] Gama biraan qorannoon Dhaabbata Godaansa Addunyaa (IOM) tiin gaggeeffame tokkos nama karaa seeraan alaatiin bahuuf ofiin barbaadee deemu adabuu dhabuun yakkicha akka hammeesse agarsiisa.[87]

Inni kun garuu seerota jiran sirnaan hojiirra oolchinaan dhimmichi furmaata kan argatu akka ta'e ogeessotni tokko tokko kaasaniiru.[88] Seera Yakkaa Itoophiyaa, labsii lak.414/2004 yoo ilaalles gochootni seeraan ala daangaa biyyaa seenuu, bahuu fi biyya keessa jiraachuun yakka taasiseera. Kunis namni kamiyyuu itti yaadee seera mootummichaa darbuun biyyaa kan ba'e, gara daangaa biyyattii kan seene, yookiin biyyattii keessa kan jiraate yoo ta'e, hidhaa salphaan ykn adabbii maallaqaatiin ykn lamaaniinuu ni adabama jechuun tumameera.[89] Waan ta'eefuu, gochootni akkasii yeroo uumamanitti yakkaan gaafachuun kanneen biroo akka irraa baratan taasisuun kan danda'amu ta'uu isaati. As irratti seerri yakkaa hojirra kan oolu nama daangaa ceeyee san adabuuf qofa dha.

Dhimma beenyaa fi akkaata qarshiin miidhamtootni kaffalan itti deebiyuuf irrattis labsiin ifa miti jechuun yaadni ka'eera. Keessattuu, maallaqni ni dhaalamaa fi fandii dhimmichaaf qophaa'eetti galii ta'aa malee warra kaffaleef ni deebi'a kan jedhu akka hin jirre kaasu.[90] Waan ta'eefuu, falmiin dhoorka maallaqaa irratti ka'ee gara mana murtii deemee miidhamtootni nuuf haa deebi'u gaafa jedhan rakkoon kan mul'atu akka ta'e ka'eera. Kanaan walqabatee akka qorattootaatti labsicha yoo xiinxallu dhimmichaaf furmaata kan kennu akka ta'e nutti mul'ata. Tumaa labsichaa keewwata 20 jalatti qabeenya yakka labsicha keessatti tumaman raawwachuun argame jedhamee shakkame akka hin sochoone dhorkuun akka danda'amu tumameera. Keewwata 20 (1-6) jalatti adeemsa ittiin dhorkamu dabalatee tumameera. Haaluma kanaan,

---

[86]Af-gaaffii Darajjee Fayyee fi Tolaa Hirkoo A/s MMWO Garee Dhimma Yakkaa waliin gaafa 14/6/2015 gaggeeffame.
[87]International Organization for Migration (IOM), 2021.They Snatched From My Own Cry: The Interplay of Social Norms and Stigma in Relation to Human Trafficking in Ethiopia.
[88]Af-gaaffii Girmaa Taaddaasaa fi Naahom Waaqumaa Abbootii Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa waliigalaa waliin gaafa 20/7/2015 gaggeeffame.
[89] Proclamation No.414/2004, The Criminal Code of the Federal Democratic Republic of Ethiopia Article 243(1)(a). As irratti keewwanni 243(1)(b), (2), (3) garuu Labsii Lak.1178/2020 dhaan haqamuun isaa dagatamuu hin qabu.
[90]Af-gaaffii Magarsaa Kumsaa A/A Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame. Anteenee Girmaa, A/A Godina Baalee kan dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi godaansa seeraa alaarratti bakka bu'e waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame.

poolisiin osoo himanni shakkamaa irratti hin dhiyaatiin yookiin abbaan alangaa erga himata hundeessee qabeenyi yakkicha waliin hidhata qabu akka dhorkamu iyyata mana murtiitti dhiyyeessuu akka qabu keewwata 20(2) jalatti tumameera. Haala addaan waajjirri abbaa alangaa dhimmicha irratti murtii kennuuf aangoo qabu yeroo sa'atii 72 hin caalleef qabeenya dhorkuun sababa isaa mana murtiif akka ibsu labsicha keewwata tumeera 20(5) jalatti tumameera. Manni murtiis murtii sa'atii 72 osoo hin dhumiin murtii dhorkichaan walqabatee murtii itti fakkaate kan dabarsu ta'a.

Qabeenyi haala kanaan dhorkame yoo himatamaan yakka sanaaf balleessaa jedhame yookiin sababa akka himatamaan baduu, du'uu fi sababa biroon himanni ka'e garuu qabeenyichi yakka sanaan kan walqabatu ta'ee akka dhaalamu keewwata 21(1) jalatti tumameera. Gama biraan, labsicha keewwata 26 jalatti manni murtii nama yakka sana raawwate adabuutti dabalee nama miidhameef beenyaa akka kaffalu murteessuu akka danda'u tuma. Beenyaan kunis miidhaa irra gaheef ta'ee dhimmoota akka miidhaa hamilee xiinsammuu, yaalaaf ta'uu akka danda'u ibsuun, haala kamiinuu beenyaan murtaa'u garuu hanga miidhamaan yakkamaaf kaffaleen gadi ta'uu akka hin qabne keewwata 26(3) jalatti tumeera. Kanarraa kan hubachuun danda'amu dhimma beenyaan walqabatee miidhamaaf haalli itti deebi'u, labsichaan hin teenye jechuun kan hin danda'amne ta'uu isaati.

Labsichi mana maree hundeessuura darbee ittisnii fi to'annoon yakkoota kanneeniif tumsa qaamota adda addaa kan barbaadu waan ta'eef tumsa gamataa keewwata 35 irratti hundeesseera. Tumsi gamtaa kun ministera haqaatiin kan hoogganamu ta'ee seekteraalee manni maree olitti hundeeffame of jalatti hammatee qaba. Qabatamaanis tumsi gamtaa akka federaalaatti hundaa'e dhimmoota adda addaa irratti hojjetaa akka jiru gabaasni tumsa gamtaa bara 2022 ni agarsiisa.[91] Gabaasni tumsa gamtaa kanaan qophaa'e akka ibsutti, tumsi gamtaa garee adda addaatti ijaaramuun dhimma ittisaa fi too'annoo yakkoota kanneenii irratti hojjetaa kan jiru ta'uu agarsiisa.

[91]The Federal Democratic Republic of Ethiopia National Report on the Implementation of the Global Compact on migration For the International Organization for Migration (IOM) National Partnership Coalition (NPC) Addis Ababa March 2022.

*National Partnership Coalition (NPC) with new members agencies such as e.g. the Diaspora Service, National Bank, and other institutions), the NPC is meant to focus on the whole range of migration issues, while its mandate was formerly restricted to the counter-trafficking response. The NPC ensures the presence of a whole of government and whole of society approach to migration management, with members ranging from government agencies to non-governmental organizations, faith-based organizations and UN agencies, spread across six thematic working groups (Awareness and Overseas Employment, Crime Prevention and Law Enforcement, Victims Protection and Reintegration, Diaspora Engagement and Development, Migration Data Governance, Migration Research and Study.*[92]

Labsichi naannoleenis tumsa gamtaa hundeessuu akka qaban keewwata 35(5) jalatti tumaa dirqii teechiseera.[93] Akka hanqina seeraatti kan nuti ilaalle qaamoleen tumsaa gamtaa jedhaman bifuma caaseffama kan federaalaa fakkaatuun akka naannootti kan hundaa'e ta'us seerri tumsi gamtaa kun ittiin hojjetu bahuu dhabuu dha. Caaseffamni tumsa gamtaas bifa kan federaalaa fakkaatuun garee jahatti[94] qoodamuun hundaa'eera. Gareewwan jahan kana keessaa hanga ta'e socho'aa kan jiru garee sadii qofa akka ta'e daataan af-gaaffii ni agarsiisa.[95] Gareewwan hanga ta'e socho'aa jiran kanis: garee hojii hubannoo uumuu, jijjiirraa amalaa fi bobbii hojii biyya alaa fi misoomaa; garee hojii ittisa yakkaa fi kabachiisaa seeraa; garee hojii deeggarsaa fi deebisanii dhaabuu miidhamtootaa akka ta'eedha. Qabatamaanis akka naannoo Oromiyaatti tumsi gamtaa godinoota

---

[92]The Federal Democratic Republic of Ethiopia National Report on the Implementation of the Global Compact on Migration for the International Organization for Migration (IOM) National Partnership Coalition (NPC) Addis Ababa March 2022.

[93] Artilce 35(5) of Proclamation No. 1178/2020 reads as follows: "The Regional States, to implement this law, shall establish Regional Partnership Coalitions incorporating bodies relevant to their respective context and to be led by the justice bureaus."

[94]Akka Wixinee Dambii Hundeeffama Mana Maree fi Tumsa Gamtaa Ittisaa fi To'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Alaan Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf qophaa'e keessatti ibsametti, Tumsa Gamtaa jalatti gareewwan hojii 6 gurma'aaniiru. Isaanis: Garee Hojii Hubannoo Uumuu, Jijjiirraa Amalaafi Bobbii Hojii Biyyaa Alaa fi Misoomaa;Garee Hojii Ittisa Yakkaa fi Kabachiisaa Seeraa; Garee Hojii Deeggarsaa fi Deebisanii Dhaabuu Miidhamtootaa; Garee Hojii Dhimma Hirmaannaa fi Misoomaa Diyaaspooraa;Garee Hojii Bulchiinsa Odeeffannoo Godaansaa; Garee Hojii Qo'annoo fi Qorannooti.

[95] olitti yaadannoo lak. 85.

Oromiyaa hunda keessatti kan hin hundoofne ta'uu fi hojiitti akka hin galle daataan af-gaaffiin ni agarsiisa.[96]

Gareewwan kunniinis dhimmichaaf addatti xiyyeeffannoon waan kennameef osoo hin taane gahee manni hojii isaanii qabu waliin walqabatee hojiidhuma idilee isaanii waan ta'eef socho'aa kan jiran akka ta'e ka'eera.[97] Garee akka barbaadametti hin sochoones itti gaafatamummaa seerri ittiin hordofsiifamu kan hin jirre waan ta'eef seerri dhimma kana akka naannootti bulchu hanga yoonaa bahuu dhabuun akka hanqina seeraa tokkotti kan fudhatamuu dha.

Kun akkuma jirutti ta'ee garuu gaheewwan hojii kallaattiin labsiin qaama raawwachiistuu itti kenneen kan walqabu gama sanaan ilaaluun hanqinaalee raawwii gama sanaan jiru furuun ni danda'ama.

## 3.2. Hojiiwwan Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuuf Hojjetamaa Jiran

Mata duree kana jalatti caasaalee ittisaa fi too'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu irratti sadarkaa federaalaa akkasumas naannoo Oromiyaatti hojjetanii fi haala hojimaata isaaniitu xiinxalame.

### 3.2.1. Sadarkaa Federaalaa

Yakkoota namootaan daldaluu, namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fi hojiif jecha karaa seeraan alaatiin namoota biyya alaatti erguu ittisuu fi too'achuuf caasaaleen akka federaalaatti diriiranii fi hojimaanni isaanii maal akka fakkaatu mata duree xiqqaa kana jalatti ilaalameera.

Labsiin lak.1178/2020 gochoota yakkaa tumuutti dabalee ittisaa fi too'annoon yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti qaamolee hojjetanii fi gahee

---

[96]Af-gaaffii Xilaahun Darajjee Daayirekera Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa, Siisaay Tasfaayee Qindeessaa Daayirektooreetii Yakkoota Adda Addaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa waliin gaafa 20/7/2015 gaggeeffame. Anteenee Girmaa, A/A Godina Baalee kan dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi seeraan alaan daangaa ceesisuu irratti bakka bu'e waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Girmaa Baalchaa, Dursaa Garee Godaansa Seeraan Alaa Waajira Hojjetaa fi Hawaasumaa Godina Baalee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Asnaddin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajjira A/A Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/A fi bakka bu'aa dhimma namootaan daldaluufi seeraan ala daangaa ceesisuu Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame. Ikraam Abdii Itti Gaafatamtuu Waajira Hojjetaa fi Hawaasummaa Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[97] olitti yaadannoo lak. 85.

hojii isaaniis tumeera.Fakkeenyaaf, manni maree dhimma ittisa yakkoota labsicha keessatti tumamanii irratti hojjetu sadarkaa federaalaatti labsiidhaan hundaayee jira.[98] Manni maree labsii kanaan hundaa'e itti aanaa muummicha ministeeraan kan hoogganamu ta'ee, ministeerota hedduu of keessatti kan hammatee dha. Labsichi naannoleenis mana maree walfakkaataa hundeeffachuu akka danda'an keewwata. 33(5) jalatti tumeera.

Labsicha kwt.34 jalatti aangoo fi gaheen hojii mana maree tumameera. Aangoo fi gahee hojii mana maree kanaa keessaa isaan gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

- ✓ Imaammata, seerota, fi tarsiimoo yakkoota namootaan daldaluu, namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu, seeran ala namoota biyya alaatti erguu ittisuu fi to'achuuf gargaaru maddisiisuu akkasumas dhimmoota kanneen irratti imaammata, seerotaa fi tarsiimoowwan akka maddisiisu qaamaa aangoon seeraan ifatti kennameef yoo jiraate qaama kanaaf qindeessuu fi erga ragga'een booda hojjiirra oolmaa isaanii hordofuu;
- ✓ Qajeelfama miidhamtoota baraaruu, deebiisanii dhaabuu, deeggarsa taasisuu, gara hawaasaatti ittiin makaman baasuu;
- ✓ Qaama buqqaatii biyya keessaa, godaansaa (refuge and migration) irratti hojjachuuf aangoo fi gahee hojii qabuuf imaammata, seerota, fi tarsiimoowwan maddisiisuu fi hojirra oolmaa isaa too'achuu;
- ✓ Kutaa hawaasaa godaansa, buqqaatti biyya keessaa, koolu galtummaa (refuge) dhaaf saaxilamoo ta'an ilaalchisee haala isaan itti gargaaramuu danda'an irratti qaamoolee hojiin fi itti gaafatamumman kun seeraan kennameef qindeessuun imaammata, seeraa fi tarsiimoon akka bahan taasiisuu fi yaada furmaata dhiyeessuun hojiira oolmaa isaanii hordofu akkasumas deeggarsa taasisuu;
- ✓ Tumsaa gamtaa biyyoolessaatiif qajeelfama kennuu fi sagantaa isaa mirkaneessuu, akkasumas qaawwa uumame yoo jiraate guutuu; hojimaata keesssoo isaa fi walitti dhufeenya tumsa biyyoolessaa waliin qabu irratti qajeelfama qopheessuu fa'adha.

Sadarkaa federaalaatti Tumsi Gamtaa Biyyoolessaa (National Partnership Coalition) labsiidhuma kanaan hudaa'eera.[99] Bu'uura labsii kana keewwata 33(3) fi 35(3) tiin miseensonni tumsa

[98] olitti yaadannoo lak.25, kwt.33(1)
[99] olitti yaadannoo lak.25, kwt. 35(1)

gamtaa biyyoolessaa kan tarreeffaman akkuma jiraniitti ta'anii[100], baay'inni miseensota tumsa gamtichaa qajeelfamaan itti dabalaman lakkoofsaan hanga 18 ta'an tarreeffamanii jiru.[101]

Caasaa keessoo tumsa gamtichaa fi adeemsa hojii ilaalchisee, manni maree ittisaa fi too'annoo yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu federaalaa qajeelfama baasuu akka danda'u labsiin kun ni hayyama.[102] Haaluma kanaan bara 2013 A.L.I keessa manni maree godaansaa federaalaa qajeelfama caasaa keessoo fi adeemsa hojii qajeelchu tumeera.[103] Tumsi gamtaa naannolee kan biiroolee abbaa alangaa waliigala naannoleetiin durfamu waggaatti yeroo tokko tumsa gamtaa federaalaatiif gabaasa ni dhiyeessu.[104] Tumsa gamtaa sadarkaa federalaatti garee jaha kan gahee hojii adda addaa qabu ijaaramee hojii irra kan jiruu fi hojii qabatamaa hojjataa kan jiruu dha.[105] Gareewwan hojii tumsa gamtaa biyyoolessaa jalatti hundaayan kunneen armaan gadiiti:[106]

- ✓ Garee Hojii Hubannoo Uumuu fi Bobbii Hojii Biyya Alaa,
- ✓ Garee Hojii Ittisa Yakkaa fi Kabachiisaa Seeraa;
- ✓ Garee Hojii Eegumsaa fi Deebisanii Dhaabuu Miidhamtootaa;
- ✓ Garee Hojii Dhimma Hirmaannaa fi Misoomaa Diyaaspooraa;
- ✓ Garee Hojii Odeeffannoo fi Bulchiinsa Godaansaa; fi
- ✓ Garee Hojii Qo'annoo fi Qorannoo dha.

Gareewwan hojii tumsa gamtaa kunniin erga hundaayanii hojiitti galanii calqabee hojiilee san dura hojjatamaniin walbira qabamee yoo ilaallamu jijjiiramni qabatamaa lafa irratti dhufe jira moo hin jiru kan jedhu qorannoo biroo kan gaafatu ta'us, hojiin qabatamaa kan akka hojii hubannoo uumuu, namoota deebisanii dhaabuu, odeeffannoo deebitootaa galmeessuu, dhaabbilee miti mootummaa waliin ta'uun deeggarsa miidhamtootaaf taasisuun hojjetamaa akka jiru daataan

[100] The Federal Attorney General, the Ministry of Foreign Affairs, the Ministry of Peace, the Ministry of Labor and Social Affairs, the Refugees and Returnees Affairs Agency, the Ministry of Women's, Children's and Youth Affairs, the Commission of Job Creation, the Ministry of Health, the Federal Police Commission, the National Bank, the Central Statistics Agency, the National Intelligence and Security Services, the Civil Societies Agency, Religious Institutions,

[101] መመሪያቁጥር 563/2013, የፍልሰት ብሔራዊ የትብብር ጥምረት አባላትንናየሥራ ቡድኖችን አደረጃጀት እና አሰራር ለመወሰን የወጣ መመሪያ, keewwata 4.

[102] olitti yaadannoo lak. 25.

[103] olitti yaadannoo lak. 101.

[104] Af-gaaffii Aaddee Wubrist Ashannaafii, abbaaa alangaa ministeera haqaa waliin gaafa 17/06/2015 gaggeeffame.

[105] Akkuma olii.

[106] olitti yaadannoo lak. 25. Kwt.5

af-gaafiin argame ni agarsiisa.[107] Kana malees hojii akka qophii wixinee akkaataa bulchiinsa fandii dhimma namootaa ykn miidhamtoota deebisanii dhaabuuf gargaaruu jalqabamee kan jiru ta'uu isaati. Deebisanii dhaabuun walqabatee dhaabbaattoonni miti mootummaa kan idil-addunyaa kanneen akka IOM fi dhaabbattoonni biyya keessaa kanneen akka abbaagaar fa'a deeggarsa taasisaa kan jiran ta'uun hubatameera.[108]

### 3.2.2. Sadarkaa Naannoo Oromiyaa

Mata-duree xiqqaa kana jalatti hojii ittisaa fi to'annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ilaalchisee hojiin akka Naannoo Oromiyaatti caasaa fi hojimaanni jiru maal akka fakkaatu kan ilaalamu ta'a. Hojiin ittisaa fi to'annoo yakkoota namootaan daldaluu, namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fi sababa hojiif jecha namoota seeraan ala gara biyya alaatti erguun akka Naannoo Oromiyaattis hojjetamaa jira. Labsiin dhimaa kana bulchuuf akka biyyaatti bahes[109] karaa qindoomina qabuun hojiin ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneen akka hojjetamuuf kan bahe ta'uu seensa labsichaa irraa ni hubatama. Caasaaleen hojii ittisaa fi to'annoo yakkoota kanaas akkaatuma kan federaalaa ta'uu akka qabu labsiin kun ni tuma.

Haaluma kanaan Sadarkaa Naannoo Oromiyaatti yakkoota namootaan daldaluu, namoota seeraan ala daangaa ceesisuu fi hojiif jecha karaa seeraan alaatiin namoota biyya alaatti erguu ittisuu fi too'achuuf caasaaleen akka naannichaatti ijaaramuuf yaalamanii jiru. Akkaataa Labsii lak 1178/2012 keewwata 33(5)'tiin Naannooleen Mana Maree Ittisaa fi too'annoo yakkoota namaan daldalauu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu naannoolee kan itti waamamni isaa pirezidaantii naannoleetiif tahe hundeeffachuu akka danda'an tumameera. Labsichi naannoleen mana maree hundeeffachuu qabu jechuun hin dirqamsiifne. Ta'us naannoleen hojii ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneeniif mana maree hundeessuun barbaachisaadha jedhanii kan amanan yoo ta'e hundeeffachuu akka danda'an kallattii kaa'e.

---

[107]Af-gaaffii Masaay Waldemaariyaam, Dursaa Garee Deeskii Namoota Godaansa Irraa Deebiyaniif Deeggarsa Taasisuu Ministeera Hojjetaa fi Hawaasummaa waliin gaafa 17/6/2015 gaggeeffame, Wubrist Ashannaafii, Abbaaa Alangaa Ministeera Haqaa waliin gaafa17/6/2015 gaggeeffame.

[108] olitti yaadannoo lak. 104.

[109] olitti yaadannoo lak.25

Qabatama Naannoo Oromiyaa yoo ilaalle, manni maree godaansa naannichaa osoo hin hundaayin kan hafee dha.[110] Sadarkaa biyyaatti hanga ammaatti mana maree godaansa naannoolee hedduu kan hin hundaayin akka ta'e ragaan ni ibsa. Hangaa ammaatti mana maree hundeessuu kan danda'an Mootummaa Naannoo Hararii, Naannoo Gaambeellaa fi Bulchiinsa Magaalaa Finfinneeti qofaa dha.

Labsiidhuma kana keewwata 35(5) jalatti naannooleen Tumsa Gamtaa Naannolee akkaataa qabatama naannoo isaaniitiin qaamolee rogummaa qaban kan hammatee fi Biiroolee Abbaa Alangaa Waliigalaa (Biiroolee Haqaa) Naannoleetiin kan hoogganamu hundeessuuf dirqama akka qaban tumameera. Kana irraa ka'uudhaan Mootummaan Naannoo Oromiyaa Wixinee "Wixinee Dambii Hundeeffama Mana Maree fi Tumsa Gamtaa Ittisaa fi To'annoo Yakkoota Namootaan daldaluu fi Namoota Seeraan Alaan Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa lakk…/2015" jedhamu qopheessee jira. Wixineen dambii kun haa qophaayu malee hanga ammaatti mana maree bulchiinsa naannichaatiif dhiyaatee osoo hin raggaasifamin kan jiruu dha waan ta'eef, miseensonni mana maree godaansa naannichaa, tumsa gamtaa akkasumas gareewwan hojii godaansa naannichaa hojiitti galuun akkaataa barbaaddamuun hojii qabatamaa hojjachaa akka hin jirre ragaan qorannoo kanaaf walitti qabame ni agarsiisa.

Asitti gaaffiin aangoo labsicha raawwachiisuuf dambii baasuun naannoon ni qabaa jedhu ka'uu mala. Nuti waa'ee tumsa gamtaa ittisaa fi too'annoo yakkoota kanneen irratti hojjetu hundeessuu bu'uura labsii lak.1178/2020 kwt.35tiin dirqama naannoolee irratti gatameeti malee kan aangoo dambii baasuu bu'uura labsii lak.1178/2020 kwt.46tiin tumamee jechaa kan hin jirre ta'uun hubatamuu qaba.

Hima biraatiin, dambichi waan hin raggaasifamneef miseensota kanneen dirqisiisuun akka hin danda'amne ragaan ni ibsa.[111] Kanaafuu, miseensota qaamota kanneen sirnaan hojiitti galchuuf hojii qabatamaa lafa irratti hojjachuuf wixineen dambii armaan olitti ibsame kun ragga'uu qaba. Miseensonni mana maree fi tumsa gamtaa akkasumas kanneen gareewwanii hojii isaan irraa

[110] Af-gaaffii Xilaahuun Darajjee, Daayiretara Dhimmoota Yakka Addaa Addaa Biiroo Abbaa Alangaa waliin gaafa guyyaa 20/07/2015 taasifame.

[111] Af-gaaffii Sisaay Taaddesee, Dursaa Garee Bobba'iinsa Hojii fi Ogeessa Godaansa Seeraan Alaa Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa Oromiyaa waliin gaafa 08/06/2015 gaggeeffame.

eeggamu fiixaan hin baane yoo ta'e immoo manni maree fi tumsi gamtaas hojii qabatamaa hojjachuu ni danda'a jechuun hin danda'amu.

Akkataa Wixinee Dambichaa Kwt.5 tiin manni maree godaansaa naannichaa kan hundaayuu fi gahee fi aangoo hedduu kan qabuu dha. Haaluma kanaan gocha yakkoota namaan daldaaluu, karaa seeran alaatiin daangaa ceesisuu fi hojiif jedhamee seeraan alaan gara biyya alaa erguu ittisuu fi too'achuu ol'aantummaan qindeessu, itti waamamani mana maree godaansaa Pirezidaantii naannichaatiif ta'a, manni marichaa itti aanaa pirezidaantiitiin kan hogganamu akka ta'e ibsa.

Wixineedhuma Dambii kanaa kwt.13 jalatti gareewwan hojii gara garaa hundaa'aniiru. Isaanis:

- ✓ Garee Hojii Hubannoo Uumuu, Jijjiirraa Amalaa fi Bobbii Hojii Biyya Alaa fi Misoomaa;
- ✓ Garee Hojii Ittisa Yakkaa fi Kabachiisaa Seeraa;
- ✓ Garee Hojii Deeggarsaa fi Deebisanii Dhaabuu Miidhamtootaa;
- ✓ Garee Hojii Dhimma Hirmaannaa fi Misoomaa Diyaaspooraa;
- ✓ Garee Hojii Bulchiinsa Odeeffannoo Godaansaa;
- ✓ Garee Hojii Qo'annoo fi Qorannoo hundeessuuf akka yaadame ni hubatama.

Haaluma kanaan gareewwan kanneen hundeessuuf yaaliin qabatamaa haa taasifamu malee gareewwan kun haala barbaadamuun hojirra jiru jechuun hin danda'amu. Gareewwan kanneen keessaa yeroo amma hojii irra kan jiran gareewwan sadii qofa akka ta'an ragaan tumsa gamtaa naannichaa irraa argame akka ibsu daataan qorannoo kanaaf walitti qabame ni ibsa. Gareewwan hojii keessa jiran sadan immoo

- ✓ Garee Hojii Hubannoo Uumuu, Jijjiirraa Amalaa fi Bobbii Hojii Biyya Alaa fi Misoomaa;
- ✓ Garee Hojii Ittisa Yakkaa fi Kabachiisaa Seeraa;
- ✓ Garee Hojii Deeggarsaa fi Deebisanii Dhaabuu Miidhamtootaati.[112]

---

[112]olitti yaadannoo lak. 110.

Gareewwan sadan hojiitti galan kunis sababa gaheen isaanitti kenname kun hojii idilee labsii qaama raawwachiiftuu hundeessuuf bahe Labsii Lak.242/2014 irratti akka gahee hojii idilee isaanitti kennameef hojitti kan galan malee sababa seerri dirqisiisaan isaan dirqisiisu jiruufi miti.Tumsi Gamtaa Naannoo keennaa sadarkaa naannootii calqabee hanga aanaatti hundaayuu akka qabu wixinee dambii kana irraa hubachuun ni danda'ama. Haaluma kanaan sadarkaa naannootti hundeessuuf yaalamee jira. Akka Oromiyaatti tumsi gamtaa sadarkaa godinaaleetti, Godinoota afur keessatti qofa hundeessuuf yaaliin kan godhame ta'us, hanga ammaatti haala barbaadamuun miseensonni tumsichaa hojiitti galuu hin dandeenye.[113]

### 3.3. Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namaan Daladaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuun Walqabatee Hanqinoota Jiran

Yakkootni namootaan daldaluufi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu babal'achaa akka jiru hog-barruuwwan ni agarsiisu. Yakkoota kunneen ittisuu fi too'achuuf tarkaafiwwan adda addaa akka addunyaattis ta'e akka biyyaa akkasumas naannoo Oromiyaatti fudhatamaa turaniiru.Ta'us dhimmichi haga barbaadamu kan ittifamee fi to'atame miti. Hojiin ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneen irratti hojjetamaa jiru akka hin milkoofneef wantootni adda addaa gumaachaa akka jiran daataan af-gaaffii irraa argame ni agarsiisa**.** Qindoominni qaamolee addaa addaa waliin jiru laafaa ta'uu[114], qorannoo yakkoota kanneenii irratti rakkoon jiraachuu[115], xiyyeeffannoon dhimmicha irratti gama mootummaan kennamu laafaa ta'uun[116] akka fakkeenyatti kan eeramanii dha.

---

[113] olitti yaadannoo lak 110.

[114]Af-gaaffii Insp. Kaasahun Baamilaak Abbaagaaroo qorataa yakkaa kutaa yakkoota addaa addaa Waajjira Poolisii Godinaa Arsi Lixaa fi saaj.ol Mitikkee Geetachoo Qindeessituu Qorannoo Yakka Dubartootaa fi Daa'immanii Waajjira Poolisii Godina Arsii Lixaa waliin gaafa 1/6/2015 gaggeeffame. Saaj.Ol'aanaa Tasfuu Taaddasaa, qorataa yakkaa Waajjira Poolisii Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[115]Af-gaaffii Taammiree Shubbee Qindeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godiana Harargee Bahaa fi Raamzii Bakrii A/seeraa Dhaddacha Yakkaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame. Seenaa Zawudee fi Darajjee Daddafoo Abbootii Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Arsii Lixaa waliin gaafa 1/6/2015 gaggeeffame. Ins. Ol. Damissee Maadariyaa Itt/Aanaa Daayirekteera Yakkoota Adda Addaa Komishinii Poolisii Oromiyaa fi Ins. Milkeessaa Bayyanaa Itti Aanaa Daayirekteera Ajjeechaa fi Balaa Tiraafikaa Komishinii Poolisii Oromiyaa waliin gaafa 8/6/2015 gaggeeffame.

[116]Af-gaaffii Ins. Ol.Damisee Maadariyaa Itti Aanaa Daayirekteera Yakkoota Adda Addaa Komishinii Poolisii Oromiyaa fi Ins. Milkeessaa Bayyanaa Itti Aanaa Daayirekteera Ajjeechaa fi Balaa Tiraafikaa Komishinii Poolisii Oromiyaa waliin gaafa 8/6/2015 gaggeeffame. Caaltuu Hasan, I/G/Waajjira Boordii Dhiifamaa fi Mirga Namoomaa fi Tumsa Gamtaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa; Mahaammand Ziyaad, A/Alangaa Boordii Dhiifamaa fi Mirga Namoomaa Biiroo A/Alangaa Waliigala Oromomiyaa; Faantaayee Taaddasaa, Daayirektera Daayirektoreetii Babal'ina Bobbahinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaa; Geetachoo

### 3.3.1. Hanqina Hubannoo

Labsii ittisaa fi too'annoo namootaan daldaluu fi namoota karaa seeraan alaan daangaa ceesisuu labsii lakk.1178/2020 hojiirra oolchuun walqabatee rakkoon jiru inni biraan hubannoon ogeessota biratti bifa walfakkaataan jiraachuu dhabuu dha.[117] Inni kun abbootiin seeraas ta'e abbootiin alangaa fi qorattoota poolisii biratti ni mul'ata. Gama abbootii alangaatiin dhimmoota qabatamoo irraa akka hubatamutti yakkoota namootaan daldaluu hin taane akka waan yakkoonni namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu raawwatameetti labsii lak. 1178/2020 jalatti himachuun kan mul'atu yoo ta'u dha.[118]

---

Guddisaa, Dursaa Garee Bobbahinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaa Fi Hawaasummaa Oromiyaaa waliin gaafa 13/3/2015 gaggeeffame.

[117] Af-gaaffi Anteenee Girmaa, A/A Godina Baalee kan dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi godaansa seeraa alaarratti bakka bu'e waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Magarsaa Kumsaa A/A Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame. Asladdin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajira A/A Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/A fi bakka bu'aa dhimma namootaan daldaluufi seeraan ala nama daangaa ceesisuu Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame. Abduraazaaq Abdulqaadir, Qinddeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa Baalee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame.Mahammad Nashaa A/Seeraa fi Gaggeessaa Dhimma Yakkaa MMO Godina Arsii Lixaa waliin gaafa 1/6/2015 gaggeeffame. Zahaaraa Muhaammad Ittigaafatamtuu W/A/A/Godina Jimma fi Waakjiraa Addunyaa Lijee Abbaa Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaa waliin gaafa 22/05/2015 gaggeeffame; Girmaa Jootee Abbaa Seeraa fi Gaggeessaa Dhimmoota Yakkaa MMO Godina Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 26/05/2015 gaggeeffame.

[118] Fakkeenyaaf, Lak.Galmee 61204, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaa dhaddhach dhimma yakkaa murtii gaafa guyyaa 04/04/2014 murtaaye irratti himatamaan miidhamtoota nama lama Godina Jimmaa, Aanaa Geeraa irraa fuudhee Godina Harargee Bahaa Magaalaa Harammayaa erga geessee boodaa asitti na eegaa ani magaalaa Dirree Dawaa dhaqeen haala isni biyya alaa itti deemuu dandeessan isiniif mijeessaa jechuun sobee osoo hin deebi'in waan hafeef, kanumaan miidhamtooonnis biyya alaa deemuun isaanii waan hafeef himatamaan yakka namoota seeraan ala daangaa ceesisuu raawwate jedhamee himatameera jechuun himannaan lama irratti dhiyaateera. Ragoonnis himatamaan biyya alaa isin geessa jechuun qarshii miidhamtoota irraa fuudhatee Magaaalaa Haramayyaatti gatee biraa kan bade ta'uu mirkaneessaniiru. Kun immoo kan agarsiisu himatamaan kun durumaaniyyu nama karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisu fakkaatee qarshii irra kan fudhatee dha malee sammuu yakkaa namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu raawwachuu kan qabuu miti. Sababni isaas osoo hin ceesisin hafuu kanaaf wanti fedhii isaatiin malee gidduu lixee yaada isa jijjiirsise osoo hin jiraatin ofumaa isaatii akka nama haala mijeessuu fakkaatee faayidaa maallaqaa miidhamtoota irraa kan fudhatee dha. Galmee kana irratti manni murtiis dhimmicha ilaalee SY kwt.692(1)tti jijjiiree jira**.** Dhimma kana gadi fageenyaan yoo ilaalle dhimmichi kan Labsii Ittisaa fi Too'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuuf Bahe Labsii Lak. 1178/12 jalatti ilaallamuu miti. Haa ta'u malee, Waajjirri Abbaa Alangaa Godina Jimmaa dhimmicha akka waan himatamaan yakka namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuuf yaalii raawwateetti himannaa kan dhiyeessee dha. Haaluma walfakkaatuun, Galmee Mana Murtii Olaanaa Godina Jimmaa, galmee lak. 62113 ta'e irratti daa'ima (miidhamaa) maatii miidhamaa jalaa gaafa guyyaa 08/11/2014 fuudhanii Godinaa Jimmaa Aanaa Shabee Samboo irraa fuudhee gara Magaalaa Finfinneetti kutaa magaalaa Aqaaqii geessuun mana jireenya isaa (himatamaa 1ffaa) keessaatti dhoksee hanga guyyaa 21/11/2014 tti erga tursiisee booda hordoffii poolisitiin kan argamee dha waan ta'eef himatamtoonni yakka namootaan daldaluu raawwatan jedhamanii himataman. Himannaan baname labsii Lak.1178/2012 jalatti akka waan himatamtoonni yakka namootaan daldaluu raawwataniitti galmeen kan saaqamee haa ta'uu malee sababa himatamtoonni fi maatiin miidhamaa lola qabaniif haaloo bayuuf daa'ima (miidhamaa) maatii miidhamaa jalaa fuudhanii kan tursiisan akka ta'e ragaan kan agarsiisu waan ta'eef, manni murtii keewwata jijjiiruun S/Yakkaa kwt.589(3) jalatti akka ofirraa ittisan ajaje.

Qorannoon yeroo gaggeeffamutti sirnaan adda bahee yakkoota labsicha jalatti tumaman keessaa isa kamtu akka raawwatame qorannoon sirnaan hin agarsiisu waan ta'eef, himata hundeessuurratti rakkoon ni mul'ata.

Gama abbootii seeraan ammoo baay'inaan labsicha jalaa baasuun gara seera birootti (seera yakkaa idileetti) deebisuutu mul'ata. Hojiirra oolmaa labsichaa irratti akka rakkootti kan ka'e kan biraan, murtii fi adabbii yakkoota daddabalamaa (yakkoota dachaa) dhaan walqabatee kennamu walfakkiin dhabamuu dha.[119] Keessattuu yakkichi namoota hedduu iddoo tokkotti miidhaa irraan kan gahu yoo ta'e, Seera Yakkaa kwt.60 waliin walqabatee murtiin walfakkaataan akka hin jirre ka'eera.[120] Abbootiin seeraa gariin yakka daddabalamaan walqabatee yaada yakkaa tokkoon kan raawwatame taanaan akka yakka tokkootti ilaalamee kan adabamu malee baay'ina himannaa ykn miidhamaatiin ta'uu hin qabu ijjannoo jedhu yoo hordofan,[121] gariin ammoo gocha yakkaa tokkoon miidhaan walfakkaataan namoota hedduu irratti yoo dhaqqabe baay'ina miidhamtootaa irratti hundaayuun [122] murtii fi adabbiin kennamuu qaba jechuun tokkoo tokkoo isaaniitiif dabbii kennuun walitti ida'uun murtii adabbii kan kennan waan ta'eef, hojimaanni wal fakkaataan kan hin jirre ta'uu isaati.

Fakkeenyaaf, dhimma Mana Murtii Ol'aanaa Harargee Bahaatti murtii argate tokko irratti[123] abbaan alangaa himata baay'ina namootaa seeraan ala daangaa ceesisuutiin miidhaman jedhe

[119]Af-gaaffii Taammiree Shubbee qindeessaa KTAS mana murtii Ol'aanaa godiana Harargee Bahaa fi Razmii Bakrii A/s dhaddacha yakaa mana murtii ol'aanaa godina Harargee Bahaa walin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[120] Af-gaaffii Taammiree Shubbee Qindeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godiana Harargee Bahaa fi Razmii Bakrii A/seeraa Dhaddacha Yakkaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[121] Fakkeenyaaf galmee Mana Murtii Ol'aanaa Harargee Bahaa Galmee lak.57161 ta'e irratti abbaan alangaa himannaa baay'ina miidhamtootaa irratti hundaayuun himaannaa hedduu kan dhiyeesse yoo ta'u, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa garuu himannaa tokko qofa jalatti balleessaa taasisuun adabbiis kenneera. Haaluma walfakkaatuun Galmee lak. 32711, Mana Murtii Ol'aanaa Go/Baalee irratti miidhamtoonni yakka namootaan daldaluu nama afur (4) waan ta'aniif, Waajjirri Abbaa Alangaa Godina Baalee himannaa afur himatamaa irratti haa dhiyeessu malee, manni murtii erga ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee booda, himatamaan yakkicha kan raawwate yaada sammuu tokkoon, tumaa seeraa tokko kan cabse waan ta'eef himannaa tokko jalatti kufuu qaba jechuun murtii balleessuummaa fi adabbii kan kennee dha.

[122] Galmee Lak.58393 kan gaafa 22/2/2015 Mana Murti Ol'aanaa Harargee Bahaan murtii argate ilalluun ni danda'ama. Dhimma kana irratti himatamaan miidhamtoota adda addaa sadii hojii gaarii argattu jechuun Naannoo Amaaraa irraa fuudhee gara Dirre Dawaatti geessuuf qarshii irraa fudhate kan jedhuu dha. Manni murtiis yakkicha yaada sammuu tokkoon kan raawwate yoo ta'es namoota adda addaa sadii irrati kan raawwate waan ta'eef yakka daddabalamaa dha jedheera. Kun immoo akkaata Seera Yakkaa bara 1997, kwt 60(c) fi Qajeelfama Adabbii Lak.2/2006 tiin yakka daddabalamaa ta'uun adabbii olkaasa jechuun adabbii kenneera.

[123]Abbaa Alangaa Godina Harargee Bahaa Vs Himatamaa Mahammad Usman, MMO Harargee Bahaa lak. Galm 57161.

shan ta’an tokkoo tokkoo miidhamtoota dhuunfaatiin himannaa of danda’e labsii lak.1178/2020 kwt.8(2a) jalatti hundeesseera. Haa ta’u malee, manni murtii ragaa dhiyaate dhagahuun balleessaa qabaachuu muree garuu yaada yakkaa tokkoon kan raawwatame waan ta’eef, himata tokko qofa jalatti balleessaa qabaachuu itti muree adabbii hidhaa cimaa waggaa 7 fi baatii shanii fi qarshii 20000 itti murteesseera. Gamaa biraatiin, sababa himatamaan yeroo yakkoota kana raawwatu yakkoota daddabalaamaa ta’u hubannoon isaanii xiqqaa dha jedhu qabachuun manneen murtii himata tokko jalatti adabuun ni mul’ata.[124]

Qabatama yoo ilaalle namoonni godaansaaf deeman walwaamanii deemu waan ta’eef namni yakka san raawwatu yaada tokkoon namoota hedduu miidhuuf yaadeeti jechuun rakkisaa ta’us akkaataa seera yakkaa kwt 60(c) tiin[125] gochichi tokko ta’ee namoota adda addaa kan miidhe yoo ta’e yakka daddabalamaa ta’ee adabbiin isaas tokkoon tokkoon isaa walitti ida’amee kan murtaa’u ta’a. Dhimma kanaan walqabatee mutii dhaddacha ijibbaata federaalaa jiildii 16[ffaa] irratti kenne bu’uura godhachuun barbaachisaa dha.[126] Dhimmi jiildii kanarratti murtii argate kun kallattiin namootaan daldaluu akkaataa labsii 1178/2020 tiin kallattiin namootaan daldaluun kan walqabatu ta’uu baatus, yakki daddabalamaa akkamiin ilaalamuu qaba kan jedhu waan of keessaa qabuuf rogummaa qaba. Dhimmicha irratti gama tokkoon nama hojiif gara biyya alaatti erguuf paaspoortii dongoraa fakkeessuun hojjechuufi gama biraan ammoo biyya alaatti si erga jechuun iddoo miidhamtuun jiraattuu fiduun finfinnee keessa torban lama waan tursiiseef himata lamaan himatameera. Dhimmoota yakkota daddabalaamaatiin walqabatee halli adabbii isaa akkam ta’uu akka qabu irratti hubannoo

[124] Galmee lak MM 57441 kan Mana Murtii Ol’anaa Godina Harargee Bahaatti gaafa 7/11/2014 murtii argate.

[125] Proclamation No.414/2004, The Criminal Code of the Federal Democratic Republic of Ethiopia Article 60(c). keewwatichi akka armaan gadiitti dubbifama. ‘In the case of a criminal act which, though flowing from the same criminal intention or negligence and violating the same criminal provision, causes the same harm against the rights or interests of more than one person.’

[126] Abbaa Alangaa Federaalaa Vs Gargaaraa Saajin Ahimaddiin Leggasee Galm lak. 96078 Jiildii 16ffaa bara 2006 kan murtaa’e. Dhimma kana irratti himatamaan kun kutaa biyyattii garaagaraa irraa namoota shan walitti qabuun haayyama osoo hin qabaatin namoota kanneen karaa seeraan alaatiin biyyoota alaatti erguuf meedikaalaa fi paaspoortii baaseefii adeemsa irra osoo jiruu sababa eeruun poolisii dhaqqabeef waan too’atameef, yakka yaalii namoota karaa seeraan alaatiin gara biyya alaatti erguun Seera Yakkaa kwt. (27)(1) fi 598 (1) bira darbuun himatamee balleessaa kan jedhame dha. Dhaddachichi yoo sababeessu seerri yakkaa tokkoo tokkoo namootaaf eegumsa seeraa kan taasisu waan ta’eef miidhaan yoo isaan irra gahe tokkoo tokkoo namoota sanaaf himatamaan itti gaffatamu kan qabu ta’uu dha. Kanaaf namni gochicha raawwate yaada yakkaa tokkoon raawwate yoo ta’es yakka daddabalamaan kan adabamu akka ta’e hiikkoon dirqisiisaan kennameera. Himatamaan yeroo sanatti labsiin yeroo ammaa kun kan bane waan tureef seeruma yakkaatiin kan himatame ture. “*ስለሆነም በአንድ የወንጀል ማድረግ ሐሳብ ተመሳሳይ ድንጋጌ ተጥሶ በበርካታ ሰዎች ላይ ተመሳሳይ የሆነ ጉዳት መድረሱ ከተረጋገጠ የድርጊቱ ፈጻሚ በተደራራቢ ወንጀሎች የሚጠየቅ ሲሆን ሕጉ በዚህ ጊዜ ግንዛቤ ውስጥ እንዲገባ ያስቀመጠው በቅጣት አወሳሰን ጊዜ በጠቅላላው ሕግ ከተቀመጠው የቅጣት አይነት ጣሪያ ያለማለፍን ስለመሆኑ ከወንጀል ሕጉ አንቀጽ 184(1)(ሀ) ድንጋጌ ይዘትና መንፈስ የምንረዳው ጉዳይ ነው።*”

walfakkaataan akka uumamuuf ILQSOn dhimma kenniinsa adabbii irratti leenjii karaa ogeessa isaa Milkii Makuriyaatiin kennes kanuma agarsiisa.[127] Kana jechuun yeroo gocha yakkaa tokkoon namoota heddu irraan miidhaan dhaqqabe tokkoo tokkoo himannaatiif murtiin erga kennamee booda walitti kan idamu ta'uu isaati.

Seera yakkaa keenna kwt.60(c) jalatti akka tumametti yakkootni dachaa miidhamtootaa (concurrence of victims) kan uumamu gocha yakkaa tokko raawwachuun namoota tokkoo ol irratti miidhaa walfakkaataa kan geesse yoo ta'ee fi gocha kanaan immoo keewwatni tokko qofa kan cabe yoo ta'ee dha. Gosti yakkaa dacha kun seera adaba yakkaa bara 1957 bahe keessatti kan hin tumamnee fi yeroo ammaa immoo qaawwa ture guutuuf seera yakka ammaa irratti kan tumamee dha. Kanaafuu, akka qajeeltootti yakkamaan tokko gocha yakkaa tokkichaan (badii tokkoon) midhamtoota garagaraa irraan miidhaa walfakkaataa kan dhaqqabsiise yoo ta'e fi tumaan seeraa tokko qofti kan cabe yoo ta'e, yakka dachaaa miidhamtootaa (Concurrence of Victims) akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Akka qorattootaattis murtiileen dhaddacha ijibbaataa federalaa humna dirqisiisummaa waan qabaniif; akkasumas tumaan seera yakkaa kwt. 60(c) ifatti gocha yakkaa tokoon kan miidhaman namoota hedduu yoo ta'an akkaataa baay'ina namoota yakkichaan miidhamaniitiin yakka daddadabalamaa (himannaa hedduu) ta'ee adabbiinis haaluma sanaan tokkoo tokkoo nama miidhaan irra gaheen walitti ida'amaa hanga baaxii adabbii seeraan yakkaa kutaa waliigalaan taa'ee osoo hin caalle kan kennamu ta'a. Namni yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu raawwatus tokkoo tokkoo miidhamtootaa irraa faayidaa argachuuf yookiin nama biraaf argamiisuuf kan raawwatu waan ta'eef murtiileen adabbii akkaataa murtii ijibbaataa fi seera yakkaa kwt 60(c) tiin ta'uu kan qabuudha. Walfakkii dhabuun murtiilee manneen murtii keessatti gama kanaan mul'atu kun seerota kanneen sirnaan hubachuu dhabuurraa kan maddu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Kun akkuma jirutti ta'ee kutaa addaa seera yakkaa keessatti faallaa kanaatiin kan ibsame yoo ta'e malee qajeeltoon keewwata 60(c) jalatti taa'e raawwatiinsa kan qabu ta'uu Dr. Dejenee Girmaa Jaankaa kitaaba isaa keessatti ijjannoo qabatee jira. [128]

kanaaf akka fakkeenyaatti kan fudhatamu seera yakkaa kwt.543(3)[129] yoo ta'u, gocha tokkoon miidhamaan heddu kan miidhame yoo ta'es, yakkamticha himannaa tokko qofaan adabbii

---

[127] Power Point Leenjii Qajeelfama Adabbii Seera Yakkaa Itoophiyaa irratti Milkii Mokriyaatiin kenname ilaalaa

[128] Dejene Girmaa( PhD), A Handbook on the Criminal Code of Ethiopia (Revised Edition) , 2021 .P.90

cimsanii( by aggravating ) kan gaafatamu akka ta’e kan agarsiisuu dha. Kanaafuu, ogeessi yaalaa tokko ykn konkolaachisaan tokko dirqama ogummaa bahuu osoo qabu sababa dagannoon (by negligence) osoo hin bahin hafeef, namoota heddu irratti miidhaan kan dhaqqabu yoo ta’e yakkamaan himannaadhuma tokkoon himatamuu akka qabuu fi adabbiin isaa akka cimu tuma. Walumaagalatti murtiileen dhaddacha ijibbaataa federalaa humna dirqisiisummaa waan qabaniif; akkasumas tumaan Seera Yakkaa kwt.60(c) yoo ilaalle yeroo miidhamaan baay’atu akkatumaa sanaan yakka daddabalamaa ta’a jedhee ifaan waan tumeef walfakkii dhabuun murtii fi himannaa abbaa alangaa kun seerota kanneen sirnaan hubachuu dhabuurraa kan maddu akka ta’e hubanna. Kanaafuu, hojimaata kanneen irraa kan hubatamu rakkoon hubannoo ogeessota seeraa dhimmicha keessummeessan bira kan jiru waan ta’eef hojimaanni walfakkaataan kan hin jirre ta’uu isaati.

Labsii ittisaa fi too’annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu hojiirra oolchuuf tattaaffiin garaagaraa godhamaa haa jiraatuuyyu malee yakkoota kana hambisuunis ta’ee xiqqeessuun hin danda’amne. Tattaaffiilee taasifamaa jiran keessaa inni tokko hojii hubannoo fi leenjii garaagaraa ogeessota seeraa fi kan birootiif akkasumas hawaasa bal’aaf kennuudhaan waa’ee hammeenyumaa yakkichaa lammiilee hubachiisuun kan godaansa barbaadu karaa seera qabeessa ta’een akka fayyadamu taasisuu dha. Kanaan walqabatee hanqinootni hedduun qabatamaan kan mul’atanii dha.

Fakkeenyaaf, leenjiin Labsii Lak.1178/2020 irratti qaamolee haqaatiif kennamaa kan jiru ta’us, bifa idilee fi qaama hojicha raawwatuuf (ogeessa kallattiin qoratuuf, himatuuf, murtii kennuuf) kennamuu irratti hanqinatu jira. Qaamolee haqaa keessatti rakkoon hubannoo qaama tokko qofa bira osoo hin taane, qaama hunda biratti mul’ata. Qorannoo yakkoota kanneenii irraa calqabee hanga murtii kennuutti rakkoon kun ni mul’ata.

---

[129] Balleessichi dagannoodhaan namoota lama ykn isaa ol kan ajjeese ykn yakkicha kan raawwate dambii ykn qajeelfama ifa ta’e darbuun yoo ta’e, ykn wahiyyoota ykn dhugaatiwwan nama macheessan ykn fajajeessan fudhachuun haala itti gaafatamummaa irraa bilisa isa taasisu keessa erga of galchee booda yoo ta’ellee; adabbichi hidhaa cimaa waggaa 5-15 gahuu danda’uu fi adabbii maallaqaa qarshii 10,000 – 15000 gahu ni ta’a.

Fakkeenyaaf, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha ijibaataatiin dhimma yakkoota kanneenii ofitti simatee ilaalaa akka jiru daataan af-gaaffii ni agarsiisa.[130] Labsii Lak. 1178/2020 irratti aangoon ofitti fuudhee ilaaluu kan qabu mana murtii sadarkaa calqabaa federaalaa akka ta'ee [131] fi aangoo qorachuu kan qabu immoo poolisii federaalaa ykn poolisii naannoolee yakkoota labsii kanaan walqabatan akka qoratuuf ifaan aangeffaman akka ta'an tumameera.[132] Kana irraa kan hubatamu dhimmichi dhimma federaalaa akka ta'e fi naannoleen bakka ba'ummaadhaan kan hojjatan ta'uu isaati. Hojimaanni mana murtii waliigalaa kun immoo qajeeltoo dhimma federaalaa ta'an irratti manneen murtii aangoo bakka bu'insaan hojjetan ijibbaataan ilaaluu hin danda'an jedhuu fi kan Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 216/2011 Kwt. 26(3) (a)) jalatti ifatti tume kan faallessu ta'uu dha. Galmeewwwan dhimma yakkoota namaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu walitti qabaman keessaa dhimma Manni Murtii Waliigala Oromiyaa ijibbaataan murtii kenne kan hin arganne ta'us yaadichi abbootii alangaa dhimmicha irratti hojjetan irraa akka rakkootti kan ka'ee dha.

Haa ta'u malee, Murtiilee Barsiisoo Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Jildii 11ffaa caamsaa 2015 maxxanfame irratti falmii Iyyattoota Gannat Aayyewu N3 fi Waamamaa A/A BAAWO, lak. galmee 405995 dhaddacha gaafa 04/04/2015 ooleen murtii kenname irratti dhimmichi ni dhiyeessisa erga jedhee booda dhimma labsii lakk.1178/2012tiin wal qabatan irratti Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddachi ijibbaataan dhimma dhiyaateef kana ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo qaba moo miti kan jedhu ijoo qabateera. Manni murtii ol'aanaa naannoo aangoo abbaa seerummaa dhimma naannoo irratti qabu dabalataan aangoo abbaa seerummaa mana murtii sadarkaa jalqabaa federaalaa akka qabuu fi dhimma federaalaa iratti murtii inni kennu irrati ol'iyyannoon kan dhiyaatu mana murtii waliigalaa nannanichaatti akka ta'e wal duraa dubaan Heeraa FDRI kew.80(4) fi (5) kan tumamee kan jiruu dha. Gama biraatiin, bu'uura Heeraa FDRI kew.80(3B), Heeraa Motummaaa Naannoo Oromiyaa kew.64(4) fi Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe lakk.216/2011 kew.25(2)(F) jalatti tumameetiin dhaddachi kun kan keessummeessu dhimma naannoo ilaalchisee manneen murtii naannootiin murtii dhumaa argatan

[130]Af-gaaffii Xilaahun Darajjee Daayirekera Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa, Siisaay Tasfaayee Qindeessaa Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa waliin gaafa 20/7/2015 gaggeeffame.

[131] olitti yaadannoo lak.25. 42(1)

[132] olitti yaadannoo lak.25, kwt. 2(12)

qofa dha. Haala kanaan, labsii lak.1178/2020 jalatti dhimmoota tumaan jiran irratti aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa kan qabu Mana Murtii Federaalaa sadarkaa jalqabaa akka ta'e labsicha kew.42(1) jalatti tumamee jira. Kanaafuu, bu'uura heeraa mootummaa fi labsii olitti ibsameen manni murtii ol'aanaan dhimmicha bakka bu'ummaadhaan sadarkaa jalqabaatiin ilaaluu isaas ta'e Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii mana murtii ol'aanaan kenne ol'iyyannoon ilaaluun isaa sirrii ta'us dhimmi labsii lak.1178 /2020 dhimma naannoo osoo hin taane dhimma federaalaa waan taa'eef bu'uura tumaa heera mootummaa armaan olitti ibsamee fi labsii lak.216/2011 olitti ibsameen iyyatni iyyattoota ammaa dhaddachaa kanatti dhiyaachuu kan danda'u miti jechuun xiinxalameera. Dhaddachi Ijibbaataa MMW Oromiyaa kunis dhimma federaalaa irratti iyyannoo dogoggora seeraa sirreessisuu waliin walqabatu ofitti fuudhee ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa hin qabu waan ta'eef, murtii manneen murtii jalaa irratti komiin jiru kan dhiyaatuu qabu Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa bu'uura heera mootummaa federaalaa kwt. 80(3,A(6)) fi labsii lak.1234/2013 kwt. 10(1,A)tiin aangoo qabuuf malee dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa kanaaf miti jechuun dhimma dhiyaateef irratti dhaddachi aangoo hin qabu jechuun iyyata kufaa taasiseera.

Ittisaa fi to'annoo dhimmichaaf akka waliigalaatti hubannoo hawaasaa cimsuuf hojiin hojjetamaa kan jiru ta'us, hanga barbaadame miti. Fakkeenyaaf, akka dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaaduutti miidiyaaleen mootummaas ta'e kan dhuunfaa xiyyaffannoo kennanii hawaasa hubachiisaa kan hin jirree dha. Akka gabaasni baatii 9 [hanga Bitootessa 2015] Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaatiin qophaa'e ibsutti Dhaabbata IOM waliin ta'uun gumii abbootii amantaa Naannoo Oromiyaa fi Godinaalee 7 irraa walitti bahaniif hojiin hubannoo uumuu fi waltajjii marii ittisa godaansa al-idilee irratti turtii guyyaa 2f nama 50f kennuuf karoorfame nama 48f kennamee akka jiru agariisa.[133] Gumiin abbootii amantaa kun hawaasa bal'aa hubachiisuu irratti gahee guddaa waan qabanii hubannoon kana caalaa yoo kenname iddoo bal'aa gahuun ni danda'ama waan ta'eef bal'inaan kennamuu irratti hanqinni jiraachuu hubachuun ni danda'ama. Gama biraan, gabaasichi akka agarsiisutti hubannoon qaamolee hawaasa adda addaatiif hedduminaan kennamuu agarsiisa. Kunis dhimmoota akka aadaa hojii,

---

[133] Gabaasa Raawwii Hojii Karoora Bara 2015 Kurm. 3[ffaa] Biiroo Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa, Raawwii Hojii Hanga Bitootessa (Ji'a Saglaffaatti ) Rawwatame.

gocha seeraan alaa namootaan daldaluu fi daangaa ceesisu irratti qaama hawaasaa adda addaatiif hubannoon bal'inaan kennamuu agarsiisa.[134]

Hubannoo hawaasa bal'aaf kennuuf miidiyaalee TV kan akka OBN fayyadamuun garuu bal'inaan hin mullatu. Gabaasni Biiroo Hojjetaa fi Hawaasummaa baatii 9 bara 2015s sagantaa TV dhimmicha dabarsuu hin agarsiisu. Gama biraan kan sagantaa raadiyoo 5 qopheessanii torban kudhaniif darbaa kan ture ta'uu gabaasni ni agarsiisa. Baadiyyaa keessatti raadiyoon hawwasni bal'aan kan dhimma itti bahu ta'uus sagantaa yeroo yeroo darbuun garuu murteessaa waan ta'eef hojiin miidiyaaleen hubannoo kennuu murteessaa ta'ee argama. Raawwiin gama kanaan jiru garuu laafaa dha jechuun ni danda'ama. Walumaagalatti leenjii ogeessotaa fi hojii hubannoo uumuu hawasaa bal'aa waan barbaachisuuf kana irratti hojiin hojjatamuu xiyyeeffannoo addaa kan barbaaduu dha.

### 3.3.2. Hanqina Qindoominaa

Yakki namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu walxaxaa fi karaa dhoksaa ta'een kan raawwatamuudha. Waan ta'eefuu, ittisnii fi to'annoon yakkichaa qindoomina cimaa barbaada. Yakkoonni kun daangaa Ceeyoo (transnational crimes) waan ta'aniif, qindoomina biyyoota biroo waliin qabaachuu qofa osoo hin taane, qindoomina cimaa qaamolee mootummaa biyya keessaa kan barbaaduu dha. Qindoominni kun biyya tokko keessatti sekteroota adda addaa fi mootummaa naannoo fi federaalaa gidduutti akkasumas biyya biroo iddoo gahumsa yookiin ka'umsa yakkichaa waliin cimsuu kan barbaaduudha. Qindoominni biyya tokko keessatti fakkeenyaaf, akka Itoophiyaatti mootummaa naannoolee fi mootummaa federaalaa akkasumas sekteraaleen adda addaa dhimmicha irratti qindoomanii yoo hojjetan malee yakkicha ittisuu fi to'achuun baay'ee rakkisa.

Qabatama jiruun garuu qindoominni biyya biraa waliinis ta'e biyya keessatti naannolee fi naannolee gidduu, naannolee fi federaala gidduu, akkasumsas sekteraalee adda addaa gidduutti

[134] Akka gabaasni kun agarisiisutti lammiileen biyya isaanii keessatti hojjetanii akka jijjiiramaniif taasisuuf namoota 3,749,994 (Dhi.1,874,997 Dub. 1,874,997) Karoorfame 3,814,456 ( Dhi.2,012,318 Dub. 1,802,138) kan Rawwatamee ta'uu dha.

kan jiru laafaa ta'uudha.[135] Fakkeenyaaf, akka godina Harargee Bahaatti namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuun kan heddummatu ta'us mootummaa federaalaa akkasumas mootummaa naannoo Hararii waliin qindoomanii hojjechuu irratti hanqinni ni jira. Achuma sekteroota godinaa Naannoo Hararii waliinis qindoominni jiru baay'ee laafaa akka ta'e af-gaaffiin ogeessota qorannoo fi abbootiin alangaa waliin taasifame kan agarsiisu.[136] Qindoominni mootummaa federaaalaa fi naannoo Oromiyaa waliin jiru lafaa ta'uurra darbee namni yakkichaan shakkamee herregni baankii akka hin sochoone dhorkame Finfinnetti abukaatoo bakka buufatee akka falmatu ta'aa jira.[137] As irratti Abukaatoodhaan falmachuuf mirga hin qabu jechuu osoo hin taanee himatamaan iddoo tokkotti yakka raawwatee teessoo isaa jijjiirratee akka barbaadetti kan socho'u yoo ta'e, qaamolee haqaa bira qindoominnaa fi waldubbisuu irratti hanqinni jiraachuu kan agarsiisuu dha.

Qindoomina idil-addunyaa (intenational cooperation) dhaan walqabatee Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa (Ministeerri Haqaa ammaa) gita isaa kan biyyoota biroo waliin dhimmoota akka qorannoo (investigation) yakkamtoota dabarsanii walii kennuu, (extradition of criminals,) odeeffannoo waljijjiiruu (exchange information) fi walitti dhufeenya seera qabeessa yakkoota labsii kana keessatti taa'anii qajeeltoo kennanii fudhachuu (reciprocity) irratti kan hundaayee taasisuuf seeraan aangeffameera.[138] Haa ta'u malee, yakkoota kanneen too'achuuf hariiroon biyyoota biroo waliin jiru laafaa dha. Biyyoonni waliigalteen adda addaa waliin mallatteeffames qindoomonni qabatamaa yakkoota kana ittisuuf qaban laafaa dha.[139]

Walfakkaatinsa dhabuun caasaalee qaama raawwachiistuu federaalaa fi naannoo qindoominaan hojjechuu qaamolee kanneenii irratti dhiibbaa akka qabu ka'eera. Qindoominni caasaalee qaamolee mootummaa federaalaa fi qaamolee Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhimmicha irratti jiru hanqina kan qabuu dha. Hanqinoota kanneen keessaa tokko qaamoleen mootummaa sadarkaa federaalaatti gurmaayan sadarkaa naannootti labsiidhaan ykn dambiidhaan osoo hin

[135]Af-gaaffii Insp. Kaasahun Baamilaak Abbaagaaroo Qorataa Yakkaa Kutaa Yakkoota Addaa Addaa Waajjira Poolisii Godinaa Arsi Lixaa fi Saaj.Ol Mitikkee Geetachoo Qindeessitu Qorannoo Yakka Dubartootaa fi Daa'immanii Waajjira Poolisiis Godina Arsii Lixaa waliin gaafa 1/6/2015 gaggeeffame.

[136] Af-gaaffii Asladdiin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajjira A/Alangaa Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/Alangaa fi Bakka Bu'aa Dhimma Namootaan Daldaluufi Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame; Saaj.Ol'aanaa Tasfuu Taaddasaa, Qorataa Yakkaa Waajjira Poolisii Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

[137]Af-gaaffii Abduraazaaq Abdulqaadir, Qinddeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa Baalee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame, Magarsaa Kumsaa A/A Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame.

[138]Olitti yaadannoo lak.25, Kwt. 43(1)(a)

[139] olitti yaadannoo lak.104

gurmaayin hafuu dha. Fakkeenyaaf, mana maree ittisaa fi to’annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu Naannoo Oromiyaa hanga ammaatti hin hundoofne. Kana malees, tumsi gamtaa sadarkaa naannichaatti jiru haala barbaadameen seera dirqisiisaa ta’een hundaayuu dhabuun hojiin akka hin hojjatamne qofa osoo hin taane, qindoominni akka hin jiraanne gumaacha kan taasisuu dha. Kun ammoo karaa caasaa walfakkaatuun waaliin hojjechuu irratti dhiibbaa kan fidu waan ta’eefidha. Af-gaaffii ogeessa ministieera hojjetaa fi dubartootaa[140] waliin taasifames kanuma agarsiisa. Akka ogeessa kanaatti gurmaahinsi caasaa walfakkaataan federaalaa fi mootummaa naannoo fakkeenyaaf kan naannoo Oromiyaa gidduutti hin jiru waan ta’eef hojii ittisaa fi to’annoo keessattu deebisanii dhaabuun walqabatee odeeffannoo kallattii caasaa wal ilaaluutiin argachuu irratti rakkoon akka isaan muudate kaasa.

Akka xiinxala qorattootaati caaseffama qaamolee raawwachiistuu walfakkeessuun dirqama akka ta’etti hin laalle. Hojiin ittisaa fi too’annoo yakkoota kanneen gama tumsa gamtaan kan hojjetamu waan ta’eef dirqama miseensotni tumsa gamtaa caasaan walfakkaachuu osoo hin taane akka tumsa gamtaatti gareewwan hojii jahaniin daataa fi odeeffannoo barbaachisaa walirraa fudhachuu danda’u waan ta’eef akka rakkoo qindoominaa guddaa uumuutti dhimma ilaalamu miti.

Gama biraatiin akka Naannoo Oromiyaatti miseensonni/manneen hojii tumsa gamtaa naannichaa ta’an seerri isaan dirqisiisu waan hin jirreef hojii akka barbaadametti ittisaa fi to’annoo yakkoota kanneeniif hojjetamaa jira jechuu rakkisaadha. Sekteraaleen adda addaa dhimmicha irratti akka barbaadamutti qindoomanii hojjetaa akka hin jirre hubatameera. Sekteraaleen waliin qindoomanii osoo hin taane akkuma gahee hojii waajjira waajjira isaaniitti kan socho’ani. Fakkeenyaaf, waajjiraaleen akka hojjetaa fi hawaasummaa, kan dhimma dubartootaa fi daa’immanii, carraa hojii uumuu bifa barbaadameen wal dubbisanii hojii ittisaa fi to’annoo yakkoota kanneen irratti hojjetaa jiru jechuun rakkisaadha.[141] Warri carraa hojii uumuu irratti hojjetan dhugummaan namoota godaansaaf saaxilaman irratti hojjetaa jiruu? Kanneen hojiin

[140]Af-gaaffii Masaay Waldemaariyaam Dursaa Garee Deeskii Namoota Godaansa Irraa Deebiyaniif Deeggarsa Taasisuu Ministeera Hojjetaa fi Dhimma Dubartootaa waliin gaafa 17/6/2015 gaggeeffame.

[141]Af-gaaffii Faantaayee Taaddasaa, Daayirektera Daayirektoreetii Babal’iina Bobba’iinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaa; Geetachoo Guddisaa, Dursaa Garee Bobba’iinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaaa waliin gaafa 13/3/2015 gaggeeffame. Ikraham Abdii, Itti Gaafatamtuu Waajjira Hojjetaa fi Hawaasummaa Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

uumamuuf warra saaxilamoo ta'aniidhaa isa jedhu irratti hanqinni kan jiru ta'uu af-gaaffiin taasifame ni agarsiisa.[142]

Fakkeenyaaf, Biiroon Fayyaa Oromiyaa miseensa tumsa gamtaa Naannoo Oromiyaati. Haa ta'u malee, hojii qorannoo yakka dhimma namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceessisuu keessatti umrii miidhamtoota akka qorataniif qaamni qorannoo yakkaa gaggeessuu (komishiniin poolisii Oromiyaa) gama isaanitti ergu qorannoo umriitiif qofa qarshii hanga dhibba sagalii (900) haalli itti gaafatan ni jiraata.[143] Miseensa tumsa gamtichaa waan ta'eef hojiin kun kan isa ilaallatu ta'ee osoo jiru, dhimmicha irratti kaffaltii gaafataa kan jiruu dha. Qaamni qorachiisu immoo dhimmichaaf baajatani qabame waan hin jirreef umrii qorachiisuuf ni rakkata. Kun immoo qorannoo fi kewwata rogummaa qabuun himannaa hundeessuu irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabuu dha. Kunis hanqinni qindoominaa jiraachuu kan namatti agarsiisudha.

### 3.3.3. Manni Maree fi Tumsi Gamtaa Naannoo Seeraan Hundaayuu Dhabuu

Akkuma beekkamu labsii federaalaa sadarkaa mana maree federaalaatti tumame raawwachiisuuf aangoo dambii baasuu kan qabu mana maree ministeerota akka ta'e, tumaawwan labsiilee adda addaa irraa hubachuun ni danda'ama. Heera keenya irratti qaamni seera baastuun (paarlaamaan) erga labsii tumee boodaa, qaamni seera akka raawwachiisuuf aangoon heeraan kennameef, seera akka raawwachiisu aangeffameera. Seericha hojirra oolchuuf immoo seera ittiin hojirra oolchu ykn dambii baafachuu akka qabu labsiileen mana mareetiin tumaman mataan isaanii yeroo hedduu barbaachisaa ta'ee yeroo argamutti manni marii ministeerotaa danbii akka irratti baasu kan aangessanii dha. Haaluma kanaan labsiin lakk.1178/2020 kwt.46(1) manni maree ministeerotaa danbii labsii kana raawwachiisuuf barbaachisu tumuu ni danda'a jechuun ifaan kan tumee dha. Kana irraa ka'uun naannoleen dambii baafachuuf aangoo hin qaban ijjannoon jedhu ka'uu mala. Kana malees, labsii qaama seera tumtuu federaalaatiin tumame naannolee keessatti akka raawwachiisan kan barbaaddamu yoo ta'e immoo ifan naannooleen labsicha raawwachiisuuf seera tumachuu akka danda'ani ifaan aangeffamuu qabu. Kanaan walqabatee

[142] Af-gaaffii Insp. Kaasahun Baamilaak Abbaagaaroo Qorataa Yakkaa Kutaa Yakkoota Addaa Addaa Waajjira Poolisii Godinaa Arsi Lixaa fi Saaj.Ol Mitikkee Geetachoo Qindeessitu Qorannoo Yakka Dubartootaa fi Da'immanii Waajjira Poolisiis Godina Arsii Lixaa waliin gaafa 1/6/2015 gaggeeffame. Dallelenyi Rattaa Dursaa Garee Bobbahinsa Hojii Waajjira Hojjetaafi Hawaasumaa Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame. Girmaa Baalchaa, Dursaa Garee Godaansa Seeraan Alaa Waajira Hojjetaa fi Hawaasumaa Godina Baalee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame.

[143] olitti yaadanno lak.110

akka fakkeenyaatti kan kaasan Labsii Lak.1051/2017 baheedha. Akka labsii kana jalatti tumametti labsicha raawwachiisuuf aangoo danbii baasuu mana maree ministeerotaa aangessuun akkuma jirutti ta'ee dabalataan naannoleenis labsicha raawwachiisuuf seera isaan barbaachisu baafachuu akka danda'an ifaan kan tumee dha.[144] kana irraa ka'uudhaan hanga ifaan hin aangeffaminitti labsii lakk.1178/2020 walqabatee naannoleen dambii baasuuf aangoo hin qaban falmiin jedhu ka'uu danda'a. Keessattu tumaa heeraa mootummaa riippuublika federaalawaa dimookiraatawaa Itoophiyaa keewwata 50(9) jalatti akka tumametti mootummaan federaalaa aangoo heericha kwt. 51 jalatti isaaf kenname naannoleedhaaf bakka ba'ummaan kennuu akka danda'uu fi kan hin kennine yoo ta'e immoo naannoleen aangoo kan hin qabne ta'uun ni hubatamuu dha.

Gama biraatiin aangoon mana maree ministeerotaa danbii baasuuf qaban jiraatullee[145] labsima kana kwt.35(5) jalatti naannoleen tumsaa gamtaa dhimma namootaan daldaluu fi namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu irratti kan hojjatu dhaabbachuu akka qaban kan dirqisiisee dha. Qaama tumsa gamtaa jedhamu kana dhaabbachuudhaaf immoo mootummaan naannolee seera ittiin dhaabuu fi gahee hojii isaaniis ittiin ibsu qabaachuu qaba. Kanaa gochuuf, immoo seerri fi hojimaanni ifatti dhoorku yoo hin jiraatin dhimma tumsa gamtaa fi mana maree qofa irratti naannoleen dambii tumachuu ni danda'u kan jedhu yaada qorattoota qorannoo kanaati. Dambiin kun kan tumamu immoo labsicha akka waliigalaatti raawwachiisuuf osoo hin taanee dhimma tumsa gamtaa fi mana maree (yoo barbaachise) irratti qofaa ta'uu kan qabuu dha. Labsii sadarkaa federaalaatti tumame raawwachiisuuf haalli naannoleen ifaan dambii itti baafachuu akka danda'an itti aangeffamanis qabatamaan kan jiruu dha.

Akka Naannoo Oromiyaatti dambiin mana maree fi tumsa gamtaa ittisaa fi to'annoo yakkota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu lafa qabsiisuuf wixineen qophaaye ammallee hin mirkanoofne. Labsiin lakk.1178/2020 kwt.35(5) jalatti naannoleen tumsa gamtaa hundeessuu akka qaban tumeera. Kanuma irra dhaabbatee Mootummaan Naannoon Oromiyaas tumsa gamtaa seektarota adda addaa miseensa taasisuun kan hundeesse ta'us, seerri ittiin hundaa'an sadarkaa wixineerratti argama. Kun immoo karaa biraan sekteraaleen tumsa gamtaa jedhamuun hundeeffaman seerri ittiin dirqisiifaman yoo hin jiraatin hojii ittisaa fi too'annoo

[144] Proclamation No. 1051/2017, Coffee Marketing and Quality Control Proclamation Art.24 (1) fi (3)
[145] olitti yaadannoo lak.25, kwt. 46(1)

yakkoota kanneeniif xiyyeeffannoon akka hin hojjenne taasisa. Sababni isaas iddoo seeraan gaheen isaanii hin kennaminitti itti gaafatamaa taasisuun ni ulfaata waan ta'eefi dha. Kanaafuu, gama tokkoon naannoleen qaamota ittisaa fi too'annoo yakkoota kanneenii irratti hojjatan akka hundeeffatan dirqisiisaa gama biraatiin qaamota hundeeffachuuf danbii baafaachuu hin danda'an jechuun falmii amansiisaa miti waan ta'eef, dhimma kana irratti naannoleen dambii baafachuu ni danda'u kan jedhu yaada qorattoota qorannoo kanaati.

Dambiin hundeeffama mana maree fi tumsa gamtaa akka naannoo Oromiyaatti sadarkaa wixineen jiru qaamoleen akka mana maree, tumsaa gamtaa naannichaa fi gareewwan biroo akka hundeeffaman kan tume ta'us wixinichi waan hin mirkanoofneef hanga ammaatti haala barbaadamuun hojiitti hin galamne.

### 3.3.4. Hanqina Qulqullina Qorannoo Yakkaa

Namoota yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu raawwatan irratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun tooftaa ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneenii keessaa isa tokko akka ta'e Labsii Lak.1178/2020 irraa hubachuun ni danda'ama. Namoota yakkicha raawwatan adda baasanii seeratti dhiyeessuun hundee yakkichaa gogsuun barbaachisaadha.Hundee yakkichaa argachuun ammoo yakkicha qulqullinaan qoratanii nama duuba taa'ee yakkicha raawwatu adda baasuu feesisa. Qabatama jiruun garuu kanneen yakkicha raawwatan argachuun illee rakkisaa akka ta'ee fi qorannoon yakkichaa hanqina kan qabu akka ta'ee fi namootni yakkicha raawwatan jedhamanii himatamaa jiran warra hirmaannaa xiqqaa qaban akka ta'e af-gaaffiiwwan gaggeeffaman irraa hubachuun danda'ameera.[146]

Qorannoon yakkoota kanneenii sadarkaa federaalaattis ta'ee sadarkaa naannooleetti teeknooloojii ammayyaatiin kan deeggaramee ta'uu dhabuun qorannoon yakkoota kanneenii akka hin

---

[146] Af-Gaaffii Obboo Asladdin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajira A/Alangaa Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/Alangaa fi Bakka Bu'aa Dhimma Namootaan Daldaluufi Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu Godina Harargee Bahaa waliin, Saaj.Ol'aanaa Tasfuu Taaddasaa, Qorataa Yakkaa Waajjira Poolisii Godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame; Af- gaaffii Magarsaa Kumsaa A/Alangaa Godina Baalee waliin; Af-Gaaffii Insp Tsaggaye Ashaagiree, Qorataa Yakkaa Kutaa Yakka Namootaan Daldaluufi Godaansa Seeraa Alaa Waajira Poolisii Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame. Anteenee Girmaa, A/A Godina Baalee kan dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi godaansa seeraa alaarratti bakka bu'ee waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Taammiree Shubbee Qindeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godiana Harargee Bahaa fi Ramzii Bakrii A/seeraa Dhaddacha Yakkaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa waliin Gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

milkoofne taasisaa jira.[147] Kanaafuu, yakkoota raawwataman keessaa yakkoota baayyee muraasa ta'an qofatu sadarkaa qorannoo amma jiruun bira gahamaa jira. Qorannoon yakkaa biyya keenya akka waliigalaatti teeknooloojiidhaan deeggaramuu dadhabuun sadarkaa yakkamtoonni irra gahan irra gahuu dhabuu qorannichaa kan mullisuu dha. Fakkeenyaaf, qaamonni yakka raawwatan dhokatanii karaa bilbilaatiin yakkicha keessatti hirmaatu yookiin yakkicha qindeessuun karaa baankiitiin maallaqa ergisiisu ykn teeknooloojii biroo fayyadamanii hojii kana qindeessuun yakka yeroo raawwatan, qorannoon maloota walfakkaatoo kan akka dhoksaan hordofuu (survelance) fayyaadamuun teeknooloojii sadarkaa yakkichi ittiin raawwatamuu fayyadamanii qorachuun dhabuun ni mul'ata.  Hima biraatiin biyya keessatti sochiin faddaaltotaa fooyya'aa fi cimaa dhufuu (loojistiksii fi teeknooloojiin) isaan fayyadaman ol'aanaa ta'uu, humna maallaqaa fi caasaa (neetworkii) guddaa kan qaban ta'uun isaanii qorannoo irratti gufuu guddaa kan ta'ee dha.[148] Ittisa yakkoota kanneeniif haala dhokataa ta'een iddoo ka'umsaa kan akka buufata konkolaachisaa fa'a irratti sakatta'insaa fi hordoffiin taasifamau baay'ee hin mul'atu. Kana jechuun sirni qorannoo dhimmichaa haaluma baratameen kan gaggeeffamu malee tecknooloojii adda addaatti fayyadamuun kan hin jirre ta'uudha.Kun immoo sirnaan qulqulleessuu galmee yakkoota kanneenii irratti hanqinni akka jiru namatti agarsiisa.

Qorannoon walqabatee rakkoon jiru kan biraa rakkoo hubannooti. Akkuma beekkamu yakkoonni kun kan qorataman sadarkaa aanaatti qorataa poolisii fi abbaa alangaa sadarkaa Aanaa irra jiruuni dha. Qaamonni qoratan kunniin immoo dhimmicha irratti hubannoo fi muuxannoon isaanii baayyee xiqqaa dha. Rakkoon hubannoo fi muuxannoo akkuma jirutti ta'ee dhimmoota sadarkaa Aanaa sanatti hin ilaalamne xiyyeeffannoon itti kennuu dhabuunis ni jira. Gama biraatiin immoo qaamni sadarkaa sadarkaa jiru odeeffannoo dhimmichi irra jiru hordofee bakkuma jiruu karaa adda addaatiin deeggarsa ogummaa taasisuun sirumaayyuu hin jiru waan ta'eef rakkoo sadarkaa Aanaatti qofa darbatamee dhiifamuu miti.

Qorattootni kun labsiidhuma yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ittisuu fi too'achuuf bahe[149] irratti hubannoo gadi fageenya kan qabanii miti. Ulaagaa

[147]Af-gaaffii Aaddee Mihrat Balaay, Abbaa Alangaa Ministeera Haqaa fi Dursaa Garee Godaansa Seeraan Alaa waliin gaafa guyyaa 14/06/2015 taasifame.
[148] Af-gaaffii, Obboo Siisaay Taaddesee, Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa Oromiyaatti Dursaa Garee Bobba'iinsa Hojii fi Ogeessa Godaansa Seeraan Alaa waliin gaafa  guyyaa 08/06/2015  taasifame
[149]  olitti yaadannoo lak.25

tumaan seeraa yakkoota kanaaf baasee guutamuu qaba jedhee tume, guutamuu fi dhiisuu isaa osoo hin mirkaneeffatin jecha miidhamtoota ykn ragoota irraa fuudhuun galmee qorannoo gara qaama aangoo qabuutti ergaa kan jiranii dha. Kun immoo rakkoo hubannoo guddaan dhimmicha irratti akka jiru kan agarsiisuu dha.[150] Kanaafuu, yakkoonni kunniin kan raawwataman yakkamtoota muxannoo yakkaa ol'aanaa qabaniin yoo ta'u, qaamni qorannoo isaan irratti gaggeessu immoo qaama muuxannoo fi hubannoo gahaa hin qabneen akka ta'e hubachuun nama hin rakkisu.

Qorannoon walqabatee hanqinni jiru kan biraa dhimma loogistiksii fi kutannoon walqabatee dha. Qorannoon yakkoota kanneenii rakkoo loogistiksii guddaa, rakkoo humna namaa, kutannoo fi xiyyeeffannoo barbaada.Yakkoonni kunniin caasaa fi neetworkiin kan raawwataman waan ta'eef, qorannoo walitti hidhamiinsaa fi qindoomina kan gaafatu qofa osoo hin taane, loogistiksii kanaaf barbaachisu guddaa kan gaafatuu dha. Qorannoon yeroo ammaa gaggeeffamaa jiru garuu, wantoota hedduun kan daangayee dha. Poolisiin yakka iddoo tokkotti mul'ate ykn arge iddoo ka'umsa isaa irraa kaasee neetwokiiwwan naannoo sana jiranii fi dhimmichaan walqabatan hunda hin qoratu.[151] Fakkeenyaaf, poolisiin dallaala/faddaala namoota heddu konkolaatatti fe'ee seeraan ala daangaa ceesisuuf ykn yakka namootaan daldaluu irratti raawwachuuf osoo deemaanii jiru argee yoo too'ate shakkamtoota biroo shakkamaa kana waliin iddoo biroo ykn godina biroo taa'anii yakkicha qindeessuun hirmaannaa taasisan irratti qorannoon yakkaa gaggeeffamaa hin jiru.Kanaafuu, qorannoon kun yakkamtoota hunda irratti kan gaggeeffamaa jiru waan hin taaneef qorannoo guutuu miti. Kun immoo kan maddu loogistiksii fi kutannoon jiru ulfaatina dhimmichaan kan walmadaalu waan hin taaneefi dha. Kanaafuu, yakkicha irratti qaamni duuba taa'ee haala mijeessuu fi hirmaatu kan hin adabamne yoo ta'e immoo seerichi hojiirra oole jechuun hin danda'amu.

Kana malees, yeroo shakkamtoonni qabaman ragoonnis isaanuma waliin haalli itti qabaman ni jiru. Ragoonni (miidhamtoonni) qabaman immoo naannoo biroo ykn godina biroo irraa ka'anii naannoo biroo ykn godina biroo keessatti osoo dallaalaan daangaa biyyaa qaxxaamuruuf deeman qabamuu haalli itti danda'an hedduu dha. Yeroo akkasii hanga galmeen qorannoo qulqullaayee

---

[150] Af-gaaffii obboo Girmaa Taaddasaa, Abbaa Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 20/07/2015 taasifame

[151] Af- gaaffii Obboo Naahoom Waaqumaa, Abbaa Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa waliin gaafa guyyaa 20/07/2015 taasifame,

mana murtii dhiyaatutti dhimmichi guyyoota heddu kan fudhatuu yoo ta'u, miidhamtoota kana tursiisuun barbaachisaa dha. Miidhamtoonni ykn ragoonni kun kan gadi lakkifaman yoo ta'e immoo mana murtiitti dhiyaatanii osoo hin ragin baduu ykn miliquu danda'u waan ta'eef, iddoon tursiisa isaanii jiraachuu akka qabu daataan funaaname ni agarsiisa.[152] Dhimmoota qabatamaan rakkoo ta'an keessa inni kun dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuu dha. Miidhamtootni sababa hubannoo gahaa hin qabneef dhimmicha irratti ragaa ta'uuf fedhii hin qaban. Eegumsii fi kunuunsi ragoota A/Alangaatiif taasifamu laafaa ta'uu, keessumattuu kaffaltiin ragaa baatotaaf kaffalamu baayyee gadi bu'aa ta'uun fi ragootni baasii adda addaaf saaxilamuun kan akka nyaataa geejibaa fi mana ciisichaa gidduu galeessa godhachuun karaa A/A kaffaltiin raawwatamuu gahaa ta'uu dhabuun namootni dhimmicha irratti ragaa ba'uuf akka fedhii dhaban taasisaa kan jiruu dha.

Ragaa osoo hin kennin yoo gadi lakkifaman carraan isaan baduuf qaban baayyee ol'aanaa dha. Kana malees, shakkamtoonni yeroo qabaman ragaa balleessuuf ykn doorsisuuf yaaluu fi seera jalaa miliquuf maallaqaan fi faayidaa addaa addaatiin ragoota/miidhamtoota qabuun ni mul'ata.[153] Iddoon tursiisa yeroo miidhamtoota qophaaye waan hin jirreef, miidhamtoonni yakkoota kanneenii haalli itti yeroo hedduu waajjira poolisii ykn darbee darbee nama dhuunfaa bira itti tursiifaman kan jiruu dha. Iddoon tursiisa miidhamtootaa / ragootaa/ baayyee rakkoo akka ta'e dhimmoota qabatamaa irratti ilaaluun ni danda'ama. [154]

Walumaagalatti, kanneen yakkicha raawwatan qabanii gara seeraatti dhiyeessuuf hojiin teeknoolojiin deeggaramee dhoksaan irratti hojjetamu kan hin jirre ta'uu dha. Kana waan ta'eef, namoota duuba taa'anii yakkoota kanneen raawwatan argachuun rakkisaa dha.[155] Namoota yakkoota kanneen raawwatan adda baasanii seeratti dhiyeessuun hundee rakkinnichaa gogsuuf ammoo hanqinni qulqullina qoranno yakkoota kanneenii muudachaa kan jiru ta'uun adda baheera.

---

[152] Af- gaaffii Obboo Zarihun Bashaanaa, Abbaa Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar waliin gaafa guyyaa 07/06/2015 taasifame.

[153] Akkuma olii

[154] Fakkeenyaaf, Galmee Mana Murtii Olaanaa Godina Baalee, Lak Galmee 32205**,** ta'e irratti miidhamtuun ykn ragaan 1ffaan Naannoo Sidaamaa irraa kan dhiyaattee dha. As irratti hanga miidhamtuun jecha ragummaa keennituutti mana nama dhuunfaa bira turtee jecha ragummaa akka kennitu manni murtii ajaja kan kennee dha.

[155] Af-gaaffii Asladdiin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajira A/A Godina Harargee Bahaa fi Nigaatuu Maammuyyee A/A fi bakka bu'aa dhimma namootaan daldaluu fi seeraan ala nama daangaa ceesisuu godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame. Saaj.Ol'aanaa Tasfuu Taaddasaa, Qorataa waajjira poolisii godina Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.

### 3.3.5. Caasaan Ittisaa fi To'annoo Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan ala Daangaa Ceesisuu irratti Hojjatu Qaamolee Haqaa Keessatti Hundaayuu Dhabuu

Hojiin ittisaa fi to'anno yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu xiyyeeffannoo fi hordoffii cimaa kan barbaaduu dha. Hima biraatiin, qaamolee dhimmicha irratti hojjetan keessatti namni xiyyeeffannoon dhimmicha hordofu jiraachuu kan feesisus ta'uu isaati. Qaamolee haqaa keessas caasaan dhimma kana irratti hojjetuu fi yeroo yeroon ogummaan ittisa yakkichaa cimaa kan deemu ta'uu barbaachisa. Qabatamaan garuu qaamolee haqaa kanneen akka manneen murtii, waajjiraalee abbaa alangaa fi waajjira poolisii keessatti addatti dhimmicha irratti kan hojjetuu fi ogummeessaa deemuu irratti hanqinni ni mul'ata. Inni kun immoo qaamni hojicha hojjetu kan biraa yoo ta'u dhimmicha irratti hubannoo fi leenjii kan fudhatu garuu kan biraa[156] yeroon itti ta'u kan jiru ta'uu isaati. Mana murtii keessatti ammoo leenjiin hubannoolee abbootii seeraaf[157] kan hin kenname akka ta'ee fi garagarummaan yaadaa haala ittisa yakkichaa irratti kan jiruu dha. Qaamole haqaa keessatti yakkoota kana irratti hojjetu akka hundaa'u gochuun faayidaawwan akka dhimmichi xiyyeeffannoon akka ilaalamu taasisuu, yeroo leenjiin hubannoo kennuu jiraatus qaamni dhimmicharratti hojjetu hubaannoo akka fudhatuuf kan gargaaruu dha. kana waan ta'eef caasaan yakkoota namaan daldaluu fi nomoota karaa seeraan alaan daangaa ceesisuu irratti hojii hojjatu hundeeffamuu baatuus ogeeyyi dhimmicha irratti hojjatan bakka buusuudhaan hojjachiisuudhaan dhimmichi xiyyeeffannoo akka argatu gochuu ni danda'amaan yaada qorattooti. Kana taasisuun immoo ogeeyyi dhimmicha irratti bakka bu'anii hojjattan leenjiidhaan gahoomsuudhaafis kan mijatuu dha.

### 3.3.6. Hanqina Too'annoo Balbala Bahiinsaa Daangaa Biyyaa (Lack of Border Control)

Qorannowwan adda addaa akka agarsiisanitti karaalee yakkamtoonni yakka namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti hirmaatan miidhamtoota karaa seeraan alaatiin ittiin daangaa ceesisan adda bahaniiru.[158] Ittisa yakkoota kanaatiin walqabatee mootummaan federaalaa fi kan naannolee karaalee beekkamoo dallaaltonni namoota karaa seeraan alaatiin

---

[156] olitti yaadanno lak.130.

[157] Af-gaaffi Anteenee Girmaa, A/Alangaa Godina Balee kan dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi karaa seeraan alaatiin daangaa ceesisuu irratti bakka bu'e waliin gaafa 29/5/2015 gaggeeffame. Magarsaa Kumsaa A/A Godina Baalee waliin gaafa 30/5/2015 gaggeeffame.

[158] Oliver Bakewell, Kiya Gezahegne, Kelklachew Ali and Caitlin Sturridge (2020), Migration and Migration Management on the Ethiopia/Sudan border: research from Metema, IOM, (2022) Migrating in Search of the Southern Dream – The Experiences of Ethiopian Migrants Moving Along the Southern Route.

daangaa ceesisan xiyyeeffannoon too'achuu dadhabuun isaanii rakkoo guddaa dha.[159] Ulaawwan/balballi bebbeekkamoon godaantonni fayyadamanii biyya keessaa ittiin baafaman karaa Matammaa, karaa Jibuutii ykn Somaalee fi karaa Mooyyaalee fa'aa dha. Karaaleen bahiinsaa kun sirriitti too'atamuu osoo qaban dallaaltoonni namoota karaa adda addaatiin amansiisuun daangaa biyyaa akka qaxxaamuran taasifamanii balaa garaagaraatiif saaxilamaa kan jiranii dha.[160]

Kanaafuu, keellaawwan kanneen irratti gama mootummaatiin too'annoo cimaan osoo kan gaggeeffamu ta'ee yakkoota kana ittisuu fi too'achuu keessatti shoorri isaa laayyoo miti.

### 3.3.7. Rakkoo Jireenyaa fi Hojii Dhabdummaa Furuu Dhabuu

Yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu ittisuu fi too'achuudhaaf wantoota godaansa seeraan alaatiif ka'umsa ta'an irratti hojjachuun furuun barbaachisaa dha. Akkuma beekkamu fi boqonnaa lammaaffaa keessattis ibsamee ture godaansi sababoota dhiiboo fi sababoota harkisoo qaba. Sababoota harkisoo kanneen jedhaman sababoota namoota gara biyya biraatti ykn iddoo birootti ofitti harkisanii dha.Sababoonni dhiiboon immoo haalota namoota ofirraa dhiibuun akka godaanaan taasisanii dha. Sababoonni dhiiboon kun sababoota otoo godaantoonni godaanuuf fedhii hin qabaanne akka godaanaan taasisanii dha. Isaan keessaa akka fakkeenyaatti, rakkoo jireenyaa, hojii dhabdummaa, siyaasaa, beela, walitti bu'insaa fi kanneen biroon godaansi seeraan alaa akka babal'atu kan taasisan akka ta'e hogbarruuwwan ni agarsiisu.[161] Karaa biraatiin isaan kana furuun tooftaa ittisaa fi to'annoo yakkootaa kaneenii ta'uu isaati.

Xiyyeeffannoon mootummaan dhimmoota kanneen furuuf kennaa jiru hanqina kan qabu akka ta'e daataan qorannoo ni agarsiisa.[162] Karaa tarsiimowaa ta'een humna namaa fi baajata jiru adda baasuun jiruu fi jireenya namoota jireenya gadi aanaa jiraatanii akkamiin fooyyessuun akka

---

[159]Af-gaaffii obboo Taammiree Shubbee Qindeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godiana Harargee Bahaa fi Raamzii Bakrii A/S Dhaddacha Yakaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa walin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame

[160] Af-gaaffii, Obboo Siisaay Taaddasaa, Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa Oromiyaatti, Dursaa Garee Bobba'iinsa Hojii fi Ogeessa Godaansa Seeraan Alaa waliin gaafa guyyaa 08/06/2015 taasifame.

[161] Gudetu Wakgari (2014), Causes and Consequences of Human Trafficking in Ethiopia: The Case of Women in the Middle East

[162]Af-gaaffii Zahaaraa Muhaammad Ittigaafatamtuu W/A/A/Godina Jimma fi Waakjiraa Addunyaa Abbaa Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaa waliin gaafa 22/05/2015 gaggeeffame.

danda'amu irratti hojiin hojjetamu laafaa dha.[163] Yeroo rakkoon lammiileerra gahu akkaataa lammiileen itti baraaraman irratti hojjechuu malee dursanii lammiileen godaansaaf akka hin saaxilamne haala jiruu fi jireenyaa fooyyessuu irratti hojiin hojjatamu hanqina kan qabuu dha.

Dabalataan ittisaa fi too'annoo yakkoota kanaatiif bajatni gama mootummaatiin ramadamus ta'ee xiyyeeffannaan hamma rakkinnichaa madaaluu danda'u kennameera jechuun hin danda'amu.[164] Gama tokkoon dhimma hammaataa biyyaa fi lammiilee balaaf saaxilaa kan jiru, gama kaaniin ammoo humna oomishu biyya dhabsiisaa kan jiru kana ajandaa guddaa godhatanii socha'uu irratti hanqinatu jira.[165] Kanaaf, qaamni siyaasaa xiyyeeffannoo dhimmichi barbaadu hin kennineef jechuun ni danda'ama. Kunis agarsiiftuuwwan akka karaa gandaan waraqaa eenyummaa sobaa qophaa'aa jiraachuu, hojiin gama komishinii sodaa balaatiin dhimma kanaaf hojjetamu baay'ee kan hin mul'anne ta'uu isaan ibsuun ni danda'ama.

Wantoota godaansa seeraan alaatiif sababa ta'an keessa inni biraa adeemsi karaa seera qabeessaan godaanuu nuffisiisaa ta'uu isaati. Adeemsi karaa seera qabeesaa kun harkifataa, deddeebiii kan qabu ykn biirookiraasii kan qabuu ta'uun godaantonni karaa seeraan alaatiin godaanuu akka filatan taasisa waan ta'eef, mootummaan dhimmoota kanneen ariifataa taasisuun irraa eeggama.[166]

Walumaagalatti, biyya keenya keessattis ta'ee akka naannoo keenyaatti, ka'umsi godaansa seeraan alaa dhibbentaan ol'aanaan rakkoo diinagdeedhaan walqabatu akka ta'e qorannoowwan yeroo garagaraa qaama adda addaatiin gaggeeffaman kan agarsiisanii dha.

### 3.3.8. Miidhamtoota Deebisanii Dhaabuu Dadhabuu

Miidhamtoota yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu deebisanii dhaabuu fi maatitti deebisuun baayyee barbaachisaa dha. Miidhamtoota biyya keessaas ta'ee kanneen biyya alaa irraa deebi'an of eeggannoodhaan maatii isaanitti deebisuu qofa osoo hin

[163]Af-gaaffii Nugusee Naggasaa Daayirektera Humna Namaa Waajjira Hojjetaa fi Hawaasummaa Magaalaa Shaggar waliin gaafa 7/6/2015 gaggeeffame.
[164]Af-gaaffii Ikrahaam Abdii, Ittigaafatamtuu Waajira Hojjetaa fi Hawaasumaa Godina Harargee Bahaafi Dallelenyi Rattaa Dursaa Garee Bobbahinsa Hojii Waajjira Hojjetaafi Hawaasumaa Harargee Bahaa waliin gaafa 22/5/2015 gaggeeffame.
[165] olitti yaadannoo lak.162
[166] olitti yaadanno lak.148

taane haala barbaachisuun deeggaranii hojiitti kan hin galchine yoo ta'e rakkoon inni miidhamtootaa fi biyya irrattis hordofisiisu waan laayyoo miti. Hojiin deebisanii dhaabuu hojii guddaa fi hirmaannaa qaama adda addaa kan barbaaduu dha.

Deebisanii dhaabuun walqabatee hojiiwwan hedduun karaa ciccitaa ta'een mootummaa naannichaa fi dhaabbilee idil- addunyaatiin kan hojjataman ni jiru. Haa ta'u malee, dhaabbileen adda addaa yeroo gabaabaaf godinaalee muraasa keessatti kan hojjatan malee guutuu Oromiyaa keessatti kan hojjatanii miti. Pirojektiin deebisanii dhaabuu dhaabbileen kun qabatanis yeroo dheeraaf kan turu osoo hin taane yeroo gabaabaaf karoorfamee kan xumuramuu dha. Dhaabbilee idil-addunyaa hojii deebisanii dhaabuu deeggaran keessaa tokko UNICEF yoo ta'u, innis daa'imman deebisee dhaabuu irratti kan xiyyeeffatuu dha.[167] Kunis rakkoon isaa iddoo murtaayaa fi yeroo muraasaaf qofa pirojektii qabamee dha. Manneen hojii mootummaa keessaa hojii deebisanii dhaabuu fi ijaaruu irratti adda durummaan  hojjataa kan jiru Biiroo Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa Oromiyaati.[168] Biiroon Hojjataa fi Hawaasummaa ragaalee barbaachisaa ta'an qindeessee Biiroo Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaatiif erga. Biiroon Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa immoo haala mijeessuun deebitootaa fi hojii dhabdoota qindeessee hojiitti kan galchu ykn deebisee kan dhaabuu dha. Haa ta'u malee, bifa barbaadamuun biiroon kun hojii deebisee dhaabuu irratti hojjataa jira jechuun hin danda'amu. Kun sababa hammi baajata dhimmichaaf qabamuu fi baay'inni namoonni deebifamanii dhaabsifaman wal hin gitneefi dha.[169] Sadarkaa magaalotaa irratti namoota godaansa irraa deebi'an keessaa muraasa gurmeessanii hojiitti galchuun ni mul'ata. Haa ta'u malee, innumtuu malaammaltummaa fi loogiin kan guutamee dha.[170]

Walumaagalatti, namoota biyya alaatii deebi'anis ta'e biyyuma keessatti qabaman iddoo isaan irratti deebi'anii hojii keessa galchuuf biirookiraasiin mootummaa walxaxaa fi nuffisiisaa waan ta'eef, sirni dafee namoota kana gara hojitti galchuu mijataa miti. Hojii deebisanii dhaabuu irratti sirnaan kan hin hojjanne yoo ta'e immoo haalli deebitoonni yookiin miidhamtoonni deebi'anii itti godaanan waan uummamuuf xiyyeeffannoon irratti hojjatamuu kan barbaaduu dha.

---

[167] Afgaaffii obboo Birhaanuu Boggaalaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaatti, Qindeessaa Sagantaa Daa'immanii waliin gaafa guyyaa 08/06/2015 taasifame

[168] olitti yaadanno lak.148

[169] olitti yaadanno lak.148

[170] Af gaaffii  Obboo Asaffaash Roorrisaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immaniitti, Dursaa Garee Koorniyaa, waliin gaafa guyyaa  07/06/2015 taasifame

# BOQONNAA AFUR

## GUNDUFAA FI YAADA FURMAATAA

### 4.1. Guduunfaa

Yakkoonni Namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu yaaddoo addunyaa erga ta’ee bubbuleera. Yaaliin ittisaa fi to’annoo yakkichaas bara 1905 irraa eegalee hanga ammaatti taasifamaa jira. Biyyi keenya Itoophiyaanis ittisaa fi too’annoo yakkota kanaatiif sanadoota idil-addunyaa mallateessuu irraa kaasee hanga Heeraa fi seera biyya keessatti tumuun dhimmicha addatti seera of danda’een bulchuu irra geessee jirti. Itoophiyaan yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu seera yakkaa idilee keessatti bifa gabaabbina qabuun hogganaa kan turte yoo ta’u, yeroo ammaa labsii dhimmicha bitu addatti baasuun fooyya’iinsa adda addaa fiduuf yaala kan jirtuu dha.

Labsiin jalqabaa addatti dhimmicha bulchuuf bahe labsii lak.909/2015 yoo ta’u; labsichi hanqina iftoominaa, seerota biroo waliin walsimuu dhabuu fi rakkowwan namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu haala gaariin kan furmaata kennu waan hin taaneef, labsiin yeroo ammaa dhimmicha bulchu Labsiin Lak.1178/2020 akka bahu ta’eera. Kanummayyuu ta’ee yakkicha akka barbaadametti ittisuu fi too’achuun akka hin danda’amiin qorannoo kana dabalatee qorannowwan gara garaa ni agarsiisu. Waan ta’eefuu yakkoota kanaan miidhaan keessattuu akka Naannoo Oromiyaatti hawaasarra gahaa kan jiru ta’uu isaati.

Wantootni ittisaa fi too’annoo yakkoota kanneenii akka hin milkoofne taasisaa jiran qorannoo kanaan adda bahaniiru. Kanneen adda bahan keessaa tokko hanqina qindoominaati. Hanqinni qindoominaa hojii ittisaa fi to’annoo yakkoota kanneenii irratti dhiibbaa guddaa geessisaa jira. Hojiin ittisaa fi to’annoo yakkoota kanneen qindoomina biyya keessaa fi kan biyya alaa cimaa ta’e kan barbaadu ta’us qabatamaan qindoominni jiru laafaa waan ta’eef, hojiin ittisaa fi too’annoo yakkoota kanaa irratti hanqina guddaan akka jiru hubatameera. Labsiin Lak.1178/2020 qindoominni barbaachisaa ta’uutti amanuun sekteraaleen mootummaa federaalaa dhimmichaaf rogummaa qaban mana maree fi tumsa gamtaa federaalaa jalatti ijaaramuun qindoomanii ittisaa fi too’annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti akka hojjatan kan tumamee dha.

Naannolee keessatti manni maree akka hundeeffamu dirqisiisuu baatus tumsi gamataa hundaa'uu akka qabu Labsiin Lak. 1178/2020 tumeera. Ta'us akka Naannoo Oromiyaatti qabatamaan tumsi gamtaa hundeeffamee jiraatus qindoominaan hojjechuu irratti laafinni kan jiru ta'uu qorannoon kun ni agarsiisa. Dambiin sekteraalee tumsa gamtaa keessatti hammataman walitti hidhee sirnaan akka hojjetan isaan dirqisiisu garuu hanga ammaatti akka Naannoo Oromiyaatti bahee hojirra ooluu dhabuun akka rakkoo tokkootti qorannoo kanaan agarsiifameera.

Wantoota ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneenii irratti gufuu ta'aa jiran keessaa qabxiin biraa dhimma qorannoo yakkoota kanaatiin walqabatuu dha. Qorannoon yakkoota kanneenii akka biyyaattis ta'ee akka naannoo keenyaatti teeknooloojiin kan deeggaramee miti. Gama biraan yakkichi ammoo karaa teknooloojiin deeggaramee kan raawwatamu waan ta'eef yakkamtoota muummee argachuu irratti hanqinatu jira. Kun immoo karaa biraan hundee yakkichaa bu'uurarraa gogsuu irratti hanqinni akka uumamu taasisa. Qorannoo yakkaa keenya teeknooloojiidhaan deeggaramuu dadhabuun isaa sadarkaa yakkamtoonni gahan irra gahuu dhabuu qorannichaa kan mul'isuu dha waan ta'eef, dhimma xiyyeeffannoo ol'aanaan irratti hojjatamuu qabuu dha. Qorannoon yakkoota kanneenii karaa dhokataa ta'een loojistiksii fi humni namaa gahumsa qabu ramadamee fi haala saniin hojjatamuu irratti hanqinni jiraachuu qorannichi ni agarsiisa. Kanaafuu, yakkamtoota ijoo seeratti dhiyeessuun kan hin adabsiifne yoo ta'e immoo yakkoonni kun ni ittifamu ykn ni too'atamu jechuun kan danda'amuu miti.

Xiinxala seeraa gaggeeffameen hanqinni bu'uuraa gama seeraatiin kan hin jirre akka ta'e hubatamera. Ta'us, seericha hojiitti hiikuuf hubannoo walfakkaataan ogeessota dhimmicha irratti hojjetan bira akka hin jirre hubatameera. Kanumarraa ka'uun manneen murtii keessattille dhimmoota walfakkaatan irratti murtiiwwan bifa wal fakkaatinsa hin qabneen murtaa'aa akka jiran qorannoon kun ni agarsiisa. Kun immoo hanqina hubannoo irraa kan maddu ta'uu isaati. Gama hubannoo cimsuuf leenjiin karaa adda addaan kennamaa kan jiru akka ta'es qorannoon kun agarsiiseera. Ta'us haala idilaa'een leenjiin gahaa ta'e kennamaa akka hin jirre ogeessotni qaamolee haqaa kaasaniiru.Qaamolee haqaa keessatti rakkoon hubannoo iddoo hundatti kan mul'atuu dha. Abbootiin alangaa yakkootuma ulaagaa yakkichaa hin guutne labsii kanaan himachuun, qorattoonni yeroo qoratanitti sirnaan qorachuun tumaa labsichaa kam jalatti akka kufu adda baafataanii ulaagaa tumaan seerichaa barbaaduu guutuu, manneen murtiis yakkichaan

namootni adda addaa kan miidhaman yoo ta’e, yakka daddabalamaa taasisuun haala sanaan adabuu irratti hanqinni jiraachuun hubatameera.

Ittisaa fi to’annoon yakkoota kanaa yakkamtoota gochicha raawwatan adabuu qofaan kan milkaayu osoo hin taane xiyyeeffannoo jiruu fi jireenya hawaasaa fooyyessuuf mootummaan hojjetu kan dabalatuudha. Kana irratti xiyyeeffannoon gama mootummaan jiru hanqina akka qabu qorannoon kun agarsiiseera. Mootummaan Naannoo Oromiyaa Mootummaa Federaalaa waliin ta’uun, wantoota akka waliigalaatti godaansaaf ka’umsa ta’an irratti haala barbaadamuun hojjataa akka hin jirre qorannichi ni agarsiisa. Kun immoo, mootumman naannoos ta’e kan federaalaa hojiiwwan hiyyummaa fi hojii dhabdummaa hir’isan irratti xiyyeeffachuu akka barbaachisu akeeka.

Karaa biraatiin, ittisa yakkoota kanaatiin walqabatee to’annoon daangaa hedduu barbaachisaa dha. Gama kanaanis to’annoo fi hordoffiin karaa bahiinsa daangaa biyyaa irratti taasifamu hagas mara akka hin taane qorannoon kun ni agarsiisa. Ulaawwan bebbeekkamoon dallaaltotni fayyadamanii namoota biyya keessaa ittiin baasan sirritti too’atamaa jiraachuu dhabuun ni mul’ata. Faddaaltonni namoota heddu konkolaataan fe’anii yeroo qaxxaamuran lakkoofsa baay’ee muraasa ta’an qofatuu poolisiin qabama. Kun gama Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Mootummaan Federaalaa akkasumas mootummoota naannolee biroon karaalee bebeekkamoo dallaaltonni namoota seeraan ala daangaa ittiin ceesisan irratti xiyyeeffannoon too’achuu dhabuu agarsiisa.

Dhuma irratti dhimmi godaantota biyya alaa irraa deebi’an (miidhamtoota) deebisaniii ijaaruu fi dhaabuun walqabatee jiru xiyyeeffannoon kan hojjatamuu qabuu dha. Sababni isaas godaantonni kun sirnaan kan hin hoogganamne yoo ta’e deemee deemee ammas godaansa seeraan alaa biroof sababa ta’uu kan danda’uu dha.

## 4.2. Yaadota Furmaataa

### 4.2.1. Rakkoo Hubannoon Walqabatu Furuudhaaf

Qorannoon kun labsii ittisaa fi too’annoo yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu Labsii Lak.1178/2020 irratti hubannoon jiru laafaa ta’uu agarsiiseera. Kanaafuu labsicha sirnaan hojiirra oolchuuf hubannoon qaamolee irratti hojjetaniinis uumuun barbaachisaa dha. Hojimaata irratti qorannoo irraa calqabee hanga murtii kennuutti hanqinni hubannoo seeraa waan jiruuf leenjiin hubannoo qaamolee haqaa cimsuun barbaachisaa dha. Kana malees, dhimmichi hawaasa keessatti kan hidda gadi fageeffate waan ta’eef dhimmicha irratti hawaasaaf bal’innaan hubannoo kennuun barbaachisaa dha. Tattaafiin hubannoo uumuu qaama hawaasa adda addaaf kennamaa jiru kanneen akka gumii mana barumsaa keessatti dhaabuun sagantaa adda addaa irratti hubannoo barattootaaf kennuu, kutaalee hawaasa adda addaatiif maree qopheessuun waa’ee namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu hubachiisuun akkuma jirutti ta’ee, irra caalaatti jijjiirrama ilaalchaa hojii irratti jiru akka fooyya’u hojjechuun barbaachisaa dha. Akka waliigalaatti qaamolee dhimma kana irratti hubannoo kennuuf gahee qaban ciminaan irratti hojjechuu feesisa. Mootummaan tooftaa adda addaa fayyadamuun hubannoo hawaasni dhimmicha irratti qabu dabaluun baayyee barbaachisaa dha. Walumaagalatti:

A. ILQSOn qaamolee haqaatiif Labsii Lak.1178/2020 irratti leenjii seeraa ogeessota qaamolee haqaa yeroo yeroon cimsaa yoo deeme ittisaa fi too’annoo yakkoota kanaa keessatti gahee qaba waan ta’eef, leenjii seeraa kennuun hanqina hubannoo hojiirra oolchuu labsicharratti jiru furuun barbaachisaa dha.
B. Hubannoo hawaasaa dabaluun walqabatee, Miidiyaaleen Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan akka Televizsiinii fi Raadiyoo kana irratti karoorfatanii bal’inaan hojjechuun gaarii dha. Miidiyaaleen kun immoo itti waamamni isaanii Biiroon Komunikeeshinii Oromiyaatiifi dha. Kanaafuu, Biiroon Komunikeeshinii Oromiyaa miidiyaaleen kun xiyyeeffannoo ol’aanaa kennanii akka irratti hojjatan qajeelfamaa fi kallattii hojii kaa’uun barbaachisaa dha.

C. Hojii hubannoo uumuu kanas Biiroon Hojjetaa fi Hawaasumaa fi Biiroon Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa hojiin isaa inni guddaa miidhaa yakkootaa kana uummataaf hubannoo uumuu dha waan ta'eef bifa baratameen osoo hin taane hammeenyummaa midhaawwan yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu miidhamtoota dhuunfaa fi biyya irratti qabu gidduu galeessa godhachuun xiyyeeffannoo miidhaawwan kana madaalu taasisuun hubannoo kennuun barbaachisaa dha.

D. Biiroon Barnoota Oromiyaa kaarikulamii barnootaa keessatti dhimmicha hammachiisee sammuu daa'immanii fi dargaggeessaa irratti sadarkaa gadiirraa jalqabee hojjechuu barbaachisa. Kanaanis daa'immanii fi dargaggoonni miidhaa yakkichaa hubannoo gahaa argachaa akka guddatan gochuun ittisaa fi too'annoo yakkichaa irratti gahee guddaa qaba waan ta'eef xiyyeeffannoo kennuufiin barbaachisaadha.

### 4.2.2. Rakkoo Qindoominaan Walqabatee Jiru Furuudhaaf

A. Yakkootni namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu yakkoota gurmaayuun daangaa ceeyan (transnational organized crime) waan ta'anii ittisaa fi to'annoon isaanii qindoomina cimaa gaafata. Biyyoota ambaa waliinis ta'e asuma biyya keessatti mootummaa federaalaa fi naannoo, mootummaalee naannoo fi naannoo akkasumas mootummaa naannoo keessatti qindoomina seektaraalee adda addaa kan barbaaduu dha. Qorannoon kun qindoominni Mootummaa Naannoon Oromiyaa, Mootummaa Federaalaa fi mootummaa naannoolee biroo waliin qabu akkasumas qindoominni miseensota tumsa gamtaalee hanqina qabaachuu agarsiiseera. Hanqinni qindoominaa mootummaa federaalaa waliin jiru kutannoo mootummaan dhimmicha irratti qabu cimsuun furamuu ni danda'a waan ta'eef akka hojii guddaa biyyaa fi lammiilee isaa balaa irraa baraaruutti ilaaluun qindoominaan cimanii irratti hojjechuu gaafata.

B. Sirna mootummaaleen kunniin qindoomanii itti hojjetan irratti akkataa Labsii Lak.1231/2021, Labsii Sirna Hariiroo Mootummaa Gidduutti taasifamuun ta'uu mala. Bu'uura labsii kana kwt.3(2) fi kwt.6 tiin akkaataa barbaachisummaa isaatti seekteraalee

qindoominni waliin barbaachisu gara oliittis ta'e dalgeen qindoomanii hojjechuun murteessaa waan ta'eef, mootummaalee haala sanaan qindomina cimsanii akka irratti hojjetu qorannoon kun ni akeeka. Kanaafuu, Mootummaaan Naannoo Oromiyaa qindoomina kana keessatti gahee isa irraa eeggamu taphachuun barbaachisaa dha.

C. Hanqina qindoominaa kan tumsa gamtaa naannoolee keessatti mul'atu dambii qindoomina sekteraalee tumsa gamtaa jalatti hammatamanii mirkaneessuun gahee hojii isaanii sirnaan akka bahatanii fi hojii ittisaa fi to'annoo yakkichaa sirnaan ibsuun bifa itti gaafatamummaa mirkaneessuun danda'amuun tumuun barbaachisaa dha. Kanaan walqabatee, Wixineen Dambii Mana Maree fi Tumsa Gamtaa Ittisaa fi To'annoo Yakka Namaan Daldaluu fi Seeraan Alaa Daangaa Ceesisuu Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Qophaa'e, Dambii Lak-----/2015 manneen hojii mootumaa fi miti mootummaa garaagaraatiif gahee hojii kan kennee fi qindoominaan dhimma yakkoota namootaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti akka waliin hojjatan kan dirqamsiisuu waan ta'eef, Manni Maree Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa dambicha mirkaneessuu barbaachisa.

### 4.2.3. Rakkoo Qulqullina Qorannoo Yakkaatiin Walqabatu Furuudhaaf

A. Ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneenii keessatti gufuu kan ta'e keessa tokko hanqina qorannoo yakkoota kanneeniin walqabatuu dha. Qorannoon yakkoota kanneenii sadarkaa federaalaattis ta'ee sadarkaa naannooleetti teeknooloojii hammayyaa fi loogistiksii gahaan kan deeggarame akka hin taane hubatameera. Kun immoo hundee yakkichaa bira gahuu irratti hanqina uumee jira. Waan ta'eefuu, ittisaa fi to'annoo yakkoota kanneenii milkeessuuf qorannoo yakkoota kanneeniif xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa dha. Kunis gama mootummaatiin teeknoolojiiwwan qorannoo hammayyaa hundeessuu fi xiyyeeffannoo dhimmichaaf kennuu barbaachisa. Kanas mootummaan federalaa loojistikii fi meeshaale teeknoloojii qorannoo dhimmichaaf barbaachisu qaama qoratu deeggaruun keessattuu naannoleen dhimmicha baay'inaan kan qoratan waan ta'eef deeggarsa gama sanaa taasisuun barbaachisaa dha.

B. Kana malees, qaama dhimmicha irratti hojjatus gahoomsuu (leenjisuu) waan barbaachisuuf baajata kanaaf barbaachisu deeggaruus qaba.

C. Hanqina gama qulqullina qorannoo yakkaatiin jiruuf akkuma labsii ittisaa fi too’annaa shororkeessummaa Labsii Lak.1176/2020 kwt.42 jalatti tumame, sirna qorannoo addaa Labsii Lak.1178/2020 keessattis hammachiisuun gaarii dha. Kanaan walqabatee wixinee seera deemsa falmii yakkaa fi ragaa mootummaa federaalawaa diimookiraatawaa riippuublikii itoophiyaa keessattis dhimmi qorannoo addaa (especial investigation techniques) waan wixineeffameef wixinicha mirkaneessuun rakkinnicha furuun ni danda’ama. Kanaafuu, qaamni seera baastuu biyyattii (Paarlaamaan) Labsii Lak.1178/2020 haala ibsameen fooyyessuun ykn immoo Wixinee Seera Deemsa Falmii Yakkaa fi Ragaa mirkaneessuun barbaachisaa dha. Dabalataan qaamni yakkoota kana qorachuuf aangeeffame dhaabbilee Mana Maree Biyyaalessaa keessatti bu’uura Labsii Lak.1178/2020 kwt.33(3)tiin hammataman kanneen akka [National Intelligence and Security Services] waliin hojjechuun dhaabbileen kunniin qorannoo yakkoota kanneenii keessatti tumsa akka taasisan gochuun rakkoowwan hammayya’uu dhabuu qorannoo yakkaa fi teeknoloojiitti fayyadamuu dhabuun walqabatu furuun namoota yakkoota kana irraatti kallattiin hirmaatanis ta’ee kanneen duuba taa’anii hirmaannaa taasisan seeratti akka dhiyaatan taasisuun barbaachisaa dha.

### 4.2.4. Rakkoolee Jiruu fi Jireenya Hawaasaatiin Walqabatee Jiru Furuudhaaf

A. Mootummaan Naannoo Oromiyaa Mootummaa Federaalaa waliin ta’uun, wantoota akka waliigalaatti godaansaaf ka’umsa ta’an irratti hojjachuun jiruu fi jireenya ummataa fooyyessuun hiyyummaa fi hojii dhabdummaa xiqqeessuuf hojjechuu qaba. Gama kanaan carraan hojii yeroo uumamutti kanneen godaansaaf saaxilamoo ta’aniif dursa kennuun karaa loogii irraa bilisa ta’een hojjetamuu qaba.

B. Hojiin ilaalcha namootni biyya keessatti hojjetanii jijjiiramuuf qaban jijjiiruu irratti hojjechuu akkuma jirutti ta’ee, yoo carraan hojii fooyya’aan biyya alaatti jira jedhamee kan amanamu ta’e lammiileen karaa seera qabeessaan akka deeman Mootummaan Naannoo Oromiyaa Mootummaa Federaalaa waliin ta’uun adeemsa karaa seera qabeessaa salphaa, dhaqqabamaa fi saffisaa ta’e mijeessuu irratti hojjechuun barbaachisaa dha.

### 4.2.5. Rakkoo Too’annoo Daangaatiin Walqabatee jiru furuudhaaf

A. Mootummaan Naannoo Oromiyaa, Mootummaan Federaalaa fi mootummoota naannolee biroo waliin qindoomuun karaalee bebbeekkamoo dallaaltonni namoota karaa seeraan alaatiin daangaa ittiin ceesisan (bahiinsaa fi galiinsaa) xiyyeeffannoo ol’aanaadhaan too’achuun baay’ee barbaachisaa dha.

B. Kana keessatti Komishiniin Poolisii Oromiyaa karaalee gurguddoo ulaawwaan gurguddoo kanatti geessan irratti xiyyeeffachuun sakatta’iinsa konkolaattota irratti taasisuun gahee ittisa yakkaa isaa sirnaan bahachuu qaba.

### 4.2.6. Rakkoo Miidhamtoota Deebisanii Dhaabuutiin Walqabatee Jiru Ilaalchisee

- Biiroon Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa Biiroon Hojjataa fi Hawaasummaa Oromiyaa waliin ta’uudhaan hojii miidhamtoota yakkoota namaan daldaluu fi namoota seeraan ala daangaa ceessisuu deebisanii dhaabuu irratti dhaabbilee miti mootumaa naannicha keessatti hojjetan waliin qindoomuun ciminaan hojjechuutu irraa eegama. Keessattuu Hojiin deebisanii dhaabuu kun gaafa hojjetamu namoota adda baasuudhaan kan dursi kennamuufi qabuuf dursa kennuufi gaafata waan ta’eef, kana irratti xiyyeeffannoo addaan hojjetamuu qabu.

**Maddoota Wabii**

**I. Maqaa Namoota Af-Gaaffii irratti Hirmaatanii**

1. Obboo Abaatee Alaabee, BDHHO tti Qindeessaa Dhimmaa Godaansa Al-Idilee
2. Obboo Abduraazaaq Abdulqaadir, Qinddeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa Baalee
3. Obboo Anteenee Girmaa, A/Alangaa Godina Balee kan dhimma Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Godaansa Seeraa Alaarratti bakka bu'e
4. Obboo Asaffaash Roorrisaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immaniitti, Dursaa Garee Koorniyaa,
5. Obboo Asladdin Ahmadnuur, Itti Gaafatamaa Waajira A/Alangaa Godina Harargee Bahaa
6. Obboo Birhaanuu Boggaalaa, Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'imman Oromiyaatti, Qindeessaa Sagantaa Daa'immanii
7. Aaddee Caaltuu Hasan, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatti, Itt/Gaafatamtuu Waajjira Boordii Dhiifamaafi Mirga Namoomaa fi Tumsa Gamtaa;
8. Ins. Ol.Damisee Maadariyaa, Itti Aanaa Daayirekteera Yakkoota Adda Addaa Komishinii Poolisii Oromiyaa
9. Ins. Milkeessaa Bayyanaa Itt/Aanaa Daayirekteera Ajjeechaa fi Balaa Tiraafikaa Komishinii Poolisii Oromiyaa
10. Obboo Darajjee Fayyee Abbaa Seeraa Dhimmaa Yakkaa MMWO
11. Obboo Dallelenyi Rattaa Dursaa Garee Bobbahinsa Hojii Waajjira Hojjetaafi Hawaasumaa Godina Harargee Bahaa.
12. Obboo Darajjee Daddafoo Abbaa Alangaa Godina Arsii Lixaa
13. Addee Faantaayee Taaddasaa, Daayirektera Daayirektoreetii Baballina Bobbahinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaa;
14. Obboo Gazzuu Baqqalaa,, seeraa Mana murtii Ol'aanaa Godinaa Shawaa Kibba Lixaa
15. Obboo Girmaa Baalchaa, Dursaa Garee Godaansa Seeraan Alaa Waajjira Hojjetaa fi Hawaasumaa Godina Baalee
16. Obboo Girmaa Jootee, Abbaa Seeraa fi Gaggeessaa Dhimmoota Yakkaa MMO Godina Shawaa Kibba Lixaa

17. Obboo Girmaa Taaddaasaa, Abbaaa Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
18. Obboo Geetachoo Guddisaa, Dursaa Garee Bobba'iiinsa Hojii Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaaa
19. Obboo Iyyoob Luullessaa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Sh/Lixaatti Lixaa A/Seeraa fi Gaggeesaa Dhimmoota Yakkaa
20. Obboo Ibsaa Daaksisaa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Sh/Lixaatti A/Seeraa fi Gaggeessaa Kinniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa
21. Aaddee Ikrahan Abdii, Ittigaafatamtuu Waajira Hojjetaa fi Hawaasumaa Godina Harargee Bahaa
22. Aaddee Kaasech Mallasaa, Abbaa Adeemsa Yakkoota Addaa Addaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar
23. Insp. Kaasahun Baamilaak Abbaagaaroo, Qorataa Yakkaa Kutaa Yakkoota Addaa Addaa Waajjira Poolisii Godinaa Arsi Lixaa
24. Obboo Magarsaa Kumsaa, A/Alangaa Waajjira A/Alangaa Godina Baalee
25. Obboo Mahaammand Ziyaad, A/Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromomiyaa
26. Aaddee Mihirat Balaay, Ministeera Haqaatti Dursituu Garee Yakkoota Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu
27. Saaj.ol Mitikkee Geetachoo, Qindeessitu Qorannoo Yakka Dubartootaa fi Daa'immanii Waajjira Poolisii Godina Arsii Lixaa
28. obboo Naahoom Waaqumaa, Abbaa Alangaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
29. Obboo Nigaatuu Maammuyyee, A/Alangaa Godina Harargee Bahaa fi Bakka Bu'aa Yakka Namootaan Daldaluu fi Namoota Seeraan Ala Daangaa Ceesisuu
30. Obboo Nugusee Naggasaa, Daayirektera Humna Namaa Waajjira Hojjetaa fi Hawaasummaa Magaalaa Shaggar
31. Obboo Ramzii Bakrii, A/seeraa Dhaddacha Yakkaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa
32. Aaddee Seenaa Zawudee Abbaa Alangaa Godina Arsii Lixaa
33. Insp. Ol'aanaa Damisee Maadariyaa, Itt/Aanaa Daayirekteera Yakkoota Adda Addaa Komishinii Poolisii Oromiyaa

34. Insp. Milkeessaa Bayyanaa, Itt/Aanaa Daayirekteera Ajjeechaa fi Balaa Tiraafikaa Komishinii Poolisii Oromiyaa
35. Obboo Siisaay Tasfaayee, Qindeessaa Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
36. Obboo Siisaay Taaddesee, Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa Oromiyaatti Dursaa Garee Bobba'iinsa Hojii fi Ogeessa Godaansa Seeraan Alaa
37. Obboo Taammiree Shubbee, Qindeessaa KTAS Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Bahaa
38. Saaj.Ol'aanaa Tasfuu Taaddasaa, Qorataa Yakkaa Waajjira Poolisii Godina Harargee Bahaa
39. Obboo Tolaa Hirkoo , A/Seeraa MMWO Garee Dhimma Yakkaa
40. Obboo Xilaahun Darajjee, Daayirekera Daayirektoreetii Dhimmoota Yakka Adda Addaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigaa Oromiyaa.
41. Obboo Waakjiraa Addunyaa, Abbaa Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaa
42. Obboo Waakjiraa Kumsaa, Abbaa alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/Shawaa Kibbaa Lixaa
43. Obboo Wandimmuu Kabbadaa, Abbaa Adeemsaa Yakkoota Adda Addaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/Shawaa Kibba Lixaa
44. Addee Wubrist Ashannaafii , Abbaaa Alangaa Ministeera Haqaa
45. Aaddee Zahaaraa Muhaammad, Ittigaafatamtuu Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaa
46. Obboo Zarihun Bashaanaa, Abbaa Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar

## II. SEEROTA

1. Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 242/2014
2. Proclamation No.1263/2021, A Proclamation to Provide for the Definition of the Powers and Duties af the Executive Organs of the Federal Democratic Republic of Ehtiopia
3. Proclamation No.1178/2020, A Proclamation to Provide for the Prevention and Suppression of Trafficking In Persons and the Smuggling of Persons

4. Proclamation No. 909/2015, Prevention and Suppression of Trafficking in persons and smuggling of migrants
5. Proclamation No. 1229/2020, Excise Tax Amendment Proclamation Corrigendum 11/2013, Federal Negarit Gazette No. 6 December 2nd, 2020
6. Proclamation No.414/2004, The Criminal Code Of the Federal Democratic Republic of Ethiopia
7. Proclamation No. 923/2016, The Ethiopian Overseas Employment Proclamation
8. Proclamation No.1231/2021, The system of Inter-Govenmental Relations in the Federal Democratic Republic of Ethiopia's Deternmination Proclamation
9. Proclamation No.736/2012, Protocol Against the Smuggling of Migrants by Land, Sea and Air Ratification Proclamation,
10. Proclamation No.737/2012, Protocol to Prevent, Suppress and Punish Trafficking in Persons Especially Women and Children Ratification Proclamation
11. Proclamation No. 1/1995, The Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia,
12. መመሪያቁጥር 563/2013, የፍልሰት ብሔራዊ የትብብር ጥምረት አባላትንና የሥራቡድኖችን አደረጃጀት እና አሰራር ለመወሰን የወጣ መመሪያ
13. Protocol to Prevent, Suppress and Punish Trafficking in Persons Especially Women and Children, supplementing the United Nations Convention against Transnational Organized Crime (2000) ["Anti-Trafficking Protocol"]
14. Protocol against the Smuggling of Migrants by Land, Sea and Air, supplementing the United Nations Convention against Transnational Organized Crime (2000) ["Anti-Smuggling Protocol"]

## III. GALMEEWWAN

1. Falmii Abbaa Alangaa Godina Baalee Vs Himatamaa, MMO Godina Baalee Lak.Galm. 57161
2. Falmii Abbaa Alangaa Godina Baalee Vs Himatamaa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Baalee Lak.Galm. 32711
3. Falmii Abbaa Alangaa fi Himatamaa, MMO Godina Harargee Bahaa, Lak.Galm. 58393
4. Falmii Abbaa Alangaa Godina Harargee Bahaa fi Himatamaa Mahammad Usman, MMO Go/H/Bahaa Lak. Galm. 57161

5. Falmii Abbaa Alangaa Godina H/Bahaa fi Himatamaa, MMO Godina H/Bahaa Lak.Galm. 57441
6. Falmii Abbaa Alangaa Federaalaa Vs Gar. Saajin Ahimaddin Leggasaa, MMWF, Dh. Ijib., Jiildii 16ffaa, Lak. Galm. 96078
7. Falmii Abbaa Alangaa Godina Jimmaa fi Himatamaa, MMO Godina Jimmaa, Lak. Galm. 61204
8. Falmii Abbaa Alngaa Godina Jimmaa fi Himatamaa, MMO Godina Jimmaa, Lak. Galm. 62113
9. Falmii Abba Alangaa fi Himatamaa, MMO Godina Baalee, Lak. Galm.32205
10. Falmii Iyyattoota Gannat Aayyewu N3 fi Waamamaa A/A BAAWO, Dh. Ijib. MMWO, Jildii 11ffaa, lak. Galm.405995

## IV. Kitaabota, Qorannoowwan, Gabaasotaa fi marsariitiiwwan Adda Addaa

- Abebaw Minaye and Waganesh A. Zeleke (2017), Attitude, Risk Perception and Readiness of Ethiopian Potential Migrants and Returnees towards Unsafe Migration.AHMR, Vol.3 No1, January-April 2017
- Bulchiisa Bobbii hojii seera qabeessa jajjabeessuu, Bu’aa Sagantaa, (Finfinnee, Waajjira ILO Biyyoolessa Itoophiyaa, Jibuutii, Somaliiyaa, Sudaan fi Sudaan kibbaa Fi Bakka bu’aa Addaa AU (Gamtaa Afriikaa) fi ‘ECA’2017
- Ethiopia: Hundreds repatriated from Saudi Arabia after 'painful ordeal' https://www.africanews.com/2022/03/31/ethiopia-hundreds-repatriated-from-saudi-arabia-after-ainfulrdeal/#:~:text=The%20Ethiopian%20foreign%20ministry%20has,signed%20between%20the%20two%20countries accessed on 12/5/2022.
- Dejene Girmaa Jaankaa (PhD), A Handbook on the Criminal Code of Ethiopia (Revised Edition) (2021) .
- Gabaasa Hojii Karoora Bara 2015 Kur. 3ffaa Biiroo Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa Keessa Raawwii Hojii Hanga Bitootessa Ji’a Sagaliitti Rawwatam
- Gabaasa Godaansa Addunyaa 2017a, Jeneevaa

- Girum Enkoosaa (2020), Examining Causes and Consequences of Irregular Cross-Border Migration from Ethiopia: The Case of Jimma
- Human Rights and Human Trafficking Fact Sheet No. 36. UNITED NATIONS New York and Geneva, 2014.
- Human trafficking statistics and facts, https://www.developmentaid.org/news-stream/post/130906/human-trafficking-statistics-and-factsaccessed on 11/24/2022.
- International Organization for Migration (IOM), 2021.They Snatched From Me My Own Cry: The interplay of social norms and stigma in relation to human trafficking in Ethiopia
- International Organization For Migration (IOM), Geneva
- International agreement for the suppression of the White slave Traffic, 18 may 1904, entered into force 18 July 1905
- Lamma Magarsaa Wako (2020), Women Trafficking in Ethiopia and its Mitigation: The Case of Arsi Zone, Oromiya
- McAuliffe, M. and A. Triandafyllidou (eds.), 2021.World Migration Report 2022
- Migration: Types and Reasons: http://uki.vdu.lt/wpcontent/uploads/sinergija/EN/geografija/geografija3/ Tekstas%20 Migration,%20%20%C4% AFvadinis%20pratimas.pdf, Accessed at December 14,2022.
- More than 800,000 Ethiopians Migrated abroad over the Past Five Years, https://ethiopia.iom.int/news/over-800000-ethiopians-migrated-abroad-past-5-years-labour-migration-survey-finds
- Population Education: A program of Population Connection: https://populationeducation.org/ why-do-people-migrate-the-4-most-common -types-of-migration/
- Return of Ethiopian Migrants from the Kingdom Of Saudi Arabia Annual Overview 2021.IOM Regional Office for the East and Horn of Africa.
- Smuggling of migrants, the harsh search for a better life www.unodc.org/toc
- Stephen J. Winkler Policy Research Working Paper 9623 (2021), Human Trafficking: Definitions, Data, and Determinants
- Studies of Changing Societies: Comparative and Interdisciplinary Focus Vol. 1'(1) 2012, SCS Journal, 'Human Trafficking and Human Smuggling: Similar Nature and Different Concepts'

- The Federal Democratic Republic of Ethiopia National Report on the Implementation of the Global Compact on migration For the International Organization for Migration (IOM) National Partnership Coalition (NPC) Addis Ababa March 2022
- The ILO Abolition of Forced Labour Convention (Convention No. 105 of 1957)
- United Nations Convention against Transnational Organized Crime. Available at: https://treaties.un.org/pages/ViewDetails.aspx?src=TREATY&mtdsg_no=XVIII - 12&chapter=18&clang=_en
- United Nations New York and Geneva, 2014. Human Rights and Human Trafficking Fact Sheet No. 36.
- United Nations Office on Drugs and Crime.(2016). Global Report on Trafficking in Persons 2016.United Nations Publication, Sales No. E.16.IV.6. Available online at: https://www.unodc.org/documents/dataandanalysis/glotip/2016_Global_Report_on_Trafficking_in_Persons.pdf Accessed on Sept 10, 2016.
- United Nations Office On Drugs And Crime (2021), Toolkit to Combat Smuggling of Migrants.Smuggling of migrants, the harsh search for a better life www.unodc.org/toc
- United Nations Office on Drugs and Crime, Toolkit to Combat Smuggling of Migrants, Tool-1 Understanding the Smuggling of Migrants, July 2010, P.27, https://www.unodc.org/documents/human-trafficking/SOM_Toolkit_E-book_english_Combined.pdf
- Wakgari G. Causes and Consequences of Human Trafficking in Ethiopia: the case of women in the Middle East. International Journal of Gender and Women's Studies. 2014;2(2):233–46.
- World Migration Report 2002
- ሙሉአለምታደሰሀዳ (2013); ህፃናትንከህገ-ወጥ ዝውውር ለመታደግ ይቻል ዘንድ ወይይት ለማድረግ የሚረዳ መነሻ ጹሁፍ

**Maxxantuu**

**Qajeelchituwwan gaaffilee Af- gaaffii**

## I. Biiroolee/Qooda Fudhattootaaf

1. Godaansaaf maaltu nama kakaasaa? [hiyyummaa, carraa hojii dhabuu
2. Godaansaaf akka murteeffatu kan godhu eenyuu? Ofumaa moo dhiibbaa nama biraatiin? [hiriyaa, maatii, faddaaltota]
3. Yakkoota namaan daldaluu fi godaantota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti hubannoon qabdan maal fakkaata?
4. Yakkoota namaan daldaluu fi godaantota seeraan ala daangaa ceesisuu irratti gaheen hojii manni hojii keessan qabu maali?
5. Gahee keessan kana akkamitti bahachaa jirtuu?
6. Yakkoota kanneen too’achuuf wanti gufuu ta’e maali?
7. Yakkoota kanneen too’achuuf qindoominni qaamolee mootummaa gidduu jiru maal fakkaata?
8. Miidhamtoota deebisanii ijaaruuf hojiin hojjatamaa jiru maal fa’aa dha? Reintegration, rehabilitation of the victims? Kana irratti qindoominni qaamolee mootummaa (qooda fudhattootaa) maal fakkaata? Hanqinni fi ciminni jiru hoo maal fa’aa dha?
9. Yakkoota kanneen xiqqeessuuf mootummaa irraa maaltu eeggama?
10. Yakkoota kanneen xiqqeessuufi too’achuuf furmaanni maal jettu?

## II. Af- gaaffii Manneen Murtii

1. Dhimmoota yakka namaan daldaluufi godaantota seeraan ala daangaa ceessisuun walqabatee rakkoon ni jiraa? Rakkoo akkamii?
2. Haalli himannaa fi qorannaa fi ragoota kanneen irratti dhiyaatuu maal fakkaata? Rakkooleen gama kanaan jiran maal fa’aa dha?
3. Abbootiiin seeraa dhimma kana akka ilaalaan addatti leenjiin gahaan kennamaafi jiraa?

4. Dhaddachi dhimma kana ilaaluu ykn abbootiin seeraa dhimma kana ilaalan ramadamuu?
5. Himannaan dhimmoota kanneen irratti haalli itti adabaman maal fakkaata?
6. Rakkoolee jiraniif fumaanni maal ta'uu qaba jettanii yaaddu?

**III. Af-gaaffii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa fi Komishinii Poolisii Oromiyaatiif Qophaaye**

1. Yakkoota namaan daldaluu fi godaantota seeraan ala daangaa ceesisuu irraatti hojiin jiru maal fakkaata? [qorannoo-murtii kennisiisuutti]
2. Qorattoonni adda durummaan qorannoo kana irratti leenjii fi hubannoo gahaa qaban addatti ramadamanii jiruu?
3. Qorannoo fi himannaa yakkoota kanneenii keessatti wantoonni rakkoo guddaa ta'an maali?
4. Sababoonni gurguddoo yakkoota kanaaf ka'umsa ta'an maali fa'aa dha?
5. Dhiibbaan/miidhaan yakkoonni kun hordofsiisaa jiran maal fakkaata?
6. Haalli babal'inna yakkoota kanneenii maal fakkaataa? Dabalaa jira moo hir'ataa jira?
7. Iddoo turmaataa, baasii nyaataa fi dhugaatii miidhamtootaa fi ragoota irratti rakkooleen isin qunnaman jiruu?
8. Haala itti miidhamtoonni deebi'anii gara maatitti makamaniin walqabatee rakkooleen jiran maali? Hoojii deenisaanii ijaaruu waan heddu of keessaa kan qabuu dha (yaala qaamaa fi xiinsammuu, haqa, diinagdeen qarqaaruu, barsiisuu/leenjisuu)
9. Qindoominni qaamoleen biroo qorannoo fi himannaa yakkoota kanneeni irratti isiniif godhana jiraa? Yoo jiraate maal fa'aa dha?
10. Yakkoota kanneen xiqqeessuuf mootummaa irraa maaltu eeggama?
11. Yakkoota kanneen xiqqeessuufi too'achuuf furmaanni maal jettu
12. Gahumsi seerota keenyaa dhimmicha ittisuu irratti maal fakkaata?

**IV. Interviews for Ministry of Foreign Affairs**

1. What are the causes of smuggling of migrants and trafficking in humans in Ethiopia?
2. What are the effects of these crimes in Ethiopia?
3. How the Ethiopian government is working to control these crimes?
4. How do you see cooperative work with other countries to control and prevent these crimes? What are the roles of ministry of foreign affairs in this regards?
5. What are the main hindrances or obstacles in preventing and controlling these crimes in Ethiopia? Is there legal problem or practical problems?
6. How the returnees are being treated in Ethiopia?
7. How do you observe cooperative work of federal government with regional governments?
8. How the right of Ethiopian migrants is protected in other countries?
9. How the returnees are being reintegrated and rehabilitated in Ethiopia?
10. What platform should be applied to control these crimes in Ethiopia? What do you recommend?
11. We also need the soft copy of Recent Reports and statics of returnees, according to the region they come from if it is available.